# XIINXALA WALDIDDAA ASOOSAMA ‘SAFUU’

**MULUGEETAA NIGUSEE WAAQTOLAATIIN**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII**
**JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**SADAASA, 2014/2021**

**FINFINNEE/ITOOPHIYAA**

# XIINXALA WALDIDDAA ASOOSAMA 'SAFUU'

**MULUGEETAA NIGUSEE WAAQTOLAATIIN**

**GORSAAN: ASAFFAA TAFARRAA(PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**SADAASA, 2014/2021**

**FINFINEE/ITOOPHIYAA**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Boodaa**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu barsiisuu guuttachuuf Mulugeetaa Nigusee Waaqtolaa mata duree :Xiinxala Waldiddaa Asoosama ‘Safuu’ jedhu qophaa’ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitii kaa’e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa ________________________________Mallattoo_________ Guyyaa_________

Qoraa keessaa _____________________________ Mallattoo_________ Guyyaa_________

Gorsaa ___________________________________ Mallattoo_________ Guyyaa_________

___________________________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee ykn digirii lammaffaa (MA)

# *Axareera*

*Qorannoon kun mata duree xiinxala waldiddaa asoosama Safuu jedhu irratti xiyyeeffata. Ka'umsi qorannoo kanaa qeeqni asoosama Afaan Orommoo hedduu irratti gama caaculee asoosamaatiin taasifame laafaa ta'uudha. Haaluma kanaan kaayyoo gooroon qorannoo akkaataa ijaarsa waldiddaa asoosama 'Safuu' xiinxaluudha. Kaayyoon gooren asosamichaa;asoosama Safuu keessatti waldiddaan gama xiinsammuun haala kamiin akka dhiyaate ibsuu, asoosama Safuu keessatti waldiddaan alaa barreessaan dhimma itti bahe addaan baasuu, waldiddaan asoosama Safuu keessatti argamu qabatama ummata Oromoo agarsiisuu irratti maal akka fakkaatu ibsuufi ija qeeqa ogumaatin waldiddaan asoosamaa Safuu keessatti became ciminaafi hanqina akkamii akka qabu ibsuudha. Malli qorannoon kun ittiin gaggeeffame mala hasbarruu (textual analysis)dha. Haluma kanaan yaada kaayyolee gooree qorannichaa irratti hundaa'uun xiinxala taasifameen; barreesaan waldiddaa xiinsammuutti gargaareamee asoosama 'Safuu' barreessutu hubatame. Gosootni waldiddaa alaa; kan namaafi namaa, namaafi hawaasaafi namaafi uumaa/uumamaa taasifame asoosamicha keessatti kan tolfame ta'uutu hubatame. Akkasumas asoosamni kun qabatama ummata Oromoo haalaan kan agarsiise ta'uutu hubatame. Ciminni waldiddaan asoosamaa Safuu keessatti became; qabatama ummata Oromoo gama hawaasummaan, dinagdeen, siyaasaa, aadaafi gama amantiin akkaataa barreessaan waldiddaan ijaaree agarsiisuuf yaale baay'ee hawwataadha. Akka hanqinaatti kan argame, waldiddaan asoosama kana keessatti tolfaman walqabatee hin qaari'uu ciccitaadha. Kana malees waldiddaan bocamee kan kalaqaa caalaa kan seenatu caala. Haluma kanaan Barreessaan asoosama 'Safuus' ta'ee, barreessitoonni asoosamaa ofduraaf waldiddaa xiinsammuutti haalaan dhimma bahanii osoo barreessanii, ijaarsa asoosama tokkoof gosootni waldiddaa alaa (waldiddaan namaafi namaa, namaafi hawaasaa, namaafi uumaa/uumamaa bu'uura waan ta'eef, osoo kana xiyyeeffatanii gaaridha, waldiddaa bocan qabatama ummataa karaa agarsiisun osoo tolchanii, waldiddaa kalaqan osoo walqabatee qaari'ee, akkasumas waldiddaa uuman seenaa gabaasuu qofa osoo hin taane, osoo kalaqanii irra caalatti hawwataa ta'a kan jedhu, yaboo dhiyaatedha.*

# Galata

Hunda dura bu’aa bahii na muudate hunda irratti moohicha naaf laatee, fayyaa na taasisuun jalqaba barumsaatii hanga xumura hojii qorannoo kanaatti kan na gargaaree, na xumursiise waaqayyoof galanni haa ta’u.

Itti aansun Jalqaba hojii kanaatii kaasee hanga dhumaatti nuffii tokko malee na gorsaafi naqajeelchaa kan turan gorsaa koo Dr. Asafaa Tafarraa Dibaabaa guddaan galateeffadha.

Itti ansee maatii koo meeshaalee irraa kaasee yaadaan kan na bira dhaabbatan keessattuu haadha manaa kiyya Araggaash Mokonnin na jajjabeessuniifi hanga xumuraatti na cinaa kan turte baay’een si galateeffadha.

Kan itti aanu haadha koo aaddee Alamii Birruu harki kee hanga har’aatti na biraa kan hin hafne; xiiqii ofii hin baratin hafte karaa ana mucaa keetii bahachuuf qabsoon ati goote yoomiyyuu hin dagatamu, kabajaafi ulfina guddaan siif qaba, carraa kanaan galatoomi.

Xumura obboloota koo, firoottan koofi hiriyyoota koo milkaa’ina koo eegaa turtanii garuu yeroon isaa dheeratee na iyyaaffachaa turtaniifi gama dandeessan hundaan na deeggartan galatoomaa kabajamaa.

## Jibsoo

**I. Hiika Jechootaafi Gaaleewwanii**

| T.L | JECHA/GAALEE | HIIKA |
|---|---|---|
| 1. | Oguma | Ogbarruu (literature) |
| 2. | Aartii | Hojii hawwataa(hojii bareedina qabu) |
| 3. | Qirqirsuu | Hoossuu( gammachiisuu) |
| 4. | Sansaka | Ulaagaa (dhaabbii) |
| 5. | Dhama | Mi’aa |
| 6. | Labata | Dhaloota |
| 7. | Sadoommii | Dubbii qolaa (dubbii haalaa) |
| 8. | Dhikkisa | Rukuttaa |
| 9. | Muuxate | Keessaa bahe |
| 10. | Qaari’uu | deemuu(lufuu) |
| 11. | Lixoo | Mismaarii |
| 12. | Ruqiilee | Caaculee |
| 13. | Wixxisan | Tattaafatan |
| 14. | Baannatu | Dhama’uu/Yaaduu/ifaajuu |
| 15. | Mana majaahuu | Mana sagaagalaa |
| 16. | Kulkulfattee | Jibbitee/dulloomtee/ |
| 17. | Ciicuu | Meeshaa aadaa yeroo hirreechaa haati siinqee godhattu |
| 18. | Magante | Akka itti buunee seeratte |

## II. Gabaajewwan

| GABAAJEE | HIIKA ISAA |
|---|---|
| ABO | Adda Bilisummaa Oromoo |
| KKF | Kanaaf Kana Fakkaatan |
| ALA | Akka Lakkoofsa Awurooppaa |
| ALI | Akka Lakkoofsa Itoophiyaa |
| VIP | Very Important Person |
| Dr. | Doktor |
| YKN. | Yookiin |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axareera ........ i

Galata ........ ii

Jibsoo ........ iii

I. Hiika Jechootaafi Gaaleewwanii ........ iii

II. Gabaajewwan ........ iv

Baafata ........ v

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1 Seenduubee  Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ........ 2

1.3 Kaayyoo Qorannichaa ........ 4

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ........ 4

1.3.2 Kaayyoo Gooree ........ 4

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.6 Hanqina Qorannichaa ........ 5

1.7 Qindoomina Qorannichaa ........ 6

BOQONNAA LAMA:  SAKATTA’A BARRUU ........ 7

2.1 Ogbarruu ........ 7

2.2 Gosoota Ogbarruu ........ 8

2.2.1 Asoosama (Fiction ) ........ 8

2.2.2 Asoosamaafi Alasoosamaa ........ 9

2.2.3  Gosoota Asoosamaa (Types of fiction) ........ 10

2.2.4 Ulaagaalee Kitaaba Tokko Asoosama Taasisan ........ 11

2.2.5. Ruqoolee (Caaculee) Asoosamaa (Elements of fiction) ........................................... 14
2.3. Waldiddaa (Conflict) ............................................................................................ 17
2.3.1 Gosoota Waldiddaa (Types of conflict) ................................................................ 19
2.3.1.1 Waldiddaa Keessaa Yookiin Xiinsammuu (Internal conflict) ............................ 20
2.3.1.2 Waldiddaa Alaa (External conflict) ................................................................. 20
2.3.1.2.1 Waldiddaa Namaafi Namaa (person against person conflict) ........................ 21
2.3.1.2.2 Waldiddaa Namaafi Hawaasaa (person against society conflict) .................. 21
2.3.1.2.3 Waldiddaan Namaafi Uumaa/Uumamaa (person against supernatural conflict) ............................................................................................ 22
2.4 Faayida Waldiddaa Asoosama keessatti ............................................................... 23
2.5 Qeeqa Ogumaa ( Literary Criticism) ..................................................................... 23
2.6 Guddina Asoosama Oromoo Ija Qeeqa Ogumaatiin ............................................... 26
2.7. Yaadiddama Qorannichaa .................................................................................... 28
2.8. Sakatta’a Qorannoo Walfakkii .............................................................................. 31
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO ........................................................... 34
3.1. Saxaxa Qorannoo ................................................................................................. 34
3.2. Irraawwatama Qorannichaa .................................................................................. 34
3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ................................................................................ 34
3.4. Madda Ragaalee ................................................................................................... 35
3.5. Mala Funaansa Ragaalee ...................................................................................... 35
3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee ..................................................................................... 35
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE ......................................... 36
4.1 Cuunfaa Seenaa Asoosama Safuu ........................................................................... 36
4.2. Xiinxala Fuula Duraafi Duuba Kitaaba Asoosama Safuu ....................................... 38
4.3. Waldiddaa Xiinsammuu Asoosama Safuu ............................................................. 40
4.4. Waldiddaa Alaa Asoosama Safuu .......................................................................... 43

4.4.1. Waldiddaa Namaafi Namaa Asoosama Safuu ........ 43
4.4.2. Waldiddaa Namaafi Hawaasaa ........ 58
4.4.3. Waldiddaa Namaafi Uumaa/Uumamaa ........ 59
4.5. Ciminaafi Hanqina waldiddaa Asoosama Safuu keessatti Bocame Ija Qeeqa Ogumaatiin ........ 61
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 62
5.1. Cuunfaa ........ 62
5.2. Argannoo ........ 62
5.3. Yaboo ........ 65
Wabiilee ........ 66
Dabaleewwan ........ 69

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee  Qorannichaa

Ogbarruun sammuu ilma namaatin kan kalaqamu; jechoota filatamoon kan ergaa bal'aa dabarsu; miidhaginaan dabaalamee; dhugaafi jireenyi hawaasa tokkoo kan ittiin ibsamudha.

Akka Asaffaan (2009) ibsutti, "Dhumniifi ka'umsi ogbarruu jiruufi jireenya ilma namaati" jedha. Akka yaada kanaatti, walitti hidhamiinsi ilma namaafi ogbarruu cimaa ta'uufi addaanillee bahuu kan hin dandeenya ta'uu agarra.

Asaffaan (2011), Lazar (2009) wabeeffachuun ogbarruu yemmuu ibsu; "Ogbarruu afaan addaatti dhimma kan bahu yookiin afaan guyyuu kan hinfayyadamneefi haala miidhagina qabuun jiruufi jireenya hawaasaa kan mul'isudha" jedha. Akka yaada kanaatti afaan ogbarruu adda kan ta'eefi haawwattummaa karaa qabuun waan hawwaasa keessa jiru kan mul'isu ta'uu agarsiisa.

Akkasumas ogbarruun hojii kalaqaa kan namni dhuunfaa/ gareen kalaqanii barreeffamaan akkasumas bifa doowitiin namootaa dhiyeessanidha. Ogbarruu Oromoo jiran keessaa immoo asoosamni isa tokkodha.

Akka Asaffaan (2009:126) ibsetti, "Asoosamni gaggababoon hinmaxxanfamin sirna Dargii keessa qophaa'uu isaani… fi kitaaboleen asoosama Afaan Oromoo mul'achuu kan jalqaban battaluma kufaatii sirna Dargii booda" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu umriin asoosama Oromoo as dhiyoo ta'uudha. Erga maxxanfamuu eegalee as asoosamni Afaan Oromoo hedduu maxxanfamanii jiru. Haa ta'u malee qixa Afaan birootiin yoo ilaalle ammas kan hafuufi keessattuu gama qulqullina isaatiin sirritti irratti hojjetamuu qaba. Ogumni Oromoo sadarkaa ogumni Afaan biroo irra gahe gahuuf, keessattuu asoosamni Oromoo ulaagaa saayinsii asoosamni tokko guuttachuu qabu guutee qophaa'uu qaba. Yoos dubbistoonni itti gammadanii dubbisuun ergaa darbus hubatu. Akkasumas namoota gara hojii kanaa dhufuuf fedhii qabaniifi dhaloota boriif karaa tolcha.

Asoosamni hojii aartii barreessaan dhugaafi miidhagina karaa qabuun barreeffamaan qopheessee kan dhiyeessudha. Kana malees asoosamni dhugaa addunyaa irra jiru, miidhagina akka goonfatu gochuunifi akka nama haawwatu gochuun dhiyeessa. Hayyoonni ogumaa gooroo isaaniifi baay'ina jechootaa ykn baay'ina fuula isaanii irratti hundaa'uun iddoo garagaraatti qoodu.

Robert (2000) wabeeffachuun Fedhasaan (2019) dameefi maalummaa asoosama gabaabaafi dheeraa akka ibsetti " asoosamni gabaabaan hojii kalaqaa hanga daqiiqaa soddomaa keessatti dubbifamu danda'uufi jechoota kuma kudhanii ol hin taanen kan kalaqamuudha. Asoosamni dheeraan immoo, dubbisuuf yeroo dheeraa kan fudhatuufi seenaan namfakiilee jalqaba hamma dhumaatti ibsuu danda'udha" jedha. Asoosamni Afaan Oromoo dheeraa keessaa warren duraa Kuusaa Gadoo, Dhaamsa Abbaa, Godaannisa, Gurraacha Abbayya, Hawwiifi kkf. Yoo ta'an, kanneen as dhiyoo immoo Arraa Gurbaa!, Imimmaan Maseenaa, Gumaa, Imimmaan haadhaa, Safuufi kkf. fa'adha. Asoosama gabaabaa Afaan Oromootiin barreeffaman immoo Danaa, Imaanaa Jaalalaa, Hirriiba Guyyaa Saafaa, Dungoo Halkan Sanaa, Giimii Ukkaamame,fi Samii lafa jalaa warreen ijoodha.

Asoosamni immoo caaculee adda addaa irraa ijaarama. Caaculee kanneen keessaa waldiddaan isa tokko. "Waldiddaan walitti dhufeenya namfakkiiwwan gidduu, garaagarummaa yaadaa, ilaalchaa, fedhii, sansaka, yookiin eenyummaa, akkasumas kaayyoo irraa ka'uun kan gidduu isaanitti uumamuudha" Birhanu Mathews (2009). Akka yaada kanaatti, namoonni yemmuu yaada, ilaalcha, fedhiifi eenyummaa isaa qofti akka fudhatama argatu yookiin namoota biroo irratti fe'uu barbaadan walitti bu'iinsatu uumama jechuudha.

Asoosamni Afaan Oromoo erga barreeffamuu eegalee yeroo dhiyoos ta'u, yeroo ammaa asoosamni dheeranis ta'ee, gaggabaaboon hedduu namoota hedduun barreeffamaa jira. Barreessitoota asoosamoota keessaa Kumaa Hordofaa isa tokko. Kumaa Hordofaa asoosama 'Safuu' jedhu bara 2014 A.L.A maxxansiise jira.

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas asoosama filatame 'Safuu' keessatti waldiddaa dhiyaatan xiinxaluurratti kan fuulleeffate yoo ta'u, akkaataa ijaarsa waldiddaa 'Safuu' xiinxaluufi waldiddaan akkuma lafee dugdaa asoosamaa ta'e, asoosamni kun gosoota waldiddaa hunda haala barbaachisuun haammatee argamuu isaarratti ta'a.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Asoosama Afaan Oromoon barreeffame hedduu irratti qorannoon ija garagaraatiin gaggeeffamee jira. Haa ta'u malee ammayyuu asoosama Afaan Oromoo qorannoon irratti hin gaggeeffamin jiru. Silaa asoosama Afaan Oromoon barreeffame hunda irratti osoo qorannoon taasifamee hanqinaafi cimina isaa eeramee, barreessitootafi dubbistoota asoosamaaf karaa agarsiisuu

danda'a. Barreessitoonnis hanqina isaanii fooyyeffachuun, cimina isaanii itti fufsiisuun hojii gaarii akka hojjetaniif isaan gargaara. Kanaaf ka'umsi qorannoo kanaa qeeqni asoosama Afaan Orommoo hedduu irratti gama caaculee asoosamaatiin taasifame laafaa ta'uudha. Qorataanis qaawwa gama kanaan mul'atu guutuuf asoosama Afaan Oromoo keessaa asoosama Kumaa Hordofaan barreeffame asoosama 'Safuu' jedhu, akkaataa itti barreessichi waldiddawwan asoosamichaa qindeessee dhimma itti bahe xiinxaleera.

Asoosamni kun kan filatameefis, qorataan asoosama kana dubbisee waan jiruufi hubannoo irratti qaba waan ta'eef. Asoosama kana waldiddaa isaa xiinxaluun haala asoosaan asoosama kana keessatti boce, ciminaafi hanqina asoosamichaa ilaalamuun, barreessaa asoosama kanaafis ta'ee namoota biroo asoosamicha dubbisaniif faayidaa qaba. Kanaafuu, hojii kalaqaa filatame kana keessatti barreessichi gosoota waldiddaa gargaarame, akkaataa barreessichi waldiddaa asoosamichaa itti ijaare xiinxaluun xiyyeeffatameeti qorannoon kun kan gaggeeffame.

Hojii kalaqaa ogbarruu; keessattuu asoosamni yemmuu barreeffamu waldiddaan keessa hin jiru yoo ta'e, dhugummaan isaas ta'ee, dhamni asoosamichaa gadi bu'a. Addunyaan nuti keessa jirru tun addunyaa waldiddaati. Namni asoosama barreessu tokkos waldiddaa hawaasa keessaa kana fakkeessuun hojii kalaqaa isaa keessatti akkaataa qalbii namaa rarraasuufi hawachuu danda'uun dhiyeessuun murteessaadha. Kanaafuu, waldiddaa asoosama 'Safuu' xiinxaluun murteessaa tahee argameera. Haaluma kanaan, gaaffileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebii argatanis kanneen armaan gadiiti.

1. Asoosama, 'Safuu' keessatti waldiddaa gama xiinsammuun haala kamiin dhiyaate?
2. Asoosama 'Safuu' keessatti gosootni waldiddaa alaa dhimma itti bahame kam kamfa'i?
3. Waldiddaan asoosama 'Safuu' keessatti argamu qabatama ummata Oromoo agarsiisuu irratti maal fakkaata?
4. Ija Qeeqa Ogumaatiin waldiddaan asoosama 'Safuu' keessatti bocame ciminaafi hanqina akkamii qaba?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo akkaataa ijaarsa waldiddaa asoosama 'Safuu' xiinxaluudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa:

1. Asoosama, 'Safuu' keessatti waldiddaa gama xiinsammuun haala kamiin akka dhiyaate ibsuudha
2. Asoosama 'Safuu' keessatti gosoota waldiddaa alaa barreessaan dhimma itti bahe addaan baasuu
3. Waldiddaan asoosama 'Safuu' keessatti argamu qabatama ummata Oromoo agarsiisuu irratti maal akka fakkaatu ibsuu
4. Ija Qeeqa Ogumaatiin waldiddaan asoosama 'Safuu' keessatti bocame ciminaafi hanqina akkamii akka qabu ibsuu

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Seenaan dagaagina asoosama Oromoo daran dheeraa ta'uu baatus hojiileen waggoottan kurnan sadii as hojjetaman nijiru. Isaanis, bal'inaan qorannoon irratti geggeeffamee hinmul'atu. Asoosamootafi hojiilee kalaqaa biroo qeequun hojii sana daran ifa gochaafi cimsaa akka deemu beekamaadha. Qorannoon geggeeffame kunis, manneen kitaabaa yuunivarsiitii keessas tahe manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa keessa yoo olkaa'ame, dhaloonni beekumsa ogumaa keessaa fal'aana tokkollee taatu dhandhamuu danda'a jedhamee abdatama. Kanaafuu, faayidaan qorannoo kanaa:

- Barattotaafi barsiistota ogbarruu Oromootiif yaada ka'umsa qorannoo bal'aa tahuu danda'a.
- Waldiddaan asoosama dheeraa 'Safuu' keessatti bocame qabatama ummata Oromoo hagam akka calaqqisiisuuf yaalame ifatti mul'isuuf gargaaruu mala.

- Nammoota firiiwwan asoosamaa kanneen biraarratti qorannoo bal’aa geggeessaniif yaada ka’umsaa ta’uu danda’a jedhamee yaadama.
- Namoota kitaaba asoosamaa kana dubbisanii ergaa barreessaan dabarfachuu barbaade akka quba qabaatan taasisuu danda’a.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Ogbarruun hojii kalaqaa kan barreeffamaan dhiyaatudha. Asoosamni immoo damee oguma barreeffamaa/ogbarruu keessaa tokkodha. Asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman hedduudha. Asoosamoota kanneen hundarratti qorannoofi xiinxala adeemsisuun murteessaa ta’uuyyuu, yeroo tokkotti hunda isaanii irratti xiinxala gaggeessuun rakkisaadha. Akkasumas, yeroo tokkotti firiiwwan asoosamaa mara isaanii irratti xiinxala gaggeessuun ulfaataadha. Kanaafuu, qorannoon kun asoosama Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa asoosama ‘Safuu’ jedhamu kan bara 2014 A.L.A Kumaa Hordofaan maxxansiifame waldiddaa achi keessatti argamu xiinxaluuun hiikuurratti kan daangeffameedha.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti hanqinni qunnameera. Innis, weerarri dhukkuba koroonaa addunyaa muudachuun, barumsi yeroo qabameetti akka hin fixne gochuu bira darbee qorataan akka fedhetti socho’ee ragaa garagaraa barbaachisu, barbaadee argachuu irratti danqaa itti ta’ee jira. Dabalataanis, qorannoo kana haala barbaadameen hojjechuuf hanqinni baajataas na muudatee jira. Akkasumas kitaabileefi ragaan mata duree qorannoon kun irratti gaggeeffame Afaan Oromoon baay’inaan dhibuun hanqina qorannoo kana gaggeessuu keessatti muudatedha. Kan biraa ragaalee kitaaboleefi qorannoowwan digirii lammaffaan mata duree kanaan kallattiin walfakkaatan hojjetaman bal’inaan hin jiran. Haa ta’u malee qorataan of eeggannoo dhukkuba koroonaaf godhamuu qabu taasisuun bakka gahuu qabu gahuun ragaa walitti qabatee jira. Hanqina baajataa muudateef immoo qorataan baajata ramadameefitti karooraanifi haalaan fayyadameera.

### 1.7 Qindoomina Qorannichaa

Qindoominni qorannoo bakka itti hojiiwwan boqonnaa jalqabaa  hanga dhumaatti dhiyaatan akkaataa kamiin akka hojjetaman itti agarsiifamaniidha. Haaluma kanaan qorannoon kun boqonnaa shan ofkeessaa qaba. Boqonnaan tokko seensa yoo ta'u, seensa jalatti kan hammataman seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqinaafi qindoomina qorannichaati. Boqonnaan lama sakatta'a barruu walmaddii mata duree qorannichaan hidhata qabantu dhiyaate. Boqonnaa sadii mala qorannoo yoo ta'u, as jalatti saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, iddattoofi mala iddatteessaa, madda ragaalee, mala funaansa ragaaleefi mala qaaccessa ragaaleetu dhiyaate. Boqonnaa Afur keessatti immoo, ragaalee dhiheessuufi xiinxaluu yoo ta'u, Boqonnaa Shan keessatti ammoo, cuunfaa, argannoofi yaboon qorannichaatu dhihaate.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti barreeffamoota yaadrimeewwan ogbarruu, asoosamaa, waldiddaa akkasumas, qeeqa ogumaa, yaadiddama qorannichaatiifi sakatta'a barruu walfakkiitu dhiyaate.

## 2.1 Ogbarruu

Fedhasaan (2019), Asaffaa (2009) wabeeffachuun maalummaa ogbarruu yoo ibsu "Ogbarruun kalaqa sammuu ta'ee, jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaninis ta'ee barreeffamaan mi'eessee miidhagsee kan dabarsuudha". Akka yaada kanaatti ogumni miidhagina kan qabuufi jechoota guyyuu hin taanen dhama akka qabaatu gochuun kandhiyaatu ta'uu agarra.

Kana malees Asaffaan (2009:20) "ogbarruun dabarsa aadaa ummataafi galmee jiruufi jireenya ilmoon namaa kan namoota hubannoo, beekumsaafi muuxannoo sadarkaa adda addaatti qabaniidha" jechuun ibsee jira. Akka yaada kanaatti, ogbarruun karaa seenaan, aadaan, haalli jiruufi jireenyaa dhala namaa, adeemsa jireenya keessatti beekumsaafi muuxannoo horatan kan ibsu ta'uu agarra.

Fedhasaa (2019:19) itti dabaluun akkas jechuun ibsee jira. "ogbarruun kalaqa sammuu dhala namaa ogummaafi dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasamafi haala jiruufi jireenyaa, akkasumas dhageettii keessoo ofii gaddaafi gammachuu qaban kan ittiin ibsataniidha. Ittuma dabaluun ogbarruun amala nama bashannansisuu of keessaa qaba" jechuun ibsee jira. Yaada oliirra kan agarru ogbarruun kalaqa akka ta'eefi waan hawaasa keessa jiruufi waan keessa nama jiru karaa ittiin ibsamu ta'uu ibsa.

Malaakinee (1999:1) dabaluun ogumni yemmuu ibsu "ogbarruuf hiika kennuun hin danda'amu; ogbarruun muuxannoo jireenya keenya keessatti keessa dabarruudha" jechuun ibsa. Bu'uurri yaada kanaa ogbarruun waan bal'aa abuurame hin dhumne jireenya keessatti muuxannoo nu qunnamu ta'uu agarsiisa. Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee fedhii, gammachuu, hawwiifi kkf haala miidhagaa ta'een hojii ilma namaa walitti qindeessee barruun ykn afoolaan kan mul'isuu ta'uus ni himama.

Zarihuun (1992) ogbarruun yemmuu ibsu "ogbarruun ogummaa namoonni waa'ee ofiifi waa'ee jireenyarratti waan isaanitti dhaga'amu jechootatti fayyadamuun calaqqisiisaan" ta'uu ibsa. Akka

yaada kanaatti ogbarruun karaa waan ofii isaaniifi hawaasa keessa jiraatan keessatti argan jechootaan ibsatan ta'uu agarra.

Ogbarruun hojii kalaqaafi hojii sadaa namoonii dandeettii uumamaan qaban irratti hundaa'uun yookiin giddu galeessa godhachuun, muuxannoo ofiifi dhugaa adduunyaa keessa jiruu irratti hundaa'uun jechoota filatamoo ta'aniifi sadoommii adda addatti fayyadamuun bifa barreeffamaan kan qophaa'udha. Asaffaa (2009:20) "ogbarruun dabarsa aadaa uummataaati. Galmee jiruufi jreenya ilmoo namaa kan namoota hubannoo, beekumsa, muuxannoofi sadarkaa adda addaa qabaniiti" jechuun ibsa.

## 2.2 Gosoota Ogbarruu

Gosoota ogbarruu Fedhasaan (2019), Biraanuu (2009:12) wabeeffachuuun akkasitti kaahe "ogbarruun bakka afuritti qoodama. Isaaniis Asoosama, Walaloo, Diraamaa fi Al asoosama. kanneen jalqabaa sadan ogbarruu argaa yaadaan kalaqaman jalatti ramadamu" jechuun ibsa. Yaaduma kana Fedhasaan, Biraanuun damee ogbarruu sirriitti hin ibsine jechuun qeeqa. Sababni isaas "Al asoosama damee ogbarruu jalatti ramadamuun isaa sirrii miti jechuun, gosootni ogbarruu asoosamaa, walaloo fi diraamaa qofa" jechuun ibsee jira.

### 2.2.1 Asoosama (Fiction )

Asoosamni of ilaalee jiruufi jireenya addunyaa kanaati. Asoosamni hojii kalaqaa sammuu ilma namaa kan asoosaan argaa-yaadasaa keessatti uumuun halluu aartiin miidhagsee dhugaa addunyaa kana gama hawaasummaan, siyaasaanifi diinagdeen jiru ibsachuuf dhimma itti bahuudha.

Hiika asoosamaa irratti hayyoonni yaada garagaraa kahanii jiru. Akka Birhanun (2009:29) ibsetti, "Jechi asoosama jedhu, jecha Laatinii 'fictio'jedhu, kan hiikni isaa yaaduufi ta'uu kan ta'e irraa kan uumamedha" jedha.

Dabalataan, Taarikuu (2016:41). "Asoosamni sanyii ogbarruu barreeffamaa ta'ee, hojii kalaqa sammuu ilma namaa kan bu'a ba'ii hawaasa adunyaa kana keessatti qunnameefi qunnamuu danda'u uumeefi qindeessee bifa qabatama ta'een kan hawaasaaf dhiyeessudha." jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti asoosamni jechuun, hojii namni uumu jiruufi jireenya keessatti waan isa

muudateefi muudachuu danda’u tolchuun qindeessee karaa amansiisaa ta’een ummataaf kan dhiyeessu ta’uu agarra.

“Asoosamni dubbisaa isaa addunyaa kalaqaan uumamte keessa kan galchu, asoosaatiin kan uumame waan ta’eef wanti haaraa ta’eefi hololoon kan barreeffamu gosa boca seeneffama dheeraa kan qabuudha” jechuun Lekaatiriin Lever wabeeffachuun Margaa (2016:15) ibsa. Yaadni kun kan agarsiisu asoosamni barreessaan uumee tolchuun akka dubbisaan hawwate dubbisu gochuun kan dhiyeessudha.

Asaffaan (2009:125) irratti, “Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisuuf dhiyaatudha. Barreessaan asoosama tokko dhugaa jirurratti hundaa’ee amala, sansaka, hubannoofi namoonni hawaasa keessatti qaban sana namfakkoota uwwisee ergaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsaniidha” jedha. Akka yaada kanaatti asoosamni hojii uumee barreessaan dhugaa hawaasa keessa jiru namfakiidhaan golguun nama dubbisuu kan dhiyeessudha.

Fedhasaa Taaddasaa(2019:93) akkas jechuun asoosama hiika itti kenna, “asoosamni argaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul’isuudha. Muudannoofi muuxannoo hawaasni tokko haala jiruufi jireenya keessatti muuxatu mul’isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul’ata.”

Melakneh (2003). " fiction is a means of deepening and enlarging our vision of life" jedha. Akka yaada kanaatti asoosamni, tooftaa mul'ata jireenya ittiin guddifataniifi gad fageenyaan ilaalan ta'uu isaa ibsa jedha.

Akka waliigalaatti yaadoliin hayyoota armaan olitti ibsaman giddu galeessummaan yaada isaanii isaa asoosamni hojii kalaqaa ta’ee, garuu immoo dhugaa hawaasa keessa jiru irratti hundaa’uun uumuun qindeeffamee kan barreeffamee dubbistotaa dhiyaatu ta’u ibsu.

### 2.2.2 Asoosamaafi Alasoosamaa

Asoosamni dameewwan ogbarruu keessaa tokko ta’ee addunyaa dhugaa bu’uura godhachuun ilaalcha barreessaatiin haata’u jedhamee ogbarruu miirawaatiin dabalamee barreeffamuun kan dhihaatuufi tooftaa barreessuu namoonni dhugaa irratti hundaa’uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul’isaniidha.

Alasoomni ammoo, waan hawaasa keessatti raawwatu yookaan gochaan mul'atu yaada barreessaan dhugaa jiru akkuma jirutti lafa kaa'uun kan barreeffamuudha. Haaluma kanaan, barreeffamoonni alasoosamaa jedhaman kanneen akka barruulee, gaazeexaa, kitaabilee barnootaa, barreeffamoota seenaa ta'an maqaa dhahuun ni danda'ama. Karaa biraatiin, barreessaan barreeffama alasoosamaa jechoota mimmiidhagoo gargaaramuu keessatti badaa hin dhiphatu.

Kana yemmuu jennu, barreessichi barrreeffama isaa dhama dhabsiisa jechuu miti. Akka asoosamaa jechoota mimmiidhagoo miira nama harkisanitti baay'inaan hingargaaramu. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan garuu, wanta jiru tokko akkuma jirutti ibsuudha. Kunis, namoonni barreeffama isaa dubbisan kan isaan xiyyeeffatan yaada kallattiin barreessaan dabarsuu barbaade irratti akka fuulleffatan taasisa.

### 2.2.3 Gosoota Asoosamaa (Types of fiction)

Beektonni ogbarruu gosootni asoosama hedduun akka jiran himu. Namoonni tokko tokko asoosamaa ergaasaarratti hundaahuun qoodu; gareen biroo ammoo, baay'ina jechootaa ykn baay'ina fuulasaarratti hundaahuun qoodu. Fedhasaa(2019) immoo "haala bal'iinsarratti bu'uuruun…asoosama dheeraafi gabaabaa jechuun iddoo lamatti qooduu dandeenya" jedha.

**Asoosama Dheeraa:** Asoosamni dheeraan seeneffama dheeraa sammuu barreessitootaan kalaqameefi bifa hololootiin dhiyaatu, yoomessa bal'aa qabu, taatee bakkaafi yeroo dheeraa fudhatufi jaargocha bal'aafi xaxamaa qabuudha. Dubbisanii xumuruufis yeroo dheeraa kan gaafatuufi ergaa bal'aa kan qabuudha. Asoosamni dheeraan Afaan Oromoo hedduudha. Isaanis: Kuusaa Gadoo, Gaaddisaa Birruutiin (1983, A.L.H), Godaannisa, Dhaabaa Wayyeessaatiin(1992, A.L.A), Suuraa Abdii, Kumsaa Burraayyuutiin (1993, A.L.A), Booree Booranaa, Abarraa Hambisaatiin, 1993 A.L.A, Hawwii, Isaayyaas Hordofaatiin , 1995 A.L.A, Gurraacha Abbayyaa, Dhaabaa Wayyeessaatiin, 1996 A.L.A, Dirmammuu, Takilee Qinaaxxiitiin, 1995 A.L.A, Dhaamsa Abbaa, Gaaddisaa Birruutiin, 2002 A.L.A, Tafarii Nugusee, Seenaaf-seexaa, 2008. Toleeraa Fiqiruu, Imimmaan Haadhaa, 2008fi kan kanneen hafan biroo ni eeramu.

**Asoosama Gabaabaa:** Asoosamni gabaabaan faallaa asoosama dheeraa kan ta'e, yoomessa gabaabaa kan qabu, jaargochi isaa xaxamaa kan hin taane, yaadni isaa fulla'ee kan hin qaarineefi

gocha yeroo gabaabaa kan seenessuudha. Asoosama gabaabaa Afaan Oromoo barreeffaman keessaa Danaa, Asafaa Tafarraa Dibaabaatiin, 2002 A.L.A, Imaanaa Jaalalaa, Mootii Abbaltiitiin, Hirriiba Guyyaa Saafaa, Beekaan Gulummaan, Dungoo Halkan Sanaa, Kadiir Sh/Abdulaxiif, Giimii Ukkaamame, Beekaan Gulummaanfi Samii lafa jalaa, Beekaan Gulummaanfi kkf. Eeruun ni danda'ama.

### 2.2.4 Ulaagaalee Kitaaba Tokko Asoosama Taasisan

Kitabni yaada garagaraa irratti barreeffaman hedduutu jiru. Kitaabni "barreeffama seenaa, saayinsii, falaasamaa, xiinsammuufi kkf. Kanneen oguma uumee (ogafaaniifi ogbarruu) jalatti hin ramadamneedha" jedha; Asaffaa (2009). Yaadni kun kitaabni tokko ogbarruu ta'uuf ulaagaa guutuu qabu akka jiru nu hubachiisa. Akka Asaffaan (2009:29) jedhutti, "barruun (kitaabni) tokko ulaagaalee ogbarruu guutuuf ykn ogbarruudha jedhamuuf, akkasumas asoosama jechuuf; Hojii kalaqaa (creative work of mind) ta'uu isaafi miidhagina /naatoo (artistic / aesthetic beauty) qabaachuu isaati" jedha.

**1. Hojii kalaqaa (creative work of mind) ta'uu isaa**

"Ogumi sun wanta qabatama (factual) ta'e tokko akkuma jirutti kan gabaasu miti. Ogumi uumee waan qabatamafi waan qabatama hin ta'inirraa ka'uudhaan yaada uumeefi qindeessee miidhaagsee dhiyeessa. Isaan kun ogbarruu (written lite) ykn ogafaan (oral lite./orature) kan tahaniidha." Asaffaa (2009:29). Akka yaada kanaatti barruun (kitaabni) tokko ogumas ta'ee ogbarruudha jedhamuuf, hojii kalaqa namaa ta'ee, waan qabatamaafi qabatamaa hin taane yaada ofiitiin uumee, qindeessee bifa nama hawwatuun kan dhiyaatu ta'uu agarsiisa.

Asoosamni immmoo dame ogbarruu/oguma barreeffamaa keessaa tokkodha. Kanaaf akkuma armaan olitti hubannetti barruun (kitaabni) tokko asoosama jedhamuuf, hojii kalaqa namaa ta'ee, qabatama jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan agarsiisufi fakkeessuun kan ibsu akkasumas asoon yaada isaatiin uumee qindeessee miidhagsee kan dhiyeessu ta'uu qaba.

**2. Miidhagina /naatoo/ qabaachuu isaa:**

Akka Asaffaan (2009:30) jedhutti, "Afaan (language) ogbarruufi ogafaanii kan miira namaa tuquu danda'uudha. Jechoota muraasaan yaada bal'aa ta'e dabarsuu kan danda'uudha. Ogbarruufi ogafaan dubbii haalawaa (figurative languages) kan guuttameedha." jedha. Akka

yaada kanaatti, itti fayyadamni Afaanii ogbarruu keessattiifi barruu biro irraa adda ta'uu agarsiisa. Haaluma kanaan Afaan asoosamni ittiin barreeffamu kan miira namaa tuqu, jechoota muraasaan yaada bal'aa kan dabarsu, dabalataanis dubbii haalawaa (figurative language) kan guuttame ta'uu akka qabu agarsiisa. Kun ulaagaa kitaabni tokko asoosama jechuunii ittiin dandeenyudha

**3. Caaculee Asoosamaa Qabaachuu Qaba (Elements of fiction)**

Caaculeen asoosama wantoota asoosama tokko asoosama taasisan keessaa isaan bu'uurati. Akkuma manni tokko ijaaramee mana jedhamuuf dhaabaa, dagalee, lixoo, qorqoorroo, dagaleefi asii olee qorqoorroo baatu, balbalaa fi kkf walitti dhufanii mana tokko mana taasisan; asoosamni tokkos asoosama jedhamuuf caaculee asoosama kanneen akka jaargocha, yoomessa, namfakiilee, ija seenessaa, akkaataa, ergaafi waldiddaa irraa ijaaramuu qaba.

Yaaduma kana kan deeggaru Fedhasaan (2019:94) "Seenaa asoosama tokkoo ruqiilee adda addaa torba irraa ijaarama. Isaanis: jaargocha, namfakii, yoomessa, waldidaa, akkaataa, ija seenessaafi ergaadha. …. Asoosama dheeraas ta'u gabaabaa ruqiilee kana of keessaa qaba. Ruqiilee kanneen hubachuun asoosama barreessufis ta'ee xiinxaluuf hedduu barbaachisa" jechuun ibsee jira.

Akkuma yaada kanarraa hubannutti kitaabni asoosama tokko caaculee kanneen hin qabu yoo ta'e, asoosama jechuunii hin dandeenyu. Akkasumas caaculee kanneen keessaa muraasa of keessaa hin qabu yoo ta'e, ulaagaa asoosama isa taasisan irraa hanqata. Kitaabni tokko asoosama jedhamuuf caaculee armaan olitti ibsaman hunda of keessatti qabachuun dirqama.

**4. Nama boohaarsuu, kakaasuufi hawwachuu qaba:**

Amaluma isaatiin ogbarruun nama booharsa, nama kakaasa, nama hawwachaa ergaa dabarsa. Akka Fedhasaan (2019:12) jedhutti, "Afaan ogbarruun ittiin barreeffamu miira nama tuquu danda'a. Jechoota filachuunis barreeffamoota kaani oli. … Afoollis ta'ee ogbarruun barreeffama bifa miidhaginaaf gumaachuun hinqindeeffamne taanan hanqina ni qabaata. Sababnisaa, miidhagina sanatu qalbii hawwata." Akka yaada kanarraa agarrutti, asoosamni tokko kan nama booharsu, kakaasuufi hawwachuu danda'u miidhagina qabaachuu qaba. Miidhagina santu akka nama haawwatu taasisa waan ta'eefi. Asoosamnis amala kana mul'isuu qaba. Namni asoosama tokko dubbisu booharsaa, isa hawwachaafi kaka'uumsa isatti uumaa dubbisuu qaba. Kana yoo

ta'uu baate fedhiin namni asoosamicha dubbisuuf qabu gadaanaa ta'uufi akkuma barruu seenaa tokkootti ilaalama. Kanaaf asoosamni asoosama ta'uuf nama booharsuu, kakaasuufi hawwachuu qaba.

**5. Dhugummaa Qabaachuu qaba:**

Namni asoosama barreessu tokko dhugaa addunyaa irra hin jirre yoo barreesse fudhatama dhaba. Asoosamni dhugaa addunyaa (hawaasa) tokko keessa jiru irratti hundaa'uun yookiin qabatama jiru fakkeessuun dhiyeessa. Fakkeenyaaf asoon tokko qabatama ummata Awurooppaafi Ameerikaa irratti hundaa'uun saba Oromoof asoosama barreessee yoo dhiyeesse dhugaan ykn qabatamni sun hawaasa Oromoo keessa waan hin jirreef, dhugummaa dhaba. Akkaataa saba qopheessinuufi sanaan dhugaa hawwaasa sana keessa jiru irratti hundaa'uun qophaa'uu qaba. Kana yoo ta'uu baate dhugummaa dhaba, dhugummaa yoo dhabe fudhatama dhaba. Kanaaf asoosamni tokko asoosama ta'uuf, qabatamaafi dhugaa hawaasa sanaarratti hundaa'uun qophaa'uu qaba. Yaada kana M.A.R. Habib yoo ibsu,

> *Dhugummaan waan qabatamaa tokkorra dhaabbachuudhaan hojiin ogbarruu tokko ittiin barreeffamudha. Akkasumas tooftaa waan haqa jiru tokko baasanii ittiin mul'isanidha. Keessattuu, haala jiruufi jireenya namoota giddugaleessaa godhachuun dhimmoota kanneen akka: siyaas, diinagdee, aadaa, seenaa, duudhaa, afaan, amantii, hawaasummaa, qaroomina, falaasamaafi ilaalcha hawaasa tokko keessa jiru karaa dhugummaa of keessaa qabuun tooftaa ittiin calaqsiisan akka ta'etti hubatama. Kanaaf asoosamni tokko dhugaa addunyaa irra jiru irratti hundaa'ee barreeffamuu qaba. (M.A.R. Habib,2005)*

Yaadni olii namni asoosama barreessu waan qabatama jiru haala jiruufi jireenya hawaasa keessatti waan taasifamu cufa dhugaa jiru karaa lafa kaahun agarsiisuun ta'uu akka qabu mul'sa.

**6. Dubbii Qolaan Kan Ijaarame Ta'uu Qaba (Figures of speech)**

Asoosamni dubbii qolaatiin faayamee dhiyaachuu danda'a. Sababni isaa dubbistoonni waantoota asoosamicha keessatti argaman xiyyeeffannoo akka itti kennaniif gargaara**.** Akkasumas asoosamni akka nama haawwatu gochuun gaheen isaa olaanadha.

> *Yeroo baay'ee barreessaan jechootni hiika dhanquu akka qabaatan gochuun kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa ruuquun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoodhanis hiika jechoonni kallattiin qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbiin qolaan ibsama. Jechoonni haala kanaan ibsamanis dubbii*

*qolaa jedhamu. Kunniin gosoota ogbarruu sadan asoosama, walaloo,fi diraamaa keessatti mul'achuu danda'u, jechuun ibse. Fedhasaa (2019:155)*

Akka yaada kanaatti, dubbiin qolaa ergaa bifa hawwataafi dhoksaa qabuun dabarsuuf akka gargaaru hubachiisa. Dubbiin qolaa kunniinis gosoota garaagaraa qabu. Isaanis: Akkasaa, Iddeessa, Habalaka, Nameessa, Ukukkubee, Eeyyee mitii fa'adha. Kanaaf asoosamni dubbii qolaa kanneeniin faayamee barreeffamu qaba.

### 2.2.5. Ruqoolee (Caaculee) Asoosamaa (Elements of fiction)

Ruqiileen asoosamaa, caaculee asoosamaa akkasumas firiiwwan asoosamaas ni jedhamu. Caaculee asoosamaa namoonni haala armaan gadiin tarreessu. Qananii (2016:9) caaculee asoosamaa akka armaan gadiitti kaahee jira. "waantootni caacculee asoosamaa jedhamuun beekaman seenaa, sabseena, namfakkii, waldiddaa, yoomeessa, dhaamsaafi kallattii seeneffamaati." Jedha.

Firiiwwan asoosamaa bu'aa bahi jiruufi jireenya hawaasaa bifa miidhagina qabuufi qabatamaa gochuun kaayyoo asoosamichi barreeffameef galmaan gahuuf kan hirmaatanidha. Caacculeen asoosamaa waantoota asoosamni tokko irraa ijaaramaniidha. Seenaan asoosama tokkoo ruqoolee adda addaa irraa ijaarama. Isaanis: sabseena, namfakkii, yoomeessa, Waldiddaa, akkaataa, ija seenessaafi ergaadha. Asoosama dheeraas ta'u gabaabaan ruqiilee kanneen irraa ijaaramu. Ruqiileen kanneen haalaan hubachuun asoosama barreessuufis ta'ee xiinxaluuf baay'ee barbaachisa.

Fedhasaan yaaduma kana, "seenaan asoosama tokko ruqiilee adda addaa torbarraa ijaarama. Isaanis: jaargocha, namfakii, yoomessa, waldidaa, akkaataa, ija seenessaafi ergaadha" jechuun kahe. Fedhasaa (2019)

#### Jaargocha (Plot)

Jaargochi haala seenaa asoosamaa tokko sababaafi bu'aan walqabatee tartiiba ijaarsa gochootati. Askeessatti sababni waan tokkoo jiraachuufi gocha sanarraas bu'aa argamusatu mul'ata. Jaargochi haala gochoonnifi taatewwan seenaa asoosamicha keessatti raawwatan jalqabaa hanga dhumaatti walitti maxxananii fulla'aniifi daandiin waldiddaan namfakiilee irra qaari'uun galma ga'uun jechuun ni danda'ama.

Akkasumas Novakovich (2008:63) sabseenaa yoo ibsu “Plot answers as many as there who, how and why? “ Akka yaada kanaatti sabseenaan, maaltu akka ta’e, haala kamiin akka ta’eefi maaliif akka raawwatame kan mul’isudha jedha.

Alamituufaa, (2011:26). “sabseenaan caasaalee ijaarsa adda addaa qaba. Isaanis: Baniinsa, oldeemsa, finiina, sigigafi furmaata” jechuun ibsanii jiru. Dabalataan Fedhasaa (2019) “caasaalee sabseenaa; saaxila/tuqata, finiina, bantimar, sigigoo/tasgabbii/fi furmaata” jechuun kaahera.

**Yoomessa (Setting)**

Jechi yoomessa jedhu walitti hidhamiinsa jechoota lamaa; yoomiifi eessatti kan jedhu irraa ijaarame. Yoomeessi bakka fakkaattonni ta’iiwwan adda adda itti raawwataniidha. Iddoo kana kan tolchee qopheessee keessa jiraachisu barreessaa asoosamaati. Melakneh (2006) akka ibsutti “yoomessi; yeroo, bakkafi haala ta’iinsi keessatti raawwatame agarsiisa. As keessatti wantoonni gurguddoon sadi xiyyeeffatamanii jiru. Isaanis: yeroo, bakkafi haala hawaasati” jechuun ibsee jira.

**Haala (Social context)**

Haalli hawaasaa haala hawaasni tokko keessa jiraatudha. Aadaa, duudhaa, amalaafi akkaataa itti hawaasni tokko nannoo jiraatu keessatti itti gaggeeffatuufi walitti dhufeenyi hawaasni sun waan naannoo isaanii kanneen lubbuu qabaniifi hin qabne wajjin qaban maal akka fakkaatuu barreessaan asoosama isaa keessatti tolchu/uumu/ kan ilaallatudha. Toora interneetii, https//www.vcestudy guides. Com>t irratti akka ibsametti,

Social context of a text is the way in which the features of the society it is set in impact on its meaning. There are two aspect to social context; the kinds of society in which the characters live, and the one in which the author’s text was produced.

Akka yaada kanaatti, haalli hawaasa haala karaa ittiin hawaasa tokko dhiibbaa inni geessu mul’atuudh. Haalli hawaasaa irratti ilaalcha lamatu jira. Innis garee hawaasa amala ittiin jiraatuu kan agarsiisuufi akkaataa yaada uumun waa maddisiisu jiraataniidha. Itti dabalata toora interneetii, https//www.quora.com>what –does irratti akka ibsametti.

The social context environment, social context, social cultural physical and social setting in which people live or in which something happens or develops. It is the environment of people that surrounds somethings creation or intended audience.

Akka yaada kanaatti, haala hawaasaa naannoo, haala hawaasaa, qaamaa aadaa hawaasaafi iddoo jireenyaa hawaasaa itti jiraatan ykn akkaataa wanti tokko uumamu ykn itti guddatu kan ilallatudha. Haalli, naannoo hawaasaa kan wanta uumamaan hawaasa marsee argamu walitti dhufeenya hawaasa wajjin qabu maal akka fakkaatu kan agarsiisudha.

**Namfakiilee (Characters)**

Namfakiileen akkaataa barreessaan namfakiiwwan itti uumuufi dhiyeessuu akka ta'e Qananiin, (2016) interneetii wabeeffachuun ibse jirra "Characterization process by which fictional Characters are presented developed" jechuun ibsa.

Namfakiileen namoota barreessaan uumufi seenaa asoosama tokkoo raawwatan yookiin seenaan asoosamicha irratti raawwatamuudh. Gahee isaan taphatan irratti hundoofnee namfakiilee iddoo gurguddoo lamatti qooduu ni dandeenya; Isaanis: namfakiilee gurguddoofi xixiqqoodha.

**Ija Seenesssaa (Point of view)**

Kallattiin seeneffamaa haala seenaan asoosama tokkoo ittiin dhiyaatuudha. Milhom (2006:11) "The point of view of a novel is the perspective from which the reader is allowed to view the action and the characters. As a writer there are a number of points of view to choose from and each has its advantages and disadvantages".

Akka yaada kanarraa hubatamutti kallattiin seeneffamaa haala dubbistoonni qooddattootafi wantoota isaan raawwatan akka hubataniif gargaaruudha. Akkasumas kallattiin seeneffama adda addaa kan jiraniifi barreessaan isaan keessaa filatee itti gargaaramuu danda'a. Ija seenessaa kan jedhamu kallattiin/sarara seenaan irra himamuudha. Barreessaan seenaa asoosamaa tokko yeroo qindeessu nama dubbistootatti seenicha himu waliin kalaqa. Innis ija seenessaa jedhama.

**Akkaataa (Style)**

Akkaataan asoosama keessatti akka itti jechoota walduraa duubaan itti tarreessu, fayyadamu, jechi tokko kan biraan walqabachuun yaada ibsu, yookiin haala jechoonni gaalee, gaaleen ciroo,

ciroon hima, himoonni immoo keeyyata ijaaruun yaada barreessaa sana ibsuuf gargaarani. Barreessaan asoosama tokko akkaataa mataa isaatii qaba. Kana jechuun barressaan inni tokko kan biroo irraa adda ta'a jechuu dha.

Akkaataan barreessaa haala mataa isaatiin ittiin barreessudha. kunis barressitootni akkaataa barruu asoosamaa yookiin gosa ogbarruu biroo ittiin dhiyeessaniin gargar ta'uu isaatiifi ak-barruu addaatti ittiin beekaman qabaachuu isaanii agarsiisa. Sunis akkaataa barreessaan jechootaafi gaalee, filatu ta'ee, akkamitti akka inni qaama himaafi keeyyatootatti itti qindeessufi seenaa balballoomsu of keessaa qabudha.

**Ergaa (Message)**

Asoosaan tokko kaayyoon inni asoosama barreessu waan itti dhagahame gammachuu, gadda, quuqqaa, wal'aansoo jireenyaa, dhiibbaa siyaasaafi k.k.f ittiin ibsachuuf dandeetti qabutti fayyadamuun ibsata. Kaayyoon asoosamni barreeffamuufis ergaa hawaasaaf dabarsuudha. Yaaduma kana kan cimsu Fedhasaan (2019), "Barreessaan dhaamsa tokko dabarsuuf asoosama kalaqa. Dhaamsi inni dabarsuu barbaade sunis ergaa jedhama. Ergaan yaada ijoo asoosamaati. …ergaan ofdanda'ee as bahuun hin barreeffamu dhokataadha…. Jiraachuunsa dhoksaan dhimmoota birootiin maramee dubbistootaaf dhiyaata." jechuun ibsa. Kanaaf akkuma yaada armaan olii irraa hubannuu, barreessaan dandeettii uumamaan qabutti fayyadamee bifa bareedina qabuufi nama haawwatuun asoosama barreessuun duuba isaatiin ergaa dabarfata.

**2.3. Waldiddaa (Conflict)**

Hiika waldiddaa/waldhabbii irratti hayyoonni yaada garagaraa kaahanii jiru. Waldiddaan waldhabdee yookiin walitti bu'iinsa qaama lamaafi sanaa olii gidduutti kan taasifamu akkasumas namni tokko yaadni lama isa keessatti waliin yemmuu uumamuudha. Kun immoo ijaarsa seenaa asoosama tokkoo keessatti shoora guddaa kan qabuufi dagaagina seenaa asoosamaa gara fuulduraatti akka tarkaanfatu taasisuun asoosamatti humna gochuun akka lafee dugdaatti tajaajila. Yaaduma kana Alamituufaa, (2011:44) "Waldiddaan, walfalmii namfakkii muummeefi humnoota biroo gidduutti mul'atuudha." Jedhu. Kanumatti dabaluun Fedhasaan (2019) "Waldiddaan seenaa asoosamaa keessatti walitti bu'iinsa namfakiilee gidduutti uumamuudha." jedha.

Akka yaada kanaatti, jiruufi jireenya keessatti namoonni beekanis ta'ee, osoo hin beekin nama biraatiin walitti bu'a, asoosanis dhugaa lafa jiru kana namfakiiledhaan bakka buusee dhiyeessa. Isa kanatu waldiddaa ta'a jechuudha. Addunyaan asoosamaa gaaddidduu addunyaa dhugaa kanaa waan ta'eef, namfakkiileen addunyaa asoosamaa keessa jiranii waantoota jireenyaaf isaan barbaachisan argachuuf walitti bu'uun isaanii waan oolu miti.

Misgaanuu (2012: 24-25) yaada kana yoo ibsu, jireenya dhugaa keessatti namoonni bu'aa bahii jireenyaa baay'ee wajjin wal'aansoo taasisa. Wal'aanson taasifamu immoo jireenya keessatti waan barbaachisu guuttachuuf ,innis fedhii nyaataa, uffataa, manaa kanneen biroo guuttachuuf namoota garagaraa waliin walitti dhufeenyi/hariiroon ni uumama. Walitti dhufeenya keessaatti immoo waldiddaan hin dhibu. Kanaaf asoosamni immoo dhugaa jireenya guyyuu keessatti ta'u waan ibsuuf waldiddaa kanarraa bilisa hin ta'u.

Akkasumas Zarihuun (1992:172) fakkaattonni adunyaa asoosama keessatti bocaman seenaa asoosamichaa walitti dhufeenya walii walii isaanii gidduutti uumamu irraa kan ka'e komii/mufannoo akkasumas waliigaltee dhabuu garagaraa keessa galu. Waliigaluu dhabuu kanarraa kan ka'e jibba uumamutu waldhabbii jedhama. Humnoonni wal-morkatan/morman wal'aansoo isaan gidduutti taasifamu inni tokko isa biraa moo'uuf, kan biraa kuffisuuf yookiin kan biraarratti olaantummaa qabaachuuf yoo ifaaju, inni biraa immoo akka hin moo'amne akka hin kufne kana malees akka hin caalamne wal'aansoo yoo taasisu waldhabbitu uumama.

Yaadichi adeemsa waliin jireenyaa keessatti walitti bu'iinsi kan hin dhibnee ta'uufi namoonni olaantummaa qaama biraa irratti qabaachuu yoo barbaadaniifi qaamni olaantummaa irratti qabaachuu barbaadamus fudhachuu yemmuu didu gidduu isaanitti waldhabbiin kan uumamu ta'uu agarsiisa.

Dabalataan Fedhasaan; Zaruhuun (1992) wabeeffachuun, "waldhabbiin namfakkiileen walmorkii keessa seenan keessaa ba'uuf yoo ciniinsifatan, kan biraa yoo isaan danqu ammas, deebi'anii jalaa ba'uuf yoo wixxisan kan uumamu dhimma ijoo seenaa asoosama tokkoo utubuu" jechuun kaahera.

Gara biraatin waldiddaan, walitti bu'iinsa namfakii guddaa/qooddataa guddaa/fi namfakiilee xixiqqaa gidduutti taasifamuufi dhiibbaa namfiikkii guddaarraa namafakkii xixiqqaan gahu ta'u akka malu ibsama. Itti dabaluun Fedhasaan (2009), "ijaarsa seenaa keessatti walmormiin

namfakiiwwan gidduutti uumamu waldiddaa jedhama. Waldiddaan dagaagina seenaa gara fuulduraaf bu’aa guddaa buusa. Waldiddaan hin jiru taanan seenaan gara fuulduraatti deemuuf humna hin horatu. Waldiddaan lafee dugdaa asoosamaati kan jedhamuufis kanumaafi” jechuun ibsee jira.

### 2.3.1 Gosoota Waldiddaa (Types of conflict)

Gosoota waldiddaa irratti yaada hayyootaa kitaaba garagaraa irratti bifa garagaraan dhiyeessu. Haaluma kanaan Cuddon (1982) immoo waldhabbii akaakuu sadiitti qooduun kaa’a. inni duraa wadhabbii namaafi qaama addunyaa yookiin namaafi humna uumamaa jidduu bakka bu’a. Kan lammaffaa waldhabbii namaafi nama gidduu, kan gooban galeessafi carraati. Kan sadaffaa waldhabbii keessoo yookiin kan xiinsammuuti.

Dabalataan Misgaanuun (2012:25,26) waldhabbiin akaakuu garagaraa qaba, kunis inni tokko waldhabbii qooddattoota gidduutti uumamu, kan lammataa kan qooddataan ofuma isaa waliin taasisuufi waldhabbii uumama waliin taasifamudha. Kana malees Berhanu (2009:42) gosootni waldhabbii shanitu jira jedha. Isaanis waldhabbii namaafi ofii isaa, namaafi namaa, namaafi hawaasaa, namaafi uumama, namaafi uumaa(waaqati) jedha.

Dabalataan Toorri intarneetii htt//ww.nownoval.coms,blog akka ibsetti gosoota waldiddaa iddoo garagaraatti qoodu.

> *the six types of conflict; person against person this is the most common types of conflict both in fiction and in life and it can form the basis of main conflict in your nive person against nature, person against self, person against society, person against supar natural and person against technology*

Akka yaada kanaatti waldiddaa iddoo jahatti kan qoodu yoo ta’u. Isaaniis waldidaa namaafi namaa ,waldiddaan kun yeroo baay’e kan beekamu asoosama keessatti waldiddaa deddeebi’uun mul’atuudha. Kan lammaaffaa waldiddaa namaafi uumama, waldiddaa namaafi hawaasaa, waldaa namaafi uumaa, waldiddaa namaafi teeknoolojii jechuun kaahe jira. Fedhasaan (2019) waldiddaa gosoota gurguddoo lamatti qooduun kan namni yaada isaan walmormuu yoo ta’u, waldiddaan alaa waldiddaa namaafi namaa, waldiddaa namaafi hawaasaa, waldiddaa namaafi uumaa/uumama jechuun kaahe.

#### 2.3.1.1 Waldiddaa Keessaa Yookiin Xiinsammuu (Internal conflict)

Waldiddaan keessaa nam-fakkiin tokko yeroo sammuusaa waliin walitti bu'u uumama. Keessumaa hayyudureen kaayyoosaa fiixaan baafachuurraatti yeroo baay'ee sammuunsaa bakka lamatti qoodamuu maluufi yeroo kana nan raawwadhaafi hin raawwadhu jechuun karaan dhanquu /bal'oo ta'ee itti dhufa. Mormiin yaadota lamaanii walqixa ta'uun mormii cimaa keessa seena sammuun nam fakkiilee biroo keessatti haalumaa kanaan waldhabdeen uumamuu danda'a. Fedhasaa (2019:106-107)

Haala kanaan namfakkiileen gara itti goran dhabanii dhaabbatanii ofitti falmuu, ofiin haasa'u, dubbistoonnis murtoo dhuunfaa irra dhaga'uuf wargamu. Dubbisaanis, itti gammadu yookiin ni gaddu. Kanaafuu waldiddaan keessaa sammuu dubbistootaa hawwachuu keessatti ga'ee taphatu olaanaadha, jechuudha. Keessattuu waldiddaan xiinsammuu asoosama keessatti goobangaleessa/tti irratti baay'achuu mala. Kanaaf immoo sababni asoosama keessatti gochi hedduun goobangaleessan waan raawwatamuufi. Kanamalees goobangaleessi waan raawwachuuf ka'e yemmuu filannoon yaada itti baay'atu kana godhu, san godhuu jechuun sammuu isaa keessatti yaadan yoo walfamu uumamauu danda'a. Dabalataanis waan kaayyeffate tokko raawwachuufi dhiisuu irratti yaadni isaa dhiphatee waldhabuu danda'a.

Gama biraan waldhabbiin xiinsammuu yeruma hunda goobangaleessa qofarratti hin uumamu, namfakiilee biro irrattisa mul'achuu mala. Yaaduma kana Fedhasaa (2013) akkas jedha,

> *sammuu namfakiilee keessatti haaluma kanaan waldhabdeen uumamuu danda'a. Haala kanaam namfakiileen gara itti goran dhbanii dhaabbattanii ofitti falmu, ofiin aasa'u. Dubbistoonnis murtoo dhumaa irraa dhaga'uuf wargamu. Dubbisaanis itti gammaduu yookiin ni gaddu. Kanaafuu waldiddaan keessa sammuu dubbistootaa hawwachuu keessatti ga'e taphatu qaba jechuudh.*

Yaadichi waldiddaa xiinsammuu goobangaleessa qofa irratti kan mul'atu osoo hin taane fakkaattonni xixiqqoonis asoosama keessatti beekanis osoo hin beekin waldhabbii keessa kan seenan ta'uu agarsiisa.

#### 2.3.1.2 Waldiddaa Alaa (External conflict)

Waldiddaan alaa kan jedhamu mormii namfakkii tokkotti (keessumaa hayyudureetti) namaafi naannoo isaa irraa itti ka'uudha. Waldhabdeen uumamuu sammuu ofii wajjiin osoo hin taane namfakkii yookiin wantoota biroo waliini. “Akka kanaan waldiddaa alaa gosa saditti qooduu

dandeenya. Isaanis: waldiddaa namaafi namaa, waldiddaa namaafi hawaasaafi waldiddaa namaafi uumaa/uumamaati” jechuun, Fedhasaan (2019) ibsee jira.

### 2.3.1.2.1 Waldiddaa Namaafi Namaa (person against person conflict)

Waldiddaan namaafi namaa waldhabdee namfakkiifi namfakkii gidduutti uumamuudha. Waldiddaan haala kanaan uumamu yaada walbaduufi yaadaan waldhabuurraa madda. Walsimannaa yaadaa dhabuurraa kan ka’es waldiddaan uumama. Haalli akkanaa hayyu dureefi masaanota gidduutti uumama.

Sababni isaas masaanonnu guyyaa hundumaa, kaayyoo hayyu duree gufachiisuuf baannatu. Sana gochuufis tarsimoo baafatu. Kun yoo fashalaayes abdii hin kutatan amma addunyaa sanarra isa dhabamsiisanitti ifaaju. Gochi isaan raawwatan kun immoo sammuu dubbistoota baay’ee dhiphisaa. Maaltu ta’innaan otoo muddamanii seenicha dubbisanii xumuru. Kanaafuu, waldiddaan namaa fi namaa kun seenaa fuuldura deemsisuuf ga’ee olaanaa taphata jechuundha.

Zarihuun Asfawu (1992). “Waldiddaan namaafi nama gidduutti raawwatamu yoo ibsa; namooti kun lamaan adda addummaa amantii, fedhii, kaayyoo yookiin ejjennoo qaban, akkasumsa sababa addaa addummaa akkaataa ittiin yaadaniifi sanyii (lammummaa) tiin kan uumamanidha” jedha.

Akka yaada kanaatti namoonni yaadafi fedhii wal fakkaatan yoo qabataniifi eenyummaa ofii caalchifachuun kan biroo yemmuu xiqqeessan falmiitu gidduu isaanitti ka’a. Garaagarummaan gidduu isaanitti umamu kun immoo waldhabbiitti isaan geessa.

### 2.3.1.2.2 Waldiddaa Namaafi Hawaasaa (person against society conflict)

Waldiddaan gosa akkanaa mormii namfakkiin tokko aadaa duudhaa, heerafi seera hawaasa keessa jiraatuu waliin godhuudha. Namni yeroo dhalatu kaasee fedhii dhuunfasaa akka qabu hayyoonni xinsammuu ni dubbatu. Aadaafi duudhaan hawaasni ittiin jiruusaa qajeelfatu ammoo fedhii dhuunfaa sana daangeessuu danda’a.

Yeroo kana namfakkiin tokko duudhaa, aadaa, haala jireenya hawaasaa fudhachuu dhiisuun diddaa uuma. Yaadaafi ilaalcha hawaasaa balaaleffatee, kan fedhe raawwachuuf walfalmanuudha. Sun ammo hawaasa wajjiin walitti isa buusa. Haala kanaan waldiddaan namfakkiinifi hawaasaa gidduutti dhalata jechuudha.

Misgaanuun , (2012:25), waldhabbii hawaasaa akkasitti ibsa;

> *Waldhabbiin hawaasaa kun qooddataafi hawaasa gidduutti uumamuudha. Namni tokko yookiin gareen tokko duudhaa, aadaa walumaagalatti haala jireenya hawaasa tokkoo balaaleffachuutiin yookiin fudhachuu dhiisutiin hawaasa sanaan waldhabuu danda'u. Haala kanaan qooddataan duudhaa hawaasaa jijjiirudhaaf yeroo itti kutatee ka'utti, inni haaraan isa durii irratti olaantummaa argachuuf inni durii immoo bakka qabu irraa cimee dhaabbachuuf tattafata. Tokko kuffisuuf inni kan biraa immoo jabaatee dhaabbachuuf socho'a.*

Yaadichi waldhabbiin hawaasaa garee hawaasaa garagaraa gidduutti kan raawwatamu ta'ee, hawaasni tokko garee hawaasa biro irratti dhiibbaa yemmuu gaggeessufi olaantummaa irratti qabaachuf yemmuu socha'u kan uumamu ta'uu agarra. Kana malees waldiddaan akkasii namfakiin garee hawaasa waliin waldhabuunis uumamuu danda'a.

### 2.3.1.2.3 Waldiddaan Namaafi Uumaa/Uumamaa (person against supernatural conflict)

Addunyaan kun taatee uumamaan too'otamtee jirti. Humni cimaan ishee hoogganis bakka hunda jira. Balaan uumamaan dhufus sanaan uumamaan walqabatee jireenya dhala namaa darara. Beelli, balaan qilleensa, balaa roobaa, gogiinsi, cabbiin, kirkirri lafaa, dhukkubniifi wantoonni kanaan walfakkaatan kaayyoo dhala namaatti gufuu ta'uu danda'u. Namoonnis kana dandamachuuf bu'anii ba'u, kunis waldiddaa isaan uumaafi uumama waliin godhan mul'isa.

Asoosama keessatti waldiddaan akkasii uumamuu danda'a. Fakkeenyaaf masaanonni godhachuu hayyu duree jibbu haa jennu. Inni garuu tattaafatee godhachuun midhaan ooyiruu isaarraa lalisee mul'atutti gammadaa otoo jiruu, bokkaan cabbiin walmake roobee daaraa bade godhee deema (sokka). Yeroo kana hayyudureen uumaasaan waldhabuu jalqaba. Kana malees "Iyyoomee maaliif namaa gadi naa goote" jechuun waaqatti gunguma ta'a. waan hundaafuu waldiddaan haala kanaan uumamu kan namaafi uumaa jedhama.

Misgaanuun, (2012:26), waldhabbii namaafi uumamaa yoo eeru; " Akaakuun waldhabbiin kun kan uumamu yeroo namni jiraachuuf jecha hariiroo morkii qabu uumaman garagaraa waliin godhuudha" jedha. Akka yaada kanaatti namoonni adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti tattaaffi jireenya fooyyeffachuuf taasifamu keessatti wantoota uumama ta'an waliin walitti bu'iinsa uumamu akka ta'e agarra. Fakkeenyaaf namni tokko osoo qottoodhaan muka muru miila yoo of muru, jijjiiramni haala qilleensaa yemmuu oomisha qotee bulaa irratti miidhaa geessufi kkf eeruun ni danda'ama.

## 2.4 Faayida Waldiddaa Asoosama keessatti

Waldhabbiin ijaarsa asoosamaa keessatti gahee olaanaa kan qabuufi akka lafee dugdaatti kan tajaajilu ta'uutu dubbatama. Asoosamni waldhabbii malee ijaaramuun ni rakkisa. Addunyaan irra jiraannu addunyaa waldiddaan guutamteedha. Inumaayyuu yeroo tokko tokko waldiddaan uumama yeroo jedhamu ni dhagahama. Kanaaf waldiddaan yeroo hundaa bakka hunda kan jiruufi kan itti fufus ta'uu agarra. Kanaaf namni asoosama barreessu waldiddaa malee barreessuun nirakkisa. Fedhasaan, (2013:81), " Waldhabbiin qindaa'ina asoosamaa keessatti bu'aa guddaa qaba. Akka dubbistoonni xiyyeeffannoon seenichaa dubbisan haala mijeessuun gatii asoosamichaa olkaasa. Waldhabbiin hin jiru taanan seenan kamillee asoosama ta'uu hin danda'u".

Akka yaada kanaatti asoosama tokko asoosama kan taasisan keesaa waldhabbii akka ta'eefi asoosama tokko asoosama kan jechisiisu waldhabbii akka ta'e agarsiisa. Dimshaashaan faayidaan wadhabbii; seenaan asoosamaa humna akka godhatuufi gara fuulduraatti akka deemuu gahee olaanaa taasisa. Asoosamni tokko waldiddaa keessa hin jiru taanan seenaan asoosamichaa gara fuulduraatti imaluu irratti gufuu itti ta'a. Dabalataan dubbistoonni asoosamaa murtoo dhumaarra ga'uufa akka wargaman taasisuu bira darbee kanatti aanee maaltu ta'inna jechaa hanga xumuraatti dubbisanii akka xumuran taassisa. Kana malees asoosama dubbisan akka itti gammadan yookiin itti gaddan taasisun sammuu dubbistootaa keessatti yaadannoon akka hafu taasis.

## 2.5 Qeeqa Ogumaa ( Literary Criticism)

"Jechi qeeqa (criticism) jedhu jecha afaan Giriik durii 'Kirites' jedhamurraa kan dhufe yoo ta'u, hiikni isaas madaaluu akka jechuuti" jechuun (Habib, 2005) wabeeffachuun Asaffaa ( 2011) ibsa. Ogumni qeeqamuu kan jalqabe bara qaroomona Girikii kaasee akka ta'e hayyoonni ogbarruu tokko tokko ragaa ba'u. Isaan keessaa Dutton, (1984:15) qeeqni oguma jarraa 18ffaa dura eegale jedha. *''...Any criticism written before approximately 1800 may be understand criticism of creative literature in general''* jedha.

Yaadni olii, seenaan jalqabbii qeeqa oguma walaloo qeequun wal-qabata. Innis hanga hojiin kalaqaa asoosamaa jalqabutti walaloon akka ogummaa kalaqa walii galaatti ilaalama kan ture

ta'uu mul'isa. Haala kanaan qeeqni jaarraa 18ffaa dura qeeqa walaloo ture qeeqa barruu kalaqaa hunda akka haammatutti fudhatamaa ture.

Akkasumas M.A.R. Habib akkas jedha:

> *Our English word ''criticism'' drives from the ancient Greek term krites, meaning ''judge.'' Perhaps the first type of criticism was that which occurred in the process of poetic creation itself: in composing his poetry, a poet would have made certain ''judgment'' about the themes and techniques to be used in his verse, about what his audience was likely to approve, and about his own relationship to his predecessors in the oral or literary tradition.(M.A.R. Habib 2005:1)*

Yaadni olii jechi "qeeqa'' jedhu, jecha Giriikota duraanii ''*krites*'' jedhamurraa kan dhufe, yoo ta'u, hiikni isaas murtoo kennuu akka jechuu ta'e ibsa . Hojiin isaas kan jalqabe adeemsa waloon/barreessaan walaloo tokko walaloosaa ittiin barreessu, qindeessu, dhaamsa ittiin dabarsu, haala ijaarsa bo'oowwan walaloo, dhiibbaa walaloon sun miira dhaggeeffataa yookaan dubbisaa isaarraan ga'uufi hariiroo inni hordoftoota isaa waliin qabu addaan baasanii beekuuf kan itti fayyadaman akka ta'e namatti agarsiisa.

Ogbarruu yemmuu qeeqnu, hanqina qofa osoo hintaane ciminni inni qabus duukaa waliin kan ka'uudha. Taaddasaa Gaaddisaa (2009), Wall (2006:1) wabeeffachuun akkasitti ibse "Criticism is ambiguous it implies on the one hand a gusture of refusal, a denunciation, a hostic judgment and on the other hand it denotes (in its more fundamental sense) the positive knowledge of limits the study of conditions and possibilities of activity"

Yaadni olii qeeqa irratti yaadoliin garaagaraa lama akka jiraniidha. Inni duraa, qeequun hanqina inni qabu baasuu yoo ta'u, kan biraa immoo hanqina qofa osoo hintaane cimina hojiin sun qabus kan hammatuudha.

Yaaduma kana Asaffaan (2011) (Tyson, 2006) wabeeffachuun "oguma qeequun dirqama hojiiwwan kalaqaa irratti hanqina barbaaduu jechuu miti. Bal'ifamee yoo yaadamu, oguma qeequun deemsa hojichaa, hiika, qindoominaafi miidhagina hojii kalaqaa xiinxaluudha" jedha. Yaadi olii oguma qeequn hanqina walirratti barbaaduu osoo hin taane waanti sirreeffamu qabu akka sirraahufi ciminni jiru immoo akka jajjabeeffamuuf ta'u akka qabu nutti agarsiisa.

Mario, (2005) Maalummaa qeeqaa ogbarruu ilaalchisee akkasitti ibsa, "Qeeqa ogbarruu jechuun hojii ogbarruu tokkoo madaaluufi hiikuu (ibsuu) of-keessatti hammata yookaan hojii ogbarruu

tokko madaaluun hiika itti kennuu jechuudha. Kanas yeroo raawwatan ciminaafi hanqina ogbarruun sun qabu addaan baasuun fooyyeessaa deemuudha.” (Mario, 2005)

Yaadni olii oguma qeequun hojii ogumaa maal akka fakkaatu madaalu, akkasumas hiika itti kennuun ciminaafi hanqina isaa kaahun waan fooyyeffamuu qabu fooyyessuu akka ta’e agarsiisa.

Yaaduma kanaa kan jabeessu toora interneeta (hhtp://WWW.textetc.com/Criticism.htm) irraa ragaan argame akka himutti: “*Literary criticism comes in various shapes and aims. At best it poses searching questions of the writer, and insists that he understands how the arts, the sciences and philosophy have different but coexisting concepts of truth and meaning.” Jedha.*

Yaadichi olii, yaaxxinni qeeqa oguma bocaafi kaayyoo garaagaraa qabatee kan dhiyaatudha. Dhimmoonni irratti xiyyeeffatu hojii ogbarruu tokkoo madaaluu, gaaffiin barreessaa ogbarrichaa maal akka ta’e, ogummaa yookiin aartii akkamitti akka fayyadamee barreesse, yaadota saayinsiifi falaasamaa haala akkamiin adda baasee akka itti gargaarame, waan ibsuu barbaadeefi yaad-rimee isaa hangam akka wal-qabataniifi wal-ibsaa deeman kanneen jedhaman irratti xiyyeeffachuun hojiin ogbarruu tokko qeeqamuu akka danda’u namatti mul’isa.

Dabalataanis, M.A.R. Habib (2005:3) maalummaa qeeqaa yoo ibsu, *‘‘Criticism is the practice of analyzing, classfying, interpreting or evaluating literary or other artistic work’’* jedha. Kunis kan agarsiisu, karaalee hojiin kalaqaa tokkoo haala qabatamaa ta’een xiinxalamu, qoodamu, hiikamuufi madaalamu ta’uusaatuu hubatama. Dabalataanis, maalummaa qeeqaa ilaalchisee Baldick, akkas jedha,

> *Criticism is analysis of its structure and style, judgment of its worth by comparison with other works, estimation of its likely effect on readers and the establishment of general principles by which literary works or individually in categories or as a whole can be evaluated and understood.(Baldick, 2001:43*

Yaadni olii, qeeqa oguma hojii ogbarruu tokko keessatti caasaa afaanichaa, haala ittiin dhiyaate, ergaa isaa, jijjiirama sammuu dubbisaa isaarratti fidu, qajeelfama waliigalaa hojiii ogbarruu ittiin madaalaniifi hubatan kan of-keessatti qabatudha. Kunis kan agarsiisu haala waliigala ogbarruun tokko ciminaafi hanqina inni qabu kan inni itti mul’atu erga qeeqamee booda akka ta’e namatti mul’isa. Dabalataan, Hayyuun Lodge, qeeqa ogbarruu hiika isaa yoo kennu,

> *Criticism is consists of judging and appreciating recent works with a view to helping the public make up its mind, and ascientic function which consists of a*

*positive study, closely with a view of knowledge of the conditions of existence of literary, works or the materiality of the text, source, psychological or historical origins, etc.* jedha. (Lodge,1988:63)

Yaadni olii, qeeqi ogbarruu karaalee hojiin tokkoo ittiin madaalan, dinqisiifatan, sammuu dubbistootaa ittiin kakaasan, maddaafi seenaa isaa ittiin qoratan, kanamalees wantoota hawaasa keessaatti mul'atan ibsuu isaanii karaa ittiin madaalaniifi xiinxalan akka ta'e namatti mul'isa.

Akka waliigalaatti bu'uura hiika qeeqa ogumaa olitti kahamaniifi bu'uura yaadrimee qeeqa oguma irratti hundoofnee hojii oguma keessaattuu oguma barreeffamaa/ogbarruu qeequun akka danda'amu nama hubachiisa. Haaluma kanaan qorataanis bu'uuruma yaadrimee qeeqa oguma irratti hundaa'uun asoosama filatame qeequu yaalee jira.

## 2.6 Guddina Asoosama Oromoo Ija Qeeqa Ogumaatiin

Seenaan oguma Oromoo barreeffamaan umrii gabaabaa qabaatullee, keessattuu erga sirni barreeffamaa Afaan Oromoon qophaa'ee eegalee kitaabileen hedduun maxxanfamanii jiru. Asoosamni Afaan Oromoo kufaatii sirna Dargii booda bahu (maxxanfamu) akka eegalame armaan dura ibsamee jira. Keessattuu akkuma dargiin kufeen asoosamni hedduu qophaa'ee jira. Akka Asafaan (2009:126) jedhutti,

> *kitaaboleen asoosama Afaan Oromoo mul'achuu kan jalqaban battaluma kufaatii sirna Dargii booda. Isaanis: Kuusaa Gadoo, Gaaddisaa Birruutiin (1983, A.L.H), Godaannisa, Dhaabaa Wayyeessaatiin(1992, A.L.A), Suuraa Abdii, Kumsaa Burraayyuutiin (1993, A.L.A), Booree Booranaa, Abarraa Hambisaatiin, 1993 A.L.A, Hawwii, Isaayyaas Hordofaatiin , 1995 A.L.A, Gurraacha Abbayyaa, Dhaabaa Wayyeessaatiin, 1996 A.L.A, Dirmammuu, Takilee Qinaaxxiitiin, 1995 A.L.A, Dhaamsa Abbaa, Gaaddisaa Birruutiin, 2002 A.L.A, Danaa, Asafaa Tafarraa Dibaabaatiin, 2002 A.L.A, Tafarii Nugusee, Seenaaf-seexaa, 2008. Toleeraa Fiqiruu, Imimmaan Haadhaa, 2008.*

Kitaaboliin asoosamaa ka'umsa irra maxxanfaman kunniin qabiyyee isaaniitiinis ta'ee, bifiyyee isaanitiin haalaan kitaabota ulaagaa isaanii eeggataniifi fooyya'aadha jechuun ni danda'ama. Kunimmoo namoonni kitaabolii kanniin maxxansiisan (barreessan) namoota muuxannoo kuufamaa qabaniifi kitaabolii hedduu dubbisan ta'uu agarsiisa. Akkasumas Oromoof asoosama duraa waan ta'aniifi xiiqiidhaan waan barreessan fakkaataa xiyyeeffannoo guddaadhaan barreessani. Ergasii as hanguma asoosamni hedduun maxxanfamaa dhufaniin xiyyeeffannoon gama qulqullina isaatiin kennamu gadi bu'aa waan dhufaa jiru fakkaata. Yeroo amma kitaabni

Afaan Oromoon maxxanfamu asoosamas dabalatee torbaniin kitaabni tokko akka eebbifamaa jiru himama.

Kun waan jajjabeeffamuu qabu ta'ee garuu gama qulqullina kitaaba Afaan Oromoon maxxansiifaman irratti hojjetamuu qaba. Yeroo amma kitaabileen maxxansiifaman hanga kitaabilee asoosamaa kufaatii sirna Dargii booda barreeffamanii humna hin qaban.

Hojii kalaqaa yemmuu qeeqnu waan hir'ate akka guuttatuufi cimina jiru akka itti fufu gochuuf ta'uu qaba. Oguma qeequun hojii kalaqaa madaaluufi hiikuus of keessatti kan haammatuudha. Kanaaf asoosamni Oromoo yoo qeeqnu kanuma irratti hundoofnee ta'uu qaba. Asoosamni kan qeeqamu, asoosaan waan asoosama sanatti fayyadamee ibsuu barbaade, yaadrimee isaa hangam akka wal qabataa deemuufi yaadni isaa tarree galee waal duukaa buu'uun walibsaa akka deemuu gochuu qaba. Kan biraa asoosamni hojii aartiti. Namni asoosama barreessu aartitti fayyadamuun barreessuu qaba. Kana qofas osoo hin ta'in akkaataa itti aartitti fayyadamnu beekunis barbaachisaadha. Artiin asoosamaaf bareedina kenna.

Kan biraa asoosaan yemmuu asoosama barreessu yaadota saayinsiifi falaasama addaa baasuun itti fayyadamuu qaba. Kana malees adeemsa asoosamni itti barreeffamu, qindaa'ina isaafi akkaataa dhaamsi ittiin darbu haawwataafi ogummaan kan faayame ta'uu qaba. Gama biraan asoosaan caasaa afaanii haalaan itti fayyadamee dhiyeessuu qaba. Kan biraan asoosamni caaculee asoosamaa haammatee qophaa'uu qaba. Caaculeen bu'uura asoosamaa akkuma ta'e, asoosaan yemmuu asoosama barreessu caaculee kanneen seeraan beekee, hubate, barreessuu qaba. Kan biraa asoosamni hojii kalaqaati. Hojii kalaqaa akka naatoo (bareedina) qabaatu taasisuun kan kalaqamuudha. Kun immoo akka nama haawwatu taasisa. Akkasumas dhugummaa kan qabuufi dubbii qolaatiin kan faayameefi k.k.f kan guuttame ta'uu qaba. Kanaaf asoosamni ulaagaa asoosamni tokko guutuu qabu guutee argamuu qaba.

Kanaaf hanqinni gama kanaan oguma mul'atu, asoosaan waan asoosama sanatti fayyadamuun ibsuu barbaade ogummaa dhabuu, yaadrimeen asoosamaa sanaa walqabatiinsa qabaachaa deemuufi yaadni walduukaa bu'uun walqabatiinsa dhabuu, aartitti fayyadamuu dhabuufi akkaataa itti aartitti fayyadaman wallaaluu, yaadota saayinsiifi falaasamaa adda baasuun itti fayyadamuu wallaaluu, adeemsa asoosamni ittiin barreeffamu; keessattuu qindaa'ina isaafi akkaataa ergaan ittiin dabarsuuf barbaadamu haawwataa ta'uu dhabuu, caasaa Afaanii eeganii

haalaan itti fayyadamuun barreessuu dhabuun, caaculee asoosamaa hunda haammachisaanii barreessuu dhabuu, asoosama barreessan naatoo(bareedina) akka qabaatu gochuu dhabuu, qabatama saba sana keessaa jiru irratti hundaa'uun asoosama barreessaan dhugummaa akka qabaatuu taasisuu dhabuunifi dubbii qolaatti faayadamanii barreessuu dhabuun hanqinni gama kanaan darbee darbee asoosama yeroo ammaa maxxanfaman irraa mul'ataniidha. Kanaaf immoo qorannoon akkasii taasisuun qaawwa jiru eeruun gaarii ta'a.

### 2.7. Yaadiddama Qorannichaa

Qorannoon kun akkaataa waldiddaan asoosama dheeraa 'Safuu' itti ijaaraame xiinxaluu xiyyeeffate. Asoosamni alkallattiin fakkeessa addunyaa dhugaa keessatti jiruufi jireenya dhala namaa calaqissiisuudha. Kana gochuuf barreessaan akkaataa ittiin caacculee asoosamichaa qindeeffatu qaba. Caacculee hunda baakka tokkotti xiinxaluun ulfaataadha. Kanaafuu, qorannoon kun akkaataa barreessaan waldiddaa asoosama 'Safuu' itti qindeesse yaadiddama maarkisistootaa gargaaramuun xiinxaleera. yaadiddamni *maarkisiizimii* nama falaasamaa kan ta'e, Karl Marx (1818-1883)fi Ogeessa saayinsii hawaasaa Fredrich Engles (1820-1895) waliin ta'uun kan yayyabamedha.

Akka yaada maarkisistitti qabeenyi saba tokko irraa fudhatamee gara biraatti fudhatamee ummanni qabeenya isaa irraa fudhatame sun miidhamadha jedha. Akkasumas ummanni dafqaan bulaan mootummaa qofaaf hojjetee galii galchuun sirrii mitii jedha. Itti dabalees qabeenyi kan eenyuti? Eenyutu itti fayyadamuu qaba? Kan jedhu gaaffii kaasa.

Ittuma dabale Marxfi Engels, (1973).

> *Marxism is a body of ideas which sees all human history as the history of class struggle. In particular it is concerned to analyse the dynamic and contradiction of the capitalist system and to show haw the workin class has the historical potential to overthrow capitalism and establish classlessless, socialist society. Marxism stand or falss by its ability to interpret existing society, and to mobilise men and women to change it.*

Akka yaada kanaatti maarkisizimiin qaama yaada seenaa hawaasaa kan ta'e kan ilaalufi seenaa dhala namaa akka falmii gareetti ilaala. Xiyyeeffannoodhaan kan inni irratti hundaa'u sirna kaappitaalizimii falmuufi garee humnaan bultootaa humna cimaa kaappitaalizimii dhabamsiisuu danda'u akka ta'e agarsiisun garee hawaasaa sooshalistii uumun yaada ijaa yaadiddama kanaati.

Maarkisizimiin kan ka'us, kan kufus yaada isaa hawaasaaf ibsuufi dhiirotaafi dubartoota kakaasuun jijjiiramni akka agarsiisan godhuu jedha.

Akkuma olitti ilaalle yaadiddamni maarkisistii yaada sirna kaappitaalizimii qeequun beekkama. Bu'uurri qeeqa isaas sirni kaappitaalizimii sirna siyaasaa qofa osoo hin taane, sirna diinadgee ta'uu isaatin wal caalmaa sirnichaan uumame irratti hundaa'uun waldhabbii kutaalee hawaasaa gidduutti jiru mul'isu. Wal-caalmaa diinagdee kutaalee hawaasaa gidduu jiru, gama hirmaannaa siyaasaa, gosaafi gareewwan hawaasaa gidduu jiru, wal caalmaa gama hawaasummaan hawaasa gidduutti uumameefi falmii wal caalmaa kanniinin uumamuun ta'uu agarsiisa.

Toorri intarneetii WWW.hitory learning jedhu yaada kana yemmuu ibsu, "Marxism believe that economic conflict produce class or rich, middle and poor and in herently class produce conflict" jedha. Yaadni olii Marxism akka amanutti waldiddaan diinagdee waaldiddaa garee, sooressaafi namoota jireenya giddugaleessa jiraataniifi hiyyeessota giddiittu uumamanidha jedha. Maarkisiizimiin sirna diinagdeefi hawaasummaa hojii Kaarliifi Freedrik Eenjils (1829-1895) irraa kan waraabamedha. Sirni kun yaadaafi hojii irratti hundaa'uun dhimmoota walitti bu'iinsa warra aangoo qabeessafi warra gadaanaa gidduutti uumamu xiinxala._Sirni Maarkisiizimii kun sirna kaapitaalistii warri qabeenya qaban warra hojjetoota yookiin warra qabeenya baay'e hin qabne irratti miidhaa waan geessisaniif kun dhaabbachuu qaba jedha. Akkasumas sirni kamiiyyuu hojjettoota kan gidduu galeeffate ta'uu qaba yaada jedhu qaba. Akka maarkisiizimiitti warraaqsi ummataa keessattuu kan hojjettoota akka dhufu taasisuu yookiin uummamuu qaba jedhee amana. Kun immoo hawaasni guddina akka sadarkaa oomishuu, bakka biraatti erguufi jijjiirama sirna daldalaa keessatti gahee akka qabaatu taasisa.

Eagleton (1976) kanarratti akkas jedha, "Marxist criticism is not merely a sociology of literature concerned with how novels get published and whether they mention the working class. Its aim is to explain the literature work more fully; and this means a sensitive attention to its form, style and meanings" jedha.

Yaadni olii kan agarsiisu qeeqi Marxist oguma hawaasummaa qofa irratti kan hundaa'u qofa osoo hin ta'in, haala asoosamni ittiin maxxanfamuufi garee humnaan bulaa kan ibsudha. Irra caalatti hojii ogumaa guututti ibsuun, kana jechuun bifa isaatiin, xiyyeeffannaa cimaa, haalafi hiika addaa barbaada jaedha.

Akka ilaalcha yaadiddama kanaatti safuun, amantiifi falasamni dinagdee bu'uureffate, yaada sammuu namootaa keessatti uumamuudha. Qeeqni markisiistotaa barruu kalaqaa akka bu'aa hojiitti kan ilaaluufi fayyadamtootni isaa gahee gareen hawaasaafi ilaalchi isaanii (role of class and ideology) sirna bulchiinsa hawaasaa (prevailing social order) mul'atu calaqqisiisuu, dabarsuufi qoruuf (challenge) qabu kan xiyyeeffataniidha. Akka yaada markistotaatti, barruun kalaqaa bu'aa qabeenya mul'atuu (material products) kan ta'eefi galumsa seenaa bal'aa keessatti raawwatuudha. Akka qeeqa maarkisiistiitti ogbarruu akka bu'aa hojiitti kan ilaalamu yoo ta'u, barreesssitoonni isaa immoo caasaa hawaasaa jiru mul'isuu, deggeruu yookaan mormuuf ga'ee gareefi ilaalcha hawaasaa kan xiyyeeffataniidha.

Qeeqni warra maarkisiistii barruu kalaqaa ergaa dhokataa qabuuf itti gafatamaa kan taasisu osoo hintaane, barruu sana akka bu'aa yookaan fidumsa dhimmoota qabatamoo (material products) galumsa seenaa bal'aa keessatti hubatamu taasisee ilaala. 'Marx'iifi Engles walitti dhufeenya ogummaa (art), siyaasaafi haqummaa bu'uura dinagdee gama yaadiddama hawaasummaan ibsu. Akka isaaniitti dinagdeen (economics) hawaasa isa caasaalee olaanoo (super structures) kanneen akka seeraa, siyaasaa, falasamaa, amantiifi oguma keessaa maddaniif bu'uuressa.

Qeeqni kun ogbarruu ogumaa akka bu'aa humnoota seenaa isaan haala dinagdee keessatti hojjetaniirraa hubatamuu danda'anitti ilaala. Akka ilaalcha maarkisiistiitti ilaalchi adduunyaa (world views) hojii garee hawaasaa olaantummaa qabu (dominant class) ta'ee fudhatama. Haaluma kanaan ogbarruun haqa walitti bu'iinsa garee hawaasaa olaantummaa qabuufi isa jala bulu gidduu jiru calaqqisiisuu isaarratti xiyyeeffata. Kana jechuun warri maarkisiistii jiruu ilmoo namaafi oomisha walitti dhufeenya gareewwan hawaas-dinagdeerratti hundaa'uun xiinxalu jechuudha. Akkasumas raawwiin namoota hundaa gama raabsa oomishaafi olaantummaa dinagdeetiin akka mul'atu ibsu. Kanneenis kan taasisan hawaasa tokko giddu galeessa godhachuun yookaan hawaasaa garaagaraa keessatti wal bira qabuun ta'uu mala. Kun immoo mormiifi waldiddaa uumaa dhufe. Waldiddaan gama hawaasummaa, siyaasaa, dinagdeefi kan kana fakkaataniin uumamu yaadiddama kanaan xiinxaluun barbaachisaadha. Sababni isaas, yaadiddamichi hawaasa gareen qoqqooduun dhimma dinagdeef malee hawaasummaaf bakka hinkennu. Kun immoo, addunyaa qabatamaa kaana keessatti bal'inaan mul'ata. Asoosama filatame 'Safuu' keessatti akkaataa waldiddaan itti ijaarame xiinxaluuf yaada jarreen maarkisistootaa gargaaramuun murteessaa tahee argameera. Sababni isaa asoosama 'Safuu'

keessatti waldiddaan taasifame harki caalu mootummaan abbaa hirree meeshaa waraanaa ammayyaa hidhatee lafa, albuuda, horiifi k.k.f ummata Oromoo saamuun ummata kana cabsee garboomsuun diinagdeen saba irraa dhufan ijaaruun warra kaan immoo garba godhachuun jiraachisuu barbaadan gidduutti ta'edha. Ummanni Oromoos kan yeroon cal jedhee ilaale hin turre. Gareenis ta'ee dhuunfaan garboonfataadhaan falma ture. Haala kanaan waldiddaan iddoofi yeroo garagaraatti taasifamaa ture. Kumimmoo kallattiidhaan yaada yaaxin maarkisistiin kan walfakkaatufi asoosama kana yaaxina kanaan xiinxaluun barbaachisaa ta'ee argamee jira.

**2.8. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii**

Asoosama Afaan Oromoo barreeffame irratti ija yaadiddama garagaraatiin qorannoon baay'en gaggeeffamanii jiru. Qorannoon kun immoo xiinxala waldiddaa asoosama Safuu kan jedhuudha. Kallattiidhaan mata duree qorannoo kanaan wal fakkaatu qorannoon adeemsifame hin agarree. Yaadiddamoota ogumaafi firiiwwan asoosamaa irratti qorannoon taasifameefi mata duree qorannoo kanatti dhiyaatan sadarkaa digirii lammaffaatti kan afaan Oromoon hojjetaman garaagarummaa qorannoo kana waliin qaban haala armaan gadiitiin ilaalamanii jiru.

Fiqaaduu Qana'aa (2012) "Qaaccessa waldhabbiifi fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa: Haala Godaannisaafi Dungoo Halkan Sanaa" mata duree jedhu irratti barnoota digirii 2$^{ffaa}$ Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf qorannoo adeemsifamedha. Kaayyoon qorannoo isaas asoosamoota 'Godaannisaafi Dungoo Halkan Sanaa' keessatti waldhabbiifi fakkoommii asoosaan dhimma itti ba'e aadaa, siyaasaafi falaasama Oromoo ibsuuf yaalame qaaccessuudha. Qorannoon kuniifi kan Fiqaaduu asoosamoota Afaan Oromoo xiinxaluunifi waldiddaa asoosama irratti ta'uun kan wal-fakkaatan yoo ta'u, asoosamoota filatamaniifi akkaataan ittiin xiinxalaman garaagarummaa kan qabanidha. Akkuma armaan olitti ibsame, kaayyoon qorannoo Fiqaaduu Qana'aa (2012) "Qaaccessa waldhabbiifi fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa: Haala Godaannisaafi Dungoo Halkan Sanaa" jedhu asoosamoota 'Godaannisaafi Dungoo Halkan Sanaa' keessatti waldhabbiifi fakkoommii asoosaan dhimma itti ba'e aadaa, siyaasaafi falaasama Oromoo ibsuuf yaalame qaaccessuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa immoo akkaataa ijaarsa waldiddaa asoosama Safuu xiinxaluudha.

Qananiin (2008) mata-duree "Xiinxala Asoosamoota Burreen Bifa Tokkoo Mitifi Dibaa*:* Ija Yaaxina Bifiyyeetiin" xiinxaleera. Qorannichi ijaarsa caacculee, akbarruu, dubbiiwwan qoolaafi

malawwan barruu asoosamoota kanneen keessatti argaman yaaxina bifiyyeerratti xiyyeeffachuun xinxalameera. Garuu Kaayyoon qorannoo kanaa akkaataa ijaarsa waldiddaa asoosama Safuu xiinxaluu kan jedhuu yoo ta'u, waldiddaa barreessaan kalaqe waldiddaa xiinsammuu haala kamiin akka dhiyaate, gosoota waldiddaan alaa barreessaan dhimma itti bahe addaan baasuu, waldiddaan asoosama kana keessatti barreessaan qindeessee gargaarame qabatama jiruufi jireenya ummata Oromoo ibsuu irratti maal akka fakkaatufi ija qeeqa oguma Oromootiin asoosamni Safuu ciminaafi hanqina akkamii akka qabuufi maal akka fakkaatu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

Kadiraan (2016) mata-duree "Qaaccessa Asoosama Aarsaa Fayyadama Afaanii Irratti Xiyyeeffachuun" qoratte. Bu'aan qorannichaas fayyadama afaanii asoosamicha keessatti mul'atan akka qabiyyee jechootaa, malleen dubbiifi mammaaksotaa mul'atan qaaccessuun agarsiifteetti. Qorannoon kun immoo akkaataa ijaarsa waldiddaa asoosama Safuu xiinxaluu kan jedhuu yoo ta'u, waldiddaa barreessaan kalaqe waldiddaa xiinsammuu haala kamiin akka dhiyaate, gosoota waldiddaan alaa barreessaan dhimma itti bahe addaan baasuu, waldiddaan asoosama kana keessatti barreessaan qindeessee gargaarame qabatama jiruufi jireenya ummata Oromoo ibsuu irratti maal akka fakkaatufi ija qeeqa oguma Oromootiin asoosamni Safuu ciminaafi hanqina akkamii akka qabuufi maal akka fakkaatu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

Taarikuun (2008) immoo mata-duree "Xiinxala Afoola Asoosamoota Afaan Oromoo Filataman Keessatti" argaman qorate. Bu'aan qorannichaa qabiyyee afoolaa mammaaksa, geerarsa, faaruu, sirboota, tapha ijoollee, kadhaafi eebbi asoosamoota filataman keessa jiraachuusaanii agarsiiseera. Qorannoon kun immoo akkuma olitti calaqqisiifame, akkaataa ijaarsa waldiddaa asoosama Safuu xiinxaluun kaayyoo gooroo isaati. Waldiddaa barreessaan kalaqe waldiddaa xiinsammuu haala kamiin akka dhiyaate, gosoota waldiddaan alaa barreessaan dhimma itti bahe addaan baasuu, waldiddaan asoosama kana keessatti barreessaan qindeessee gargaarame qabatama jiruufi jireenya ummata Oromoo ibsuu irratti maal akka fakkaatufi ija qeeqa oguma Oromootiin asoosamni Safuu ciminaafi hanqina akkamii akka qabuufi maal akka fakkaatu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

Araarsoo Bochee (2018) Mata duree " Xiinxala Dhugaa Hawaasaa Asoosama Seenaa Asoosama Imimmaan Oshiwiitzi keessatti: Ija Yaaxina Dhugummaatiin qorate. Kaayyoon qorannaa kanaasa, dhugaan hawaasaa asoosamicha keessa jiru ija yaaxina dhugummaatiin xiinxaluudha. Qorannoon kun akkaataa ijaarsa waldiddaa asoosama Safuu xiinxaluun kaayyoo isaa yoo ta'u, waldiddaa barreessaan kalaqe waldiddaa xiinsammuu haala kamiin akka dhiyaate, gosoota waldiddaan alaa barreessaan dhimma itti bahe addaan baasuu, waldiddaan asoosama kana keessatti barreessaan qindeessee gargaarame qabatama jiruufi jireenya ummata Oromoo ibsuu irratti maal akka fakkaatufi ija qeeqa oguma Oromootiin asoosamni Safuu ciminaafi hanqina akkamii akka qabuufi maal akka fakkaatu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Walfakkeenyi qorannoo kana lameenii xiinxala asoosama irratti ta'uu qofa.

## BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO

Boqannaa kana jalatti saxaxa qorannichaa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, iddattoo qorannichaa, mala iddatteessuu, madda ragaalee, mala funaansa ragaaleefi mala qaacceessa raga wal-duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

### 3.1. Saxaxa Qorannoo

Qorannoon kun xiinxala waldiddaa asoosama 'Safuu' jedhu irratti gaggeeffame. Haaluma kanaan, qorataan gosa qorannoo gargaarame mala hasbarruu(Textual analysis) dha. Mala kana gargaaramanii qorannoo gaggeessuuf odeeffannoon kan walitti qaabamu afgaaffii, daawwannaa, dookimantii sakatta'uufi meeshaalee dhag-argeetti gargaaramuudhani. Qorataan kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun mala dookimantii sakatta'uu /xiinxaluu/ kan fayyadame yoo ta'u, kitaaba asoosamaa filatame waldiddaa achi keessatti argaman ittiin xiinxaluuf, gosa qorannoo mala hasbarruu(Textual analysis gargaaramuun waldiddaa asoosama kana keessatti mul'atu xiinxaleera.

### 3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaaba asoosama Afaan Oromoo 'Safuu' jedhu, kan Kumaa Hordofaan bara 2014 A.L.A barreeffame irratti kan xiyyeeffatedha. Ragaan barbaachisu asoosamicha gadi fageenyaan dubbisuun funaanamuun xiinxalamee jira.

### 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa kitaaba asoosama dheeraa 'Safuu' jedhu, kan Kumaa Hordofaan bara 2014 A.L.A barreeffameedha. Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu asoosama filatame kana keessaa walitti qabamee waan xinxalameef, malli iddatteessuu filatame, mala iddatteessuu miti carraa yookiin akkayyoodha.

Haaluma kanaan qorataanis mala iddatteessuu kana sababni fayyadameef qorannoon gaggeeffame kitaaba xiinxaluudha waan ta'eef, kitaabni filatame ittuma yaaddametuma filatame.

### 3.4. Madda Ragaalee

Maddi ragaa qorannoo kanaa kan ta'e kitaaba asoosama 'Safuu' jedhuudha. Kitaabni asoosama 'Safuu' jedhu kan barreeffame Kumaa Hordofaan yoo ta'u, fuula 154 fi boqonnaawwan 17 of keessatti qaba. Kitaabni Safuu kan maxxanfame bara 2014 A.L.A ttidha.

### 3.5. Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun xiinxala kitaaba asoosamaa waan ta'eef, tooftaan ragaan ittiin funaaname kitaaba filatame sakatta'uudhaan raawwate. Haaluma kanaan kitaaba kana irra deddeebi'uun gadi-fageenyaan dubbisuudhaan akkaataa kaayyoo qorannichaatiin odeeffannoo barbaachisu mata-duree qorannichaa duukaa deeman fudhatamanii jiru.

### 3.6. Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaan funaaname akkaataa kaayyoo gooree qorannichaa irratti fuulleeffachuudhaan /bu'uura/ godhachuun kan xiinxalamedha.

## BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE

Ragaaleen kitaaba asoosama Safuu keessaa funaanaman akkaataa kaayyoo qorannichaafi yaadiddama qorannichaa irratti hundaa'uun akka armaan gadiitti xiinxalameera.

### 4.1 Cuunfaa Seenaa Asoosama Safuu

Gara keessa asoosama Safuutti yoo ceenu, namafakiin yookiin goobaangaleessi guddaan Iftuufi Obseedha. Iftuufi Obseen obboleewwani. Abbaafi haati isaanii sababa mootummaan lafa irraa fudhateef hiyyoomanii adda bahani. Aadde Tolashiin Shawaa Kaabaa Garba Gurraachaa mana abbaa Iftuutii baatee gara Asallaa yemmuu dhaqxu Iftuu garaatti baatti. Obseen hangafa Iftuuti. Isheen abbaa ishee Gadaa Tuulamaa biraatti hafte. Aadde Tolashiin magaalaa Asallaatti Obbo Jimaa nama jedhamutti heerumte. Obbo Jimaan sababbii Iftuu irraatti yaalii gudeeddii taasiseef, isaan adda bahanii mana kireeffatani hojii adda addaa mana namaatti hojjechuu eegalte aadde Tolashiin.

Osoo akkanaan jiraatani aadde Tolashiin dhukkubsattee siree irratti waan hafteef Iftuun haadha isheefi of-jiraachisuuf jecha mana majaahu (sagagalaa) hojjechuuf murteessite. Obseen barattee yuunivarsiitii galte jirti. Haa ta'u malee abbaan ishee dhukkubsatanii fayyuu waan hin dandeenyef ni boqatan. Booha abbaa ishee dhaqxee qorumsi jala waan darbeef, barsisaan fedhii fooniif ishee barbaadee isheen didde, irra deebi'ee qoruu waan dideef irra deebisan. Haati ishee Asallaa akka jirtu dhageessee ishee barbaacha achi dhaqxe. Garuu argachuu hin dandeenye. Fira ishee gargaaru waan hin qabneef, hanga barri barnootaa lammataa gahutti hoteela keessa hojii humna hojjechuuf murteessitee Obseenis mana Iftuun jirtu keessa jirti. Akkuma "ijji osoo walbira jirtu wal hin argitu" jedhan, garuu obbolaa akka ta'an quba hin qaban.


Iftuun erga Hoteela 'ye cilaaloo gennet' dhaqxee haala jiru hubattee haalichi waan ishee jibbisiisef, halkan baatee gara mana ishee yoo deemtu, namichi Didhaa jedhamu manaattan si galcha jedheenii mooksuun Adaamatti humnaan fudhatee galee, kan fedhii isaa irratti raawwate. Didhaan Iftuu humnaan wajjiin bule, barii wanta godhe hundaaf dhugaatii dhugee akka dogongore jilbatti kufee dhiifama gaafata. Of duraafis akka wajjiin jiraatan waadaa galeefi. Kana booda bashannanaaf Laangannoofi Baatuu deemanii galgala shaashamannee bulanii barii isaa gaafa Asallaatti deebi'an, haati Iftuu aadde Tolashiin boqattee jirti. Didhaan ilma obbo Jimaa abbaa buddeenaa Iftuu rakkisaa tureeti. Obbo Jimaan sababa hiyyuummaatiin ilma isaa Didhaa

namatti galchee, ofii isaatiif Asallaatti gale, hojii guyyaa hojjechaa jiraata. Didhaan immoo achi badee Adaamatti hojjechaa barate hojii argate.


Aadde Tolasheen erga awwaalamte booda, Didhaan Iftuufi obbo Jimaa fudhatee gara Finfinnee osoo deemaa jiranii, balaan konkolaataa irraa gahee. obbo Jimaan battalumatti du'e. Didhaan waan baay'ee miidhameef biyya keessatti yaalamuu waan dadhabeef gara biyya Kanadaa hiriyyaasaa Lammiin fuudhee deeme. Achitti erga yeroo hedduuf hospitaala ciisee yaalamee fayye. Iftuun hospitaala Adaamatti yaalamte fayyite. Erga fayyitee booda mana Dr. Gaarumaa kan ishee yaalaa ture, seenaa ishee erga hubatee booda akka isheen isa bira teessee barattu fudhate. Obseenis gaafuma Iftuun hotela sanaa baate obbo Magarsaafi aadde Yaadanidhaan wal bartee fudhatani galan. Barri barnoota gaafa gahu yuunivarsiititti deebitee barumsa ishee itti fufte. Achitti gurbaa Mooyibooni jedhamuun waljaalatan.

Lamaan isaanituu barumsatti ciccimoo waan turaniif qabxii ol aanaa galmeessanii Obseen yuunivarsiitii Haroomayaatti, Mooyibooniin yuunivarsiitii Jimmaatti “leekchara” ta'an. Didhaan erga fayyee Iftuufi Dr. Gaarumaa fa'aa haala mijjeessee gara Kanaadatti fudhachuuf osoo adeemsa irra jiranii; Iftuu gumii Afaan Oromoo Adaamaa keessatti hirmaattu dhimma siyaasaa gaggeessa jirtu jechuun barbaadamaa turte. Osoo kanumaan jirtuu balaan konkolaataa irraa gahee Dr. Gaarumaan yaalchisuuf fuudhaanii gara Afrikaa kibbaa deeme. Erga yaalamtee booda achumarraan gara Kanaada deemani. Aadde soorettinis haati mana Dr. Gaaruma Itoophiyaa irraa gara Kanaadaa balaliite. Mooyiboon jaalalleen Obsee barattoota jeequmsaaf kakaafte jedhamee barbaadamaa waan jiruuf, baqatee hiriyyaa isaa Ibsaa Mahammad wajjin gara keeniyaatiin biyyaa bahaan. Dr. Gaarumaa Fayyisaa obboleessa Mooyibon waan ta'eef, hiriyyoota isaa Didhaa fa'a wajjin ta'ee, haala mijeessaniifi gara Kanaadaatti keeniyaa irraa fudhatan. Mooyibooni yeroo gabaabaa keessatti jaalallee isaa Obseedhaaf hiriyoota isaa wajjin ta'ee haala mijeessee Kanaadatti fudhate. Kana booda namoonni kuni hunduu walgahanii dhiibbaa ummata Oromoo qe'ee isaatitti irra gahaa jiru kanaaf humna tokkoon qabsaa'uuf wixinee qopheessanii kitaaba barreessuun gara qabsootti seenuuf kan murteessani. Iftuunifi Obseenis achumatti kan obbolaa walii ta'uu isaanii baran. Kana booda imaanaa ummata isaani kana galmaan gahuuf alaa keessa qabsoon akka barbaachisu amananii, isaanis qooda isaani bahuuf hojiitti seenuu isaanitiin seenaan asoosamichaa xumurame.

### 4.2. Xiinxala Fuula Duraafi Duuba Kitaaba Asoosama Safuu




Qola kitaaba asoosama Safuu irraa yoo kaanu, qola gara fuula duraa irratti kaartaa Oromiyaa dimimmisa (duumessa) haphii keessan mul’atutu argama (mul’ata). Akkuma uumama ishee kaartaa Oromiyaa kanarraa kan mul’atu lafa magarisa, gaarreen walqabataa, laga waqtii gannaa biyyoo gabbataa haree deemu, bosona mukkeen walitti tuucha’an irratti argamu, lafa margaa nama haawwatuufi lafa bishaan haroo irra ciisee argamutu hurri haphii keessan mul’ata. Mata dureen asoosama kanaa jechi “Safuu” jedhu, qubee ‘dhiigdu’ irraa mataa qola kitaabicha kanarratti barreffameetu argaama. Akkasuma qola kitaaba kanaa irratti gara gadii qarqara mirgarratti kan argamu aduu ganama obboroo baatu walakkaan ishee diimatee mul’atu halkan (dukkana) irratti ifa, ibsaa jirtutu argama. Gara bitaa dura fuula kitaabicha kanaa qarqara gara jalaatti maqaa barreessichaa ‘Kumaa Hordofaa’tiin kan jedhutu argama.



"...aadaa uummata keenyaatirraa safuu barannee jirra. Nuti safuu beekna. Wanta fokkisaa akkasii dhalootni Oromoo hin hojjetan. Safuudha. Itti dabalees abdii, hawwiifi kaayyoo waan qabnuuf..." "...Oromoon hin kadhatu. Kadhattuus miti. ... Waaqa Oromoon itti amanu maqaa dhahee kan kadhatu ishumtu hin argine. Itti, dhageenyes. Kanaaf,..." jettee...."... jaalalli ol kaawwatanii obsa namaa kennuufi yeroo kennaniifii miti . Kan akka dhagaa Amboo dhagoota hedduu keessaa filatamee mana ittiin ijaarratanidha. Kan akka siiqqee dubartii gosa muka baay'ee keessaa tokko muratanii bareechinaaf qabatanidha.Kan akka qorii manattii fudhatanii saanduqa onnee keessa godhatanii qadaada hibuqqaaneen cufanii miidhagina jireenyaatiif kan kaawwatani..."

Kitaabicha Keessaa kan fudhatame.

Kitaaba Kumaa keessatti seenaa Obseefi Iftuu abbaa dhaba haadha rakkattuu jiruu mo'achuuf qabsoo godhamuun waldirmee , xaxamee qalbii namaa fuudhu dhuma seenaa arguuf kan si'eessu hirriba nama dhorkudha. Barreessaan dargaggeessi kun itti fufee waan guddaa akka hojjetu nama abdachiisaadha.

Tafarii Nigusee–Barataa PhD (Barreessaafi Barsiisaa)

Sadarkaan Safuuf kennamu olaanaadha. Kumaanis xinsammuu namaa dubbisee, aartii miidhagaan waliin makee daawwitii seenaa kan keessatti of ilaalan taasisee nuuf dhiyeesse. Safuufi safeeffannaa keenya Oromummaa dagaagsa. Kitaabni kun dhugaa kallattii hedduu ifa nuuf godha.

Badhoo Malkaa Heeyyii (Barreessaafi Barsiisaa)

Safuufi safeeffannaa qaroomina Kush duriif ammaa keessa yaadaan nama fiigsisa. Kitaabni Safuu jedhu kun Safuu saba guddaa kana ibsuun cinatti danqitoota safuutiin kan mormudha. Galaana qaroominaa Safuu keessaa waraabamee hindhumne utuu qabnuu harcaatuuormaaf akka hinbitamneefis nu akeekkachiisa!

Beekan Gulummaa Irranaa–Barataa PhD (Barreessaafi Barsiisaa

Gatiin Qarshii 50 ($30)

ELLENI P.P.PLC

Duuba kitaaba asoosamaa kanaa qola isaa irratti yaada namoonni kennan kan kaahame yoo ta'u, tokkoo tokoon yaada namoota sadan duraa tartiibaan asii gadi halluu gurraacha, diimaafi adiin kan faayame yoo ta'u, walitti gaafa dhufu alaabaa abbaa Gadaa uuma. Yaadni namoota lamaan hafanii halluu wal fakkaataniin barreeffame argama. Manni maxxansaa kitaaba asoosama Safuu 'ELLENI P.P.PLC.' yoo ta'u gatiin kitaaba kanaa qarshii 50($30) duubuma qola kanaa irratti argama.

Walumaagalatti qola kitaaba asoosama kanaa duraafi duuba gara ala isaarratti waan argamu bifa suuratiinis ta'ee, barreeffamaan yoo xiinxallu; qola kitaaba kanaa gara alaa ka'umsarratti kan argamu, Oromiyaa badhaatuu gaarreen ,bosona, lafa margaa, laggeenifi haroodhaan uumamni ishee badhaase agarra. Garuu Oromiyaa haala kanaan uumaan badhaafamte argamtu yoo isheen alagaadhaan saamamaa dhiigdu agarra kanas kan agarsiisu jechii 'Safuu' jedhu qola kanarratti argamu qubee dhiigduun barreeffamee argamuudha. Aduun fuula dura kanarratti argamtu, Oromiyaa dhiigaa jirtu tanaaf bari'aa akka jiru argarsiisa. Duuba kitaaba kanaarratti kan argamu

qola gara alaatiin, alaabaaan abbaa gadaa; Oromoon ummata sirna gadaatiin bulu, ummata safuufi seera qabu ta'uu agarsiisa. Waan ala qola kitaaba asoosama kana irratti argamu qorataan akka hubatetti bifa kanaan kaahera.

Itti aansuun gosootni waldhabbii asoosama Safuu keessatti argaman bifa armaan gadiin xiinxalamanii jiru.

## 4.3. Waldiddaa Xiinsammuu Asoosama Safuu

Waldiddaan xiinsammuu waldiddaa namfakiin tokko yaaduma isaa wajjin taasisuudha. Waldiddaan akkasii kun asoosama kana keessatti iddoo muraasatti ni mul'ata. Haaluma kanaan waldiddaa asoosama kana keessatti argamu akka armaan gadiitti xiinxalamanii jiru.

Iftuun haadha ishee dhukkubsattee ciistu gargaruuf filannoo biraa dhabdee gara hojii sagaagalatti galuuf yemmuu yaaddu intala hojii akkasii hojjettu Ayinaalem jedhamtu wajjin of dorgomsiisaa akkas jette, "Ani maalin Ayinaalam caaleetan, kanin hojii fooyya'aa barbadu?'' jette (Safuu f.14).

Yaadni kun kan mul'isu, Iftuun yaada isheetiin hojii kana hojjechuuf murteessitee garuu aadaafi safuun ummata ishee waan dhiphiseef, itti seenuu, dhiisuu jechuun yaadi ishee bakka lamatti hiramee osoo waldidaa jiruu agarra, intala olla isheetii hojii kanarratti bobbaatee maatii isheefi of gargaartu walbira of qabaa yaada kana yoo dubbattu agarra. Kun kan agarsiisu Oromoon gochaa addaggummaafi safuu ta'eef, kan of eeggatuufi aadaan isaa kan hin eyyamneef ta'uu agarsiisa. Erga darbaa jirus kanuma.

> *…Meeqatu maallaqaaf ibiddatti gubate, meeqatu kuufee caccabe***,** *meeqatu olola dharaatiin ummata_sobaa jira, meeqatu jaalala dhugaa booressee cubbuu seenee, meeqatu lubbuu ofiifi_kumaatamaa dabarse?...keessattuu gaaffii deebii dhabee ishee rakkisaa ture_'namatu maallaqarratti hojjechaa jiramoo? maallaqatu namarratti hojjechaa jiraa? Kan jedhudha. Yaadni maallaqatu ilma namaa tolchaa jiramoo, balleechaa jiraa laata, jedhu baay'ee sammuu ishee jeeqe. …* (Safuu f.33).

Akka yaada kanarraa agarrutti, Iftuu gochaa namni uummata sobu, jaalala dhugaa booressee cubbuu hojjetu, namoota lubbuu ofii isaafi kan namaa xuraa'ummaadhaan balleessan, namatu maallaqa irratti hojjechaa jira moo, maallaqatu namarratti hojjechaa jira? Akkasumas maallaqni ilma namaa tolchaa jira moo balleessaa jira kan jedhu, sammuu ishee keessatti walfalmii uumee

jira. Keessumattuu yaadni maallaqni ilma namaa tolchee jira moo balleessaa jira jedhu, yaada Iftuutiin balleessaa jira jettee amanuuf isheenuu maallaqa barbaacha achitti argamte. Maallaqni ilma namaa tolcha jira jechuuf immoo namoonni maallaqa argachuuf jedhanii waan hin barbaanne hojjechuufi namarratti karoora akkasii qopheessuun yaada walii faallaa itti ta'ee sammuu ishee keessatti mormii uumee jira. Barreessanis waldiddaan asitti boce Iftuun gocha hamaa namni horii argachuuf namarratti taasisu yaada isheen walfalmisiisaa gochaa gadhee namni qarshiif jedhee namarratti raawwatu akkasii akka jiru agarsiisuu barbaade fakkaata.

> *…Osumaa qaamni isheetuu gabroomefi sammuun ishee akka hin gabroomnef hubatte Oromummaan ishee sammuu ishee keessaa akka bilbilaa itti qillise."Ati maqaa saba bal'aa kana balleechuuf deemaa jirta! Salphattuu! Kuni si marga! Amma ka'ii mana kanaa bahi!'' "kuni mana salphinaati! Xinnoollee hin saalfattuu ,safuu qabaadhu !" jedhaan. Gama kaaniin immoo "haati kee bar beelaan du'aa jirti, daddaafii dhaqqabi!" jedhee yaadni biroo sammuushee weerara. Haala kanaan yaadni ishee addaan faca'ee jira…* (safuu f.36-37).

Akka yaada kanaatti Iftuun haadha ishee dhukkubsattee ciistu, waanuma isheen nyaattulle bituufi hojii sammuun isheefi aadaan ishee hin hayyamneef hojjechuun hooteela aaddee Xajjituun keessatti yemmuu Xajjituun qajeelfama hojii kennituufi haalli hojiichaa jibbisisaa ta'uu irraan kan ka'e, hojicha hojjechuuf aadaafi safuun ummata ishee hin hayyamneefi, dhiisuuf haati ishee dhukkubsatte waan nyaattullee mana isaanii keessa kan hin jirre, teesse du'a eeggattu, ishee malee filannoo biraa hinqabdu. Haala kana keessatti yaaduma isheetiin hojjedhu, hin hojjetin ittiin jechaa yaadaan yommuu of falmitu agarra. Yaada kana yoo ilaallu Oromoon hammam yoo rakkate hojii xuraa'aafi jallaa hojjechuun kan hin feenefi yoo yaaleyyuu sammuun isaa kan isa ceepha'ufi kan didu ta'u agarra.

> *...Kana jechuun immoo''Eenyummaa koo kiisii kootiin osoo hin taane sammuu koo akkasumas booreefi xiiqii garaa kiyyaa qabu barbaaduun rakkina bal'aa keessa darbuun qaba'' jettee dogoggorarraa of oolchufi tarkaanfii fudhachuu qabduuf mormii baay'ee sammuu ishee wajjin gote.'' Abaarsa moo maganaa warra kootitu nutti darbe laata?''jettee of gaafattee yaada hedduu buustee fanniste….* (safuu f.41).

Akka yaadni kun mul'isutti Obseen Hoteella kana rakkinaaf jetteeyyuu yoo seente gocha gadheerra of eeguuf tarkaanfii fudhaachuu qabdu irratti yaada isheetiin yoo wal-loltu agarra. Fuulletti bahee yoo mul'achuu baateyyuu dogongora of oolchuuf jettee tarkaanfii akanaan fudhadha, lakki isa kana yaadni jedhu filaanoo tarkaanfii fudhachuu qabdurratti yemmuu yaadan wal diddu mul'ata.

*…sammuunis dabareen itti bilbilee, maal fuutee gara harmee keetii deemaa jirta? Eessa ooltee galaa jirta? jechuun gaaffilee itti tarreesse. Kana malees harmeen koo yoo lubbuudhaan na eegde, waan afaan keessa kaawwattu maal gochuutiin qaba? jettee of gafachaa dukkana keessa kophaa ishee karaa 'aspaaltii' ce'uuf yennaa jettu….* (safuu f.44)

Akka yaada kanaatti Iftuun haadha isheefi of gargaaruuf jettee, hojii sagaagalaa hojjechuuf hoteela dhaqxe. Garuu aadaafi safuun ishee, akkasumas sammuun ishee heyyamuufi waan dideef dhiistee gara mana deemuuf yoo jettu, yaada isheen harka duwwaa haadha ishee kan dhukkubsattee ciistutti deebi'uu jibbuufi hojii jibbisisaa kana hojjechuun haadha isheef waa bittee galuu giddutti yaadni ishee yoo dhiphatu agarra.

… xiqqeenya isheetirraa guyyaa hojiin humnaa milkaa'efii qarshii argate foon, gaafa dhabe ammo akaayyii yookiin 'buskuta' naqata (kiisii) isaatti baatee galee, akka abbaatti laatefii kan ishee guddise ta'u yoo yaadatte, ilaalchi gosa lamaa sammuu isheetti wal lole. Battalumatti wal bira gahanii walitti maramani...(safuu f.67)

Iftuufi Didhaan yemmuu shaashamanneedha gara Asallaa mana haadha ishee dhufan haati Iftuu aaddee Tolashini boqatte jirti. Iftuun osoo iyyitee boossuu obbo Jimaa argitee isaatti maramtee gadda ishee ibsachuuf jettee, yaada isheen kan inni ishee irratti raawwachuuf yaalefi akkaata inni ishee itti guddise yaadatte taasisuu hin taasisuudhaan yaadni ishee yemmuu wal lolutu mul'ata.

Mooyibooni Yuunivarsitii Jimmaatti barsiisaa otoo jiruu barattoota jeequmsaaf kakaafte jedhanii akka isa barbaadan jiran dhagahee gara keeniyaatin baqatee biyyaa bahe. Obseen immoo Yuunivarsiitii Haromayaati isaaf bilbiltuufiyyuu argachuu hin dandeenye. Sababbii kanaaf shakkiin itti uumamee yaada isheetiin yemmuu akkas jettu agarra;

"Dhirri onne akka qola 'shunkurtii' irraa ququunca'ee jijjiiramu danda'u qaba.'' Kan jedhameef yaadatte. Mooyiboon nama biraatiin na jijjiire ta'inna moo maal rakkatee hafuura dhokfatee?'' jette yaadde. Yaadaan bu'aa ba'ii faallaa ta'eerra qaarite. Obseen jaalallee ishee kabaja ishee dabarsitee kinniteef, yeroo dheeraaf dhabuun kan jalqabaa itti ta'ee yaada isheetiin shakkiifi sodaa qabdu yemmu yaada isheetiin mooyiboon natti jijjjiramee, naganuufi jettee yaaddi. Faallaa yaada kanaa jaalala walii qaban yoo yaaddu immoo maal rakkatee hafuura dhokfate jechuun, yaaddoo qabdu keessa ishee dhufaa yaadni ishee walitti bu'a. Kanarra kan hubannu barreessaan dhiibbaa gama siyaasaan saba isaa irra gahaa jiru ibsachuuf, Mooyiboon barattoota kakaasuun

akka falmatan waan tasiseef mootummaadhaan akka barbaadamaa jiruufi baqatee akka biyyaa bahetti boce.

Garuu Mooyiboon turtii baqatee miilaan karaa keeniyaatiin deema turetti jaalallee isaa Obsee karaa bilbilaa, ergaa yookiin xalayaa waan isa muudate beeksisun dhabuun dhugumma yaada kanaa gadi buusee jira. Bara teeknolojiin hangana fagaate karaa ittin waan isa muudate Obseedha ittiin beeksisu hin dhabu ture. Kanaaf barreessaan karaa biraa tolchee kalaquun osoo danda'uu Mooyiboon osuma odeeffannoo jaalallee isaatiin hin gahin turtii ji'a tokko miilaan osoo deemaa jiru Obsee jalaa dhabamee, isheen haala akkasii keessatti yaaddoofi sodaan haguuggamuun ishee akka hanqinaatti mul'ateera. Akkasumas dhugummaa yaada kanaa gadi buusee jira. Qooda kana karaa biraa tolchuu danda'a.

Akka waliigalaatti asoosaan waldiddaan gama xiinsammuutiin asoosama kana keessatti uumeto asoosama kana barreessee jira. Haa ta'u malee waldiddaan mul'atu kunniin waldiddaa xiinsammuu yoo ta'anillee, irra deddeebi'iin walfalmiin yaadaa hin mul'atu. Kan biraa asoosama bal'a hagas gahu keessatti waldiddaan xiinsammuu muraasa qofatti dhimma bahuun akka laafinaatti ilaalame.

### 4.4. Waldiddaa Alaa Asoosama Safuu

Waldiddaan alaa mormii namfakiin tokko namaafi waan naannoo isaa jiru wajjin taasisuudha. Waldiddaan alaa gosa saditti qoodama. Isaaniis: waldiddaa namaafi namaa, waldiddaa namaafi hawaasaafi waldiddaa namaafi uumaa/uumamaati (Duuba ilaali). Asoosama Safuu keessatti waldiddaan akkasii bal'anaan argama. Isaanis damee dameetti qooduun akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

#### 4.4.1. Waldiddaa Namaafi Namaa Asoosama Safuu

Waldiddaan namaafi namaa wal-dhabdee namfakiileefi namfakiilee gidduutti ta'uudha. Haaluma kanaan waldiddaan namaafi namaa asoosama safuu keessatti bal'inaan kan mul'atuufi gosoota waldiddaa keessa baay'inaan keessatti kan argamudha. Waldiddaa namaafi namaa namfkiilee giddutti asoosama kana keessatti kan argamu gama kam kamiin akka ta'e adda qoqqoduun xiinxalamuun akka armaan gadiitti kahama hinjiru.

**A) Waldiddaa Namaafi Namaa: Gama Koorniyaan**

Waldiddaan namaafi namaa keessaa waldiddaa saala walii faallaa isa tokkodha. Dhala namaa dhiiraafi dubara taasisee kan uume waaqayyodha. Isaanis waliin akka jiraataniifi akka wal horaniif. Adeemsa walitti dhufeenya dhiiraafi dubaraa kunis; kan fedhii, kan fedhii alaa ta'uu danda'a. Dhiiraafi dubarri fedhiin walitti dhufanii wal jaalachuun adeemsa jiruu keessatti wal-dhabuun gargar bahuu danda'u. Fedhiidhaan ala immoo, yemmuu fedhii foonii isaanii guuttachuuf, waldiddaa bira darbuun miidhaan qaamaafi lubbuu yemmuu qaqqabu ni mul'ata. Kanaaf kan saaxilamaan immoo yeroo hedduu dubartoota. Haaluma kanaan Asoosama safuu keessatti wal-diddaan; akkasii ni mul'ata.

Iftuufi Obseen namfakii guddaa asoosama kanaati. Iftuufi Obseen obbolaadha. Abbaafi haati Iftuufi Obsee, obbo Gadaa Tuulamaafi Aaddee Tolashiin lafti isaanii maqaa misoomaan irraa fudhatamee 'inveestaroota' kenname. Erga lafti irraa fudhatamee hiyyummaa keessa seenan. Sana booda adde Tolashiin garbummaa kulkulfattee rakkinaan Obbo Gadaa Tuulamaa wajjiin jiraachuu jibbitee jalaa deemte. Obseen hangafa Iftuu waan turteef abbaa ishee Obbo Gadaa biratti hafte. Aadde Tolashiin Iftuu garaatti baatti, yemmuu Shawaa kaabaa Garba gurraacha irraa gara Asallaa dhaqxu. Asallaatti Obbo Jimaatti heerumte. Iftuunnis achitti dhalatte. Akka abbaa ta'ee kan guddise Obbo Jimaadha. Garuu erga isheen guddattee ishee gudeeduuf rakkisuu eegale, waraabbii armaan gadii haa ilaallu.

> ...*Abbaan Buddeenaa ishee ilaalcha gaarii isheedhaaf hin qabu. Jalqaba gaafa Iftuun barattuu kutaa torbaffaa taatu irraa kaasee itti jijjiiramee ishee rakkisaa dhufe. Haala mijaahaa argate hundatti fayyadamee durbummaa ishee fudhachuu barbaada ture, … Iftuun hamma danda'ameen of eeguun alatti, haadha isheetti himuu waan sodaattef calliste … Gaafa tokko galgala harmeen Iftuu mana cidha olla isaanii jiru, Obbo Jimaa wajjiin deemanii … innis xinnoo turee ka'ee gara manaa gale. Mana cidhaatti dhugaatii fufudhatee ture. Haala mijataa jiru kana hubatee hojjettuu isaanii mana turte akka meeshaa bittuuf fagootti erge. Itti aansee balbala erga cufatee booda …"Dugda koo waan na dhukkubuuf koottu naaf sukkuumi!" jedheen Iftuudhaan. Bakka inni diriiree ciisetti itti siqxee dugda sukkumuudhaaf ennaa gad-itti jettu, utaalee ishee qabatee, siree irratti lafaan ishee dhahe. Kanaan booda Iftuunis shakkiin ishee dhugaa ta'uu yemmuu bartu, humna qabdu maraan fayyadamtee, harkaa bahuuf tattaaffii gochuu yaalte. Tattaaffiin ishee garuu hin mulkoofne."Gadi na dhiisii!" jettee itti iyyituus, innis harka tokkoon ishee Ukkaamsee qabee, harka tokkoon immoo kofoo isaa gadi butachaa gudeeda isheerra gadi-ciise. Ishiinis wixxirfachaa adaraa waaqaa… adaraa haadha kee, waaqatti sii magannee… ciicuun si qabe, gadi na dhiisi!! Uu…Uu…Uu!... jettee sagalee dhageechisuuf yaaltus namni isheef dhagahu*

*homaa hin arganne … Ta'us Iftuun osoo abdii hin kutatin ilkaaniin ofirratti ciniinaa, hamma dandeessuun wacaatee jalaa miliquuf yaalii itti fufte. Osoo haala kanaan wal-mormanuu balballi manaa tasa baname. Haati Iftuu waan harkarraa furtuu qabduuf balbala dura geechu sagalee intala ishee dhageenyan, "ni dhukkubsatte moo? maal taate?" jechaa balbalicha osoo hin rukkutin daddaftee bantee ol seente. Yoo ol seentu kan argite amanuu dadhabdee, sagalee ishee Ol-fuutee iyyitee. "Ani bade … ani bade … ilmootoo ani bade!" jechaa iyyite … Iccitii safuu kanaa akka Ollaan ishee dhagahuu hin feene … halkan san taa'aa bulanii barii intala ishee wajjiin barraaqa uffataafi meeshaa xinnoo qofa fuudhatanii manaa bahan…* (Safuu f. 8-11)

Waraabbii armaan olii irraa kan agarru waldiddaa lama. Innis waldiddaa Obbo Jimaafi Iftuu, akkasumas Obbo Jimaafi aaddee Tolashiiti. Akka aadaa Oromootti Oromoon daa'ima abbaa buddeenaa ta'eefi guddiseefi, kan guddifate akka ilmoo ofiitti ilaala. Oromoon waaqaafi lafaaf, waan lubbuu qabuufi hin qabneef, biqilootafi bineensotaaf safuu qaba. Akka waaraabbii kana keessatti agarrutti safuu cabetu mul'ata. Oromoon osoo hin cabin dura, yemmuu sirna Gadaatiin bulaa ture, gara jabinaafi hammeenya akkasii hin qabu ture. Erga hormaan walmakee aadaafi safuu isaa gataa dhufe. Asirratti kan agarru Oromoon cabuun aadaa, safuu, eenyummaafi duudhaa isaallee akka dagatu taasise. Magaalaan Asallaa immoo qabatama ishee yoo ilaallee, magaalaa sabaafi sablammiin garagaraa keessa jiraatuufi aadaan, eenyummaa, safuufi duudhaan Oromoo keessa bade waan taateef, obbo Jimaan aadaafi safuu hawaasa isaa dagachuu isaatu mul'ata. Barreessanis qaabatama magaalaa kanaa waldiddaa kana keessa dhoksee kan ibseefi hangam aadaan, duudhaaniifi safuun ummaata Oromoo hormaan akka liqinfamaa jiru ergaa dabarfachaa jira. Iftuun Obbo Jimaa waaqaan, haadha isaan, ciicuun yoo maganteeyyuu, inni safuun waaqaa, haadhaafi ciicuu gatuufi dagachuu isaa agarra. Kanaaf immoo sababni walmakuutiin aadaa isaa dagachuudha. Oromoon waaqaan, haadhaan, ciicuun si qabe jennaanin waraana ol kaaseyyuu gadi deebisa.

Waldiddaan asitti mul'atu, waldidda saala walii faallaati. Obbo Jimaan Fedhii foonii isaa intala umriidhaan isa hin gitne, intalatti isaa ooltu, abbaa buddeenaa ta'uuf irratti kana gochuu yaaluun 'Safuudha'. Moggaasni asoosamichaas kanarratti waan hundaa'u fakkaata. Kanuma irraa kan ka'e aadde Tolashiin Obbo Jimaadhaan addaan baate. Sababni Iftuun rakkoo kanaaf saaxilamte inni duraa abbaafi haati Iftuu addaan bahuudha. Kanaaf sababni immoo mootummaan garboonfataan lafa isaanii harkaa fuudhee abbaa qabeenyatii kennuudha. Osoo abbaa ishee biratti guddattee rakkoon akkasii Iftuu irra hin gahu ture. Dhiibbaan sirni mootummaa garboonfataa ummata Oromoo irraan gaha tureefi jiru, hammam akka bal'aa ta'e agarra. Rakkoo

hawaasummaa, maatii, xiinsammuufi kkf gama kanaan hawaasa Oromoo irra gaheedha. Barreessaan gama kanaan ergaan inni dabarfachuu barbaades isa kana. Gochaan akkasii qabatama ummatni Oromoo keessa tureefi jirudha.

Iftuufi haatishee erga Obbo Jimaa irraa adda bahanii mana kireeffatanii jiraachuu eegalani; haati Iftuu ogummaa waan qabduuf mana nama dhuunfaafi cidhaatti Ittoofi Buddeena tolchaa maallaqa argattuun jireenya dhiibaa jirti. Iftuunis gama isheetiin barumsa ishee cinaatti akkaayyii karaa irratti gurguraa haadha ishee gargaaraa jiraachuu itti fufan. Osoo akkanaan jiraatanuu haati Iftuu dhibamtee siree irratti hafte. Yemmu kana Iftuun ofiifi haadha ishee gargaaruuf hojii garagaraa barbaaddus argachuu hin dandeenye. Kana booda hojii intalli olla ishee Ayinaalam hojjettu mana majaahu seenuuf murteessite hoteela ‘ye cilaalo genet’ jedhu dhaqxe. Haati hoteela kanaa adeemsafi qajeelfama hojii gaafa itti himtu sammuun ishee fudhachuufi didee yemmuu dhiistee halkan gara mana ishee deemuuf jirtu, namichi maqaan isaa Didhaa jedhamu, akka waan ishee manaan gahu barbaadee fakkeessee konkalaata erga seentee booda humnaan fuudha gara Adaamaattii qajeele. Waraabbii kana haa ilaallu.

> *… konkolaataan magaalaa keessaa bahee … kallattii Adaamaa nama geessarra shararaa jira. Tasuma hin yaadne, baay’ee rifatte. Ni iyyite…! “na buusii … na buusi!” jettee akka sinbiraa wacce. Garuu namni ishee dhagahee hin jiru … Didhaan humnaan harka ishee hidhee magaalaa Adaamaa erga gahanii booda mana ciisichaa ‘peensiyoonii Hoteela maayaa’ bukkee jiru tokko wajjin buluuf konkolaataa dhaabe… Dhukkubsattuudha, dhiifama nuu godhaa isin jeeqne mitii?” jedha afaan mi’eeffatee.” mana yaalaa fideen amma ‘hospitaalaa’ baasee dhufaa jira’’ jedhee sobee namoota hanga ishee manaan gahatutti ofirra ittisaa ture.Yoo inni akkana godhee sobu isheen osoo dandeechee, mataa isaa dhooftee isa gombiftee biraa deemuu yookiin ammo qabdee seeratti isa geessuun, dhugaa jiru ifatti baaftee barsiisuun miidhaa namootni akka isaa dubartootarran gahan mormudhaan fakkeenya dubartoota biraatiif ta’uu yaadde. Garuu beelli, yaaddoon garagaraa, dadhabbiin, dubartummaaniifi kan biros wal ta’anii duula itti bahanii humna isheetii ol itti ta’ani… Gadi jedhee harka tokkoo harka lamaan ishee walitti qabee siree irratti ol darbe. Achi booda harka tokkoon immoo uffata ishee irraa mulqaa irra gadi ciise. Iftuunis miilla ishee akka haphee walitti maxxansaa, ilkaan isheetiin harka isaa ofirratti ciniinuuf yaalte…Harka tokkoon akkuma ishee qabetti, harka tokkoon ammo kofoo isaa hiikkachaa kofa ishee qimmiduufi kirkirsuu eegale. Iccitii ishee dhoksuuf miila walitti gogsitee qabdus yoo inni qimmiidu, isheen jalaa miliquuf ol-utalte. Si’a kana carraa argatee daddafee utaalee gudeeda ishii gidduu seene…kana booda didhaan kofoo isaa hiikkatee foon isaa fedhii saalatiif humnaan ol itti ta’e foon Iftuu fedhiinsaa du’e irratti irraaffate. Iftuun aa…aa…aa...aa jetti … Isheen ammo hamma xinnoo*

*booda bakka jirtu wallaalte, gaggabdee duubattii gadi gombifamte. Akkuma reeffaa Osoo hin warraaqin ciistee hafte..*.(Safuu f. 44-52).

Didhaan ilma Obbo Jimaa abbaa buddeenaa Iftuu rakkisaa tureeti. Jimaan Godina Arsii Aanaa Baleegasgar jedhamu osoo jiraatuu haati mana isaa dhukkubsattee duute. Lafa waan hin qabneef qotiyyoo qabuun lafa namaa hirtaa fuudhee qotee jiraata. Bara tokko hongeen horii waan jalaa fixeef waan ittiin qotu dhabee jireenya gadadoo keessatti kufe.Waan nyaatan dhabnaan ilma isaa warra Obbo Tulluu Badhaadhatti barsiisaa akka ergatan imaanaa itti kenne gara Asallaatti bade. Yemmuu kana Didhaan kutaa shan barata. Didhaan xinnoo erga tureen booda bade Adaamaatti gale. Achitti kophee haxaa'a baratee barumsa fixee qabxiin olaanaa waan galmeesseef carraa biyya alaatti barachuu argate. Erga achii deebi'ee baankii Awaash keessatti qacaramee hojjeta. Guyyaa gaafa Iftuun walitti dhufan kanas abbaa isaa Obbo Jimaa Asallaa jiraachuu dhagahee barbaacha oolee, waan dhabeef aaree dhugaatii baay'ee erga dhugee machaa'e booda Iftuu irratti hammeenya akkasii akka raawwatuuf sababa kan ta'eefi. Waldiddaan barreessaan asitti uume, dhiibba dubartoota irra gahu kan calaqqisiisudha. Akkuma mul'atu Iftuun Abbaafi Ilmaan dhiibbaan yoo irra gahu agarra. Didhaan gara jabinaafi hammeenya abbaa isaa irraa waan dhaale fakkaata. Haa ta'u malee Didhaan Dubartii waan taatef qofa, fedhii isaa guutachuuf ishee barbaade malee akka isheen Obboleettitti ooltuf, intala haadha buddeenaa isaa akka taate hin beeku.

Iftuunis isaa hin beektu. Ta'uuyyuu Didhaanis gara jabina akka qabu agarra. Tarii gara jabina isaaf sababa kan ta'u immoo karaa irratti guddachuun isaa gara jabeessafi safuu waaqaafi lafaa, kan lammiis akka wallaalu waan godhee fakkaata. Iftuun lammii kiyya jetteenii amante konkolaata isaa seente. Inni garuu waa'ee lammummaa irraanfatee jira. Karaa irraa ijoollee saba garagaraa wajjiin jiraachaa ture. Amala garagaraa, gara jabina, gocha safuu ilaalaa dhagahaa guddate waan ta'eef safuufi aadaa saba isaa dagatee jira. Kanatti dabalee abbaa isaa dhabuun dhugaatii garmalee dhuguun, gocha isaa kanaaf humna dabaleefi jira. Iftuun rakkoo lamataa kanaaf akka saaxilamtu sababni dura akkuma dura ibsame, addaan bahuu abbaafi haadha isheeti. Kanaaf immoo sababni sirna mootummaa abbaa hirree lafa isaanii humnaan irraa fudhachuudha. Haati Iftuus hiyyummaafi garbummaa jibbitee abbaa manaa isheen addaan bahuun rakkoo akkanaatiif saaxilamtee jirti. Balleessaan aadde Tolashii haadha Iftuu abbaa manaaa ishee wajjiin jiraachuun karaa ittiin hojjetanii hiyyummaa keessa bahaniin barbaadu osoo dandeessuu abbaa

manaa ishee hiiku hin qabdu. Aadde Tolashiin asitti safuu waaqaa cabsitee jirtu. Balaan ishee intala ishee irratti abaarsa waan fide fakkaata.

Gara biraatiin dhiibbaa ummata Oromoo gama siyaasaan irra gaha jiruun rakkoo maatii irra gahe hangam miidhaa guddaa akka qaqqabsiise, ergaa barreessaan dabarsuu barbaadedha. Kan biraa lammiin keenya meeqatu lammii kiyya na gargaara dabarsee na kennu, na hin ajjeesu, na hin ajjeesisu jedhee lammii isaa dahoo godhate, garuu akka inni abdate osoo hin ta'in, dabarsee bineensa alagaa kan nyaachise, kan ofuma nyaate, lakkoofsa kan hin qabne ta'uu kan agarsiisuu yoo ta'u, barreessanis waldidda as keessatti dhiyeessetti fayyadamuun erga dabarfachuu yaaluun isaa cimina dha. Garuu Iftuun takkumaan Didhaa amantee konkolataa isaa lixuun, Adaama gahanii yemmuu gara mana siree deeman Didhaan Iftuun dhukkubsattuudha, Hospitaalaa baanee dhufa jirra, jechuun sobee namoota bira darbuun isaa dhugummaa isaa gadi buusa. Dubartii nama ishee hin beekne humnaan qabee deemanii jiru, hammam yoo dadhabdeeyyuu sagalee xinnaafi mallattoonis yoo ta'e namoota achi jiran akka isheef birmaatan gochuu ni dandeessi. Dabalataan hammam yaadni yoo itti baay'ateeyyuu nama hin beekne konkolaataa isaa callistee seenuun dhugummaa isaa gadi bu'aadha. Barreessaan filannoo biraa uumuu ni danda'a ture. Kan biraa Iftuun abbaa buddeenaa isheetiifi ilma abbaa buddeenaa isheetiin dhiibbaan akkasii irra gahuun qabatama addunyaa dhugaa irratti muudannoon akkasii dhibbeentaa xiqqaadha. Nama amansiisu irratti dhugummaan isaa xiqqaadha. Kun akka laafinaatti ilaalame.

Waldiddaa namaafi namaa gama saala walii faallaan barreessaan kalaqe asoosama Safuu keessatti mul'atu kan biraa waldiddaa Obseefi barsiisaa isheeti.

> *…Abbaan Obsee ishee barsiisee sadarkaa guddaa irraa akka isheen geessu hawwii isaa ture. Obseenis kana milkeessitee Yuunivarsitii Arbaamincii siivil Injinariingii barachuuf galte. Akkuma Yuunivarsitii galteen xumura Sem. 1[ffaa] irratti yeroo isheen qorumsa irra jirtu abbaan ishee waan boqateef, qorumsa dhiistee awwalcha abbaa ishee deemte. Qorumsa ishee jala darbe akka qoran iyyata dhiyeeffatte ta'us, muummeen ishee raga afoosha ykn gandaa dhiyeeffadhu jedhaniin. Yoo isheen fidattee deebitu sagantaan (schedule)'n barnoota dhaabbatichaa cufameera jechuudhaan milkaa'ufi dide. Kan biraa barsiisan ishee barumsa qormaatni jala darbe barsiisu fedhii biraatiif waan ishee barbaadee isheen immoo diddeef garaa isheetti jabaate. Yaada kamiinuu ishee gargaaruu dide...*(Safuu f.71).

Waldiddaan barreessaan asitti seenesse waldiddaa gama saala waliifaallaatiin. Akkuma armaan olitti agarru, barsiisaan Iftuu fedhii foonif ishee barbaadee, isheen garuu waan diddeef sababa

qorumsa ishee jala darbeen haloo yemmuu ishee bahu agarra. Qorumsi ishee jala darbe lama waan ta'eef qabxiin sem. $2^{ffaa}$ ishee barsiisuu hin dandeenye. Obseen sababa kanaan barumsa waggaa tokko irra deebite. Kana booda haati ishee akka Asallaa jiraattu waan dhageessef haadha ishee barbaacha Asallaa dhaqxe. Garuu argachuu hin dandeenye. Kana booda mana buna seente hojii humna hojjechuuf murteessite. Barreessaan ergaan inni asitti dabbarfachuu barbaade dhiibba dubartoota irra gahu ibsuudha fakkaata.

**B) Waldiddaa Namaafi Namaa: Gama Siyaasaan**

Waldiddaan akkasii waldiddaa Olaantummaa Siyaasaa argachuuf taasifamuudha. Ummanni Oromoo sirna bulchiinsaa mataa isaa qaba. Sirni kunis sirna Gadaati. Sirni mootummaa abbaa hirree dhufee isa bituu yemmuu yaalu, tole jedhee harka hin kennine. Falmiifi wareegama gurguddaa taasisaa ture. Haa ta'u malee Oromumaan, Oromoo cabsaanii akka moo'amu taasifame. Kanaaf waldiddaa gama kanaan asoosama kana keessatti mul'atan ni jiru. Waldiddaa kanneenis bifa armaan gadiin xiinxalamanii jiru. … "Magaalaa Itayyaa yoo gahu, ganda Aanolee fageenyatti ijaan gadi ilaalaa, seenaa Aanolee dhagaheefi dubbise yaadate. Aanolee bakka Minilik II itti dhiira harka mirgaa, dubartoota Oromoo ammo harma mureedha." … (Safuu f.69)

Waldiddaan asitti agarru kan namfakiilee gidduu osoo hin ta'in seenaa dhugaa Oromoon Arsii Milinik II bitamuu diduun falmii Aanoleetti taasisanii wareegama kanfalan agarra. Kanammoo Didhaatu abbaa isaa Obbo Jimaafi Iftuutti bifa seenessuun himaa jira. Waldiddaan asitti mul'atu waldiddaa namaafi nama gidduutti dhugaan taasifameedha. Ummanni Oromoo Mootii Miniliki bitamuu diduun iddoo garagaraatti diddaa taasisaa ture. Yeroo baay'ees moo'ate Miniliki duubatti deebisanii turan. Haa ta'u malee mootiin Milinik Goobana Daaccee dursee tooftaa kanaaf soddaa kan godhateefi meeshaa ammayyaa Awurooppaa irraa argateen Oromoo cabsuu danda'ee jira. Barreessanis namfakiin seenaa darbe kaasuun, akka seenessuu taasisuun, miidhaa mootiin Minilik ummata nannawaa Arsii keessattuu Aanoleetti taasise yaadachisuun erga dabarsa jira.

… "Qabsoo barattootaa, Oromoo godhan keessatti olaantummaadhaan hirmaatu. Mooraa 'Yuunivarsitichaa' isaanii keessatti akka 'VIP'tti ilaalamu. Barattootafi barsiisota hunda biratti ni kabajamu." … (Safuu f.86).

Akka yaada armaan oliirraa agarrutti Obseefi Mooyiboon mormii Yuunivarsiitii keessatti barattoonni mootummaa abbaa hirree irratti taasisaan dursuun itti hirmaachaa turuu isaanii agarra. Waldiddaan barreessaan asitti boce qabatama ummanni Oromoo waggaa kurnan sadan darban keessa ture kan agarsiisudha. Mootummaa dhufee darbu hundi itti wal jijjiiree Oromoo waggaa 150 oliif bitaa ture. Ummanni garbummaan itti hadhaa'e, waggaa jahan, darbaniif sodaa tokko malee rasaasa qacceetti osoo hin dabalin, hidhaaafi ajjeechaa osoo hin sodaatiin mootummaa wayyaanetiin mormaa ture.

Obseefi Mooyiboonisa gama isaaniitiin gahee isaanirraa eeggamu bahacha turan akka barreessan seenessutti. Waldiddaan asitti mul'atus waldiddaa barattootni Oromoo Obseefi Mooyiboon fa'a mootummaa abbaa hirree wajjin taasisaan, mirga ofiin of bulchuufi biyya ofii irratti abbaa ta'uuti. Barreessanis yemmuu kitaaba kana maxxansu ka'umsa diddaa garbummaa kanarra waan ta'eefi hawaasnifi barattoonni Oromoo Yuunivarsitii garagaraa keessatti barataniifi sadarkaa 1ffaafi 2ffaa gara qabsoo kanaattii akka makamaniifi kaka'an gochuuf ergaa isaa dabarfatee jira. Waldiddaan asitti bocames qabatama ummanni Oromoo waggoota dhihoo darbaniif keessa tureefi dhugaa tureedha.

> *...sababni isaa dhaabbata hidhannoodhaan socho'aniif dahoo ta'uun shororkeessitootafi mankararsiitoota waliin walitti dhufeenya qabdu kan jedhuudha. Dabalataanis ummata kakaaftanii mootummaarratti duulchisaa jirtu. Kana kan raawwachaa jirtan immoo barattoota Iftuu Gadaa, Oftaanenus Keenyaan, Boontuu Abdii, Odaa Qama, fa'a kan jedhamaniidha jechuudhaan, barattoota gumii Afaan Oromoo keessatti aadaafi Oromummaa barsiisuu yoo ta'ee malee, badii tokko malee, badii tokkollee hin uumin keessaa, gareen humna poolisii shaalaqaa Girmaayee Habteetiin hogganamu Boontuu too'annoo jala oolche.* …(Safuu f.99)

Waldiddaa barreessaan asitti uume, waldiddaa barattoota gumii Afaan Oromoo keessatti hirmaataniifi qaama mootummaa gidduutti. Mootummaan wayyaanee nama ishee falme tooftaa ittiin hadheessitu shororkeessaafi mankararsitoota ittiin jechuun, kiyyootti ittiin galfachaa turte. Garuu osoo dimookiraasiin dhugaa jiraatee, shororkeessitoonnifi mankararsitoonni isaan ture. Gochaan akkasii waggoota 28 darbaniif ummata keenya irratti raawwatamaa ture. Mootummaan wayyaanee maqaa ABO'tiin meeqa ajjeeste, miila irraa kutte, jiruu nama meeqatu bade. Ummanni Oromoo gaafa itti hadhaa'u fuulletti bahee mormachuu eegale. Hundinuu bakka jirutti falmii jalqabe. Barattoonni gumii Afaan Oromoo keessatti hirmaachaa turanis kanuma godhani. Waldiddaan asitti ta'aa jirus diddaa birmadummaa, bilisummaa, biyya ofii irratti abbaa ta'uufi

ofiin of bulchuuti ture. Ergaan barreessaan dabarsaa jirus ummanni Oromoo dammaqee tokkummaadhan akka falmatu ture.

> *…Mooyiboon adeemsa baruufi barsiisuu bukkeetti barattoota saba isaa ta'an ni gorsa, Yuunivarsiitii Jimmaa dhaqee ji'oota shan booda jeequmsi barattoota jidduutti uumame. Mooyiboon jeequmsa kana qindeessitee jirta jedhamee shakkame. Dhugumatti immoo Mooyiboon qindeessuu irratti gahee Leencaa taphatee ture. Mootummaan siyaasaaf jedhee amantiidhaan saba walitti buusaa, akkuma mootummaa habashoota duraan darbanii karoora qoqqoodaniii bituu jedhu waan qabuuf ummata walficcisiisaa jira jechuun barattootatti dhaamsa daddabarsee akka qabsa'an kakaasee jira.* …(Safuu f.103)**.**

Akka yaada kanarraa arginutti waldiddaa barattoota yuunivarsitii Jimma barataniifi barattoota kan qindeesse Mooyiboonifi mootummaa giddutti uumameedha, akka barreessaan bocetti. Kufaatii wayyaneef mormiin barattoonni yuunivarsiititti taasisan gahee olaanaa taphate. Sirna kana keessatti ummata amantiidhaan, gosaan adda qoodanii bituun tooftaa isa duraa ture.Tooftaa kana irratti dammaqanii akka falmataniif, Mooyiboon barattoota dadammaksaa ture. Mooyiboon 'Leekchara' ture. Barsiisonni Yuunivaarsiitii fuulletti bahanii akka barattootaatti mormii taasisuuf hin mijatuuf. Garuu akkaataa mijateefitti barattoota ijaaruufi qindeessuun maal maal gochuu akka qaban karaa agarsiisu. Gochaan kun qabatama ummata Oromoo yeroo dhiyootti keessa ture kan agarsiisudha. Barreessaanis barsiisonni Yuunivarsiti falmii barattoonni taasisan cinaa dhaabbachuun beekumsa isaanitiinifi waan danda'aniin qabsoo barattootni taasisan cinaa akka dhaabbachuu qaban agarsiisaa jira.

Iftuun sababa gumii Afaan Oromoo keessatti hirmaatteef "dhaaba hidhate deeggartu, mootummaa irratti ummata kakaasa jirtu" jedhanii osoo barbaadamtuu, balaan konkolaata ishee muudate. Sana booda yaalaaf gara Afrikaa kibbaa deemte. Didhaan dursee gara Kanaadaa fudhachuuf adeemsa irra waan tureef, haala mijeessee Afrikaa kibbaa irraa, erga yaalamtee fayyitee dr. Gaarumaa waliin gar Kanaadaa deeman. Mooyiboon sababbii barattoota jeequmsaaf kakaafte jedhanii akka isa barbaadan dhagahee karaa Muuyyaleetiin Keeniyaatti baqate. Mooyiboon obboleessa dr. Gaarumaa waan ta'eef, dr. Gaarumaan haala mijeessefi innis gara Kanaadaa dhaqe. Sana booda Mooyiboon immoo hiriyoota isaa wajjiin ta'ee Obseef haala mijeessaa Obsees gara Kanaadatti fudhatan. Kana booda dhalattoota Oromoo biyya sana keessa jiraatan waliin walgahanii akkaataa itti qabsoo ummanni Oromoo biyya keessatti taasisaa jiru cinaa dhaabbatan irraatti mar'iachuuf wal-gahan.

Walgahii kana irratti hundi isaanitu dabaree dabareen yaada isaanii kennan. Firoomsaafi Soorettitti aanee yaada kan kenne Obbo Guutaa Tolasaati. Obbo Guutaan 'imbaasii' mootummaa Itoophiyaatti muudamee kan hojjetuudha. Innis dhimmi kun na ilaallata jedhee, walgahii kanarratti argamee. Carraa duubbachuu argatee, yaada isaa haala kanaan ibsachuutti ka'e.

> *…Oromoon yeroo ammaa kana tokkummaa qaba. Mirga ofiin of bulchuu argatee afaan isaatiin baratee hojjechaa jira. Ummatni keenya kana booda kan barbaadu misooma, nageenyaafi ummata ollaa isaa jiru wajjin walii galee hiyyummaa irratti duulee dhabamsiisuudha. Diinni ummata keenyaa kan yeroo ammaa kana hiyyummaadha. Kana balleessuuf immoo sochii guddaa gochaa jirra" jedhe. Itti fufuuf yoo inni jedhu namootni wacaanii haasa'a isaa addaan jalaa kutan. "Ati ergamafi qajeelfama sitti kenname gaggeessuuf deema jirta.*

> *… Obbo Fiqiruu Jaarraatis carraa argatee dubbii isaa jalqabe. "Anis akka kootitti ummatni Oromoo yeroo ammaa kana wanti dhabe hin jiru, mirga, nageenyafi bilisummaa guutuu qaba. ofiin of bulchaa jira. Seenaa isaa ijaarachara. Afaan ofiitiin baratee hojjechaa jira. Aadaafi duudhaa ofiitiin bula… kana hundaa kan mirkaheesse immoo mootummaadha. Kan isin jetten yaada qabatamaa hin qabnefi waan mul'atu miti" jechuudhaan haasa'a isaa itti fufuf yammuu jedhu namootni hedduu itti gungumaan. Innis gungummii isaanii yoo dhaggeeffatu sagaleen keessaa dheeratee bahu gurra isaa tolchee seene. "Ati eenyu akka taate, kaayyoo eenyuu galmaan gahuufi gaggeessuuf akka deemtu si beekna" jechuun ture namootni … "Isin warri asitti argamtan baay'een keessan dhiphootafi sanyummaadhaan deemtu! 'inaante zaranyooch inaant xababooch nachuw'!" jedhee Afaan Amaaraatiin irra deddebi'ee dubbachaa walgahiichaa gatee biraa bahe. …* (Safuu f.139-140)

Waldiddaan barreessaan asitti uume lama. Inni duraa Obbo Guutaa Tolosaafi namoota walgahii irratti hirmaataniidha. Sababni isaatis Obbo Guutaan Impaasii mootummaa Itoophiyaa keessa waan hojjetuuf, kaayyoo walgahii kanaa yaada falleessu dhiyeesse. Inni ummanni oromoo miidhaa (garbummaa) keessa akka hin jirretti dubbachaa jira. Egaa akkuma mammaaksi "Abbaan fedhe waan fedhe haa jedhuu, kiyya garaan achii naaf haa jedhuu" fakkaataa, namichi kun osoo dhugaa jiru beekuu, sababbii mootummaa irraa fayyadamaa jiruuf, akkaa waan miidhaan hin jirreetti yaada isaa dhiyeesse. Kanammoo namootni miidhamuu ummata Oromoof dhugaan qabsaa'uuf achitti argaman yaada namichaa kanaatiin mormanii addaan kuchisiisan. Egaa guyyaa Oromoon harka diinatti kufe irraa eegalee Oromoo dabarsee kan garboomsaa ture Oromoodhuma. Kanaaf fakkeenyi Goobana Daacceeti. Minilik Oromoo humnaan moo'achuu akka hin dandeenye gaafa hubate, Goobana Daacceetiin soddoome. Goobanni immoo yeroo sana waraanan cimaa waan ta'eef, isatti fayyadamee Oromoo iddoo garagaraa akka moo'ate seenaan ni hima. Wayyaanenis kan taasisaa turte kaanuma. Namoota barataniifi beektota biyyaa ariitee,

namoota hin baratin, kutaa shan, jaha baratan aangotti ol yaafte. Namoonni kunnin eenyummaa isaanii garaa isaanii kan ta'e, bilisummaan isaanii ofii isaanitiif mana gaarii ijaaratanii cooma nyaachaa 'uskii' unachuudha. Sabni isaanii lafa isaarraa yoo buqqa'u, eenyummaa isaa yoo dhabu, yoo hidhamuufi yoo du'u, isaan "Garaan quufnaan millii garbicha" akka mammaaksi jedhu callisanii ilaalaa turan. "Kan nu fixe jallaa keenyaa qottoon maal nu godhe" jedhe mukni" akka mammaaksi jedhu, callisanii ilaaluu qofa osoo hin taane Oromoon gaaffiin isaa deebi'e jira jechuun diina wajjiin qabsaa'otatti duulaa turan. Obbo Guutaa Tolosaa isaan keessaa nama tokko. Barreessanis akkaataa diinni qabeenyuma Oromoon, Oromoo bitee walii walii keenya ittiin cabsee nu bitaa ture kana ergaa dabarsee jira. Kunis qabatama biyya keenya keessa tureefi jiruudha.

Kan lammataa waldiddaan asitti mul'atu Obboo Fiqruu Jaarraatiifi hirmaattota walgahichaati. Obbo Fiqiruun nama eenyummaan isaa Oromoo hin taane, garuu fakkaatee bulaadha. Innis akkuma Obbo Guutaa Tolosaa Oromoon akka homaa miidhama keessa hin jirree, ofiin akka of bulchaa jiru, aadaafi afaan isaa guddifachaa jira. Kanammoo kan mirkaneesse mootummaadha jechuun dubbata. Yaada kana hirmaattonni harkatti mormani.

Gaafa kana aaruun isin dhiphoota, gosummaa gaggeessitu jechuun hirmaattotaan walolee bahe. Jechoonni dhiphoota, gosummaa jedhaman kunniin yemmuu Oromoon mirga isaa kabachiifachuuf gaaffii dhiyeessu, hamilee ittiin rukutuuf kan wayyaanen waggoota darbaniif itti gargaaramaa turteedha. Akkuma namichi kun dubbachaa jiru, Afaan keetiin barachaa jirta, ofiin of bulchaa jirta, aadaafi duudhaa kees guddifachaa jirta jechuun mooksaa lafa isaa irraa buqqisaa, Albuuda irra lafaafi keessa lafa Oromiyaa saamaa turan. "karra abbaa keetii yoo hormi saamu, atis wajjiin saami" akka jedhamu keenyas alagaa wajjiin saamaa, saamsisaa ture. Oromiyaa keessa namoonni akka Fiqiruu Afaan Oromoo danda'an garuu eenyummaan isaanii Oromoo hin taane, Aanaadhaa eegalanii hanga Naannotti kan aangoo irra jiran danuudha. Warri akkasii gaaffiin Oromoo akka hin deebineef warra gufuu ta'aniidha. Kana malees qabeenya Oromoo akka kan isaanii hin taane beeku waan ta'eef, gara laafina tokko malee saamaa jiru. Barreessaniis fakkaattota akka namicha kanaa ummata keenya miidhaa akka silmiitti numatti maxxananii nu xuuxaa jiraan akka ofirraa buqqisnu akeeka waan jiru fakkaata.

**C) Waldiddaa Namaafi Namaa: Gama Diinagdeen**

Waldiddaan namaafi namaa gama diingdeen fuulletti namfakiilee gidduutti osoo hin ta'in, bifa seenessuutiin yaada dhiyaatan dhiibba gama diinagdeen ummata Oromoo irra gahaa turanitu bal'inaan dhiheesse barreessan. Haluma kanaan waldiddaan namaafi namaa gama diingdeen bifa armaan gadii kanaan xiinxalameera.

…Waan garmalee beelofteef diduun hin barbaanne sirumaa akka habashoonni warqii Shaakkisoo qotanitti 'saayinii' geengoo 'habashaa' jedhurraa haqooqxee nyaatte… (safuu f.61)

Iftuun haadha ishee kan dhukkubsattee ciistu gargaaruuf jettee, hojii sammuun ishee itti hin amanin hojjechuuf hoteela dhaqxe. Garuu haalli hojichaa waan ishee jibbisiisef halkan yemmuu gara manaa deebi'aa jirtu, Didhaan karaatti itti dhufee akka nama ishee gaggeessun yaadetti konkolaataa erga seente booda humnaan  Asallaa irraa gara Adaamatti geessee. Erga wajjin bulanii barii yemmuu ciree inni affeere nyaatan yaada kana yemmuu isheen yaaddu agarra.

Waldiddaan asitti agarru Iftuun yaada isheen yemmuu namoota warqii Shaakkisoo saamaa jiraniin walitti buutu agarra. Qabeenyi Oromiyaan qabdu keessaa Albuunna akka warqee isa ijoo yoo ta'u, Oromoon erga habashaadhan cabee hanga har'attillee qabeenyi isaa kan lafa keessaafi gubbaa saamamaa jira. Oromoon abbaan qe'ee qabeenyuma isaa irratti deebi'ee harka garboofataa kajeelaa kan jiruufi deebi'ee harka isaanii soorachaa jiraachuu agarra. Oromiyaarratti abbaa ta'ee olaantummaadhaan jiraachu kan qabu Oromoo ta'uu osoo qabuu aadaa, afaanifi eenyummaan isaa hamma jijjiramee leemmatiin inni itti nyaatus hanga kan hormaa ta'uutti gahuufi qe'ee isaa irratti, osoo qabuu diinagdeen akka duubatti hafu diinni waan taasiseef hiiyyummaa keessa jiraachuu ummata keenyaas nutti agarsiisa.

> *…yennaa jimaa dhaabuu barbaadan ammo dursaatoo nama Azaal-Qallanii jedhamutti sagadaatii gabbaraa jedhaan. Haala kanaan namoota biyyaa Turkiirraa isa duukaa dhufan kaniin jalatti bulee Oromoon akka bitamuufi gabroomu tooftaa uumee biyya isaa keessatti saba Oromoo gurguraa ture. Qabeenya isaatitti akka hin fayyadamne dhoorkaa ture. Namni kun siidaan yaadannoo isaa har'a magaalaa harar keessa jiraachuu kan hin qabneeyyudha jette…..Anuu walaloo weellisaa tokkoo dhagaheen jira. Innis akkas jedha jedheen ,*
>
> *Abaadir baate aduun*
> *karaa hin bulle*
> *Naa sossobde malee*
> *Atuu garaa hin murree! Kan jedhu dhagaheen jira. Namtichi kun Oromoo fakkaachaa saba Oromoo qabeenya isaa saamaa kan turedha.* (Safuu f.91)

Mooyiboon yemmu gara Yuunivarsiitii Haromayaa Obsee geessuu dhaqe gara magaala Harar bashannanaaf yemmuu deeman seenaa darbe kaasanii haasaa yemmuu jiran agarra. Obseefi Mooyiboon seenaa darbe kaasanii haa haasa'aniyyuu malee akka arginutti namichi Amiir Abdulayi jedhamuufi hawaasa(ummata) Harar gidduutti waldiddaa ture agarra (mul'ata). Namichi kun tooftaa sobaatiin saba Oromoo yeroo sanatti qabeenya saamaa ture. Amantaa fakkeessuun yoo Azaal-Qaltanii sagaddan malee midhaan, bunni, jimaan isiniif hin margu loon isiniif hin horu jechuun maqaa amantaan qabeenya ummata Oromoo saamaa turan.

Akkuma walaloo armaan olii irratti agarru hawwaasni ogafaaniitti fayyadamuun walaloo qindeessee yommuu diddaa isaafi komii isaa dhiyeeffachaa ture agarra. Har'as maqaa amantaatiin uummanni Oromoo lafti isaa, qabeenyi isaa, afaaniifi aadaan isaa saamamaafi badaa jira. Guyyaa akkasii ayyaana hin hojjetiinaa jechuun, mana amantaaf jecha lafa harkaa fuudhuun, nyaataafi dhugaatii qopheessisuun dilbataafi guyyaa namni du'etti saamaa jiru. Kanaaf uummanni keenya kanarratti dammaquun of irraa hanbisuu qaba. Amiir Abdulaayis waanuma akkanaati kan raawwachaa ture. Kanatu akeekama jira.

> *Dhimma biyyaa kana kan akka cunqurfamuu mirga sabaa, saamicha dachee uummata Oromoofi buqqa'uu qotee bulaa lafa isaa irraa osoo beenyaa sirrii(gahaa) ta'e hin laatamiiniif fa'i kaasanii gadi fageenyaan sadarkaa inni irra jiru ilaalaa mari'atu. Furmaata rakkoo kanaaf ammo qabsoo biyya keessaafi biyyoota gara garaa keessatti finiinsaa, Oromootni akka kaka'an gochuu ni yaadu.(*Safuu f.113)

Iftuufi Obseen erga haalli isaanii mijatee Kanaadaa galanii booda hiriyyoota isaanii wajjin karaa ittiin uummata Oromoo dacheen isaa seeraan ala harkaa fudhatamee jiru irratti maal gochuu akka qaban yoo mari'atan agarra. Kanaafis qabsoon biyya keessaafi alaa taasifamuu akka qabu irratti walii galu. Akka yaada kanarraa agarru uummanni Oromoo erga guyyaa garbummaa jalatti kufee kaasee hanga har'aatti bilisa bahuuf diddaa karaa qindaa'eefi hin qindoofneen taasisaa tureera. Asittis kan mul'atu diddaa uummanni Oromoo lafa isaa gadi dhiisuu diduun dhuunfaan, gamtaa biyya keessaafi alaan mootummaa garboonfataa wajjin taasisaa ture agarra. Kun dhugaa ummanni Oromoo keessa darbedha.

> *….Abbaan koo akka haati koo natti himtetti nama barate ta'us lafa abbootii isaa mootummaan waan irraa dhaalee investarootaa kenneef, inni lafa hin qabu. Kanaaf jireenyi itti ulfaatee lafa nama biroo qotuufi hojii humnaatiin waan jiraataniif hiyyummaan baay'ee isaanitti cime. Haati kootis "Hiyyummaan balbalaan yoo seene, jaalalli foddaarraan ba'ee bada" akkuma jedhan abbootiin,*

*isheenis hiyyummaafi garbummaa kulkulfachaa jiraachuu jibbitee abbaa koofi obboleettii koo Bilisee jedhamtu dhiistee jireenya fooyya'aa barbaaduuf biyya qaxxaamurtee gattee biraa badde. Yeroo kana yoo gara magaalaa Asallaa dhuftu ana garaadhaa na qabdi turte….*(Safuu f. 117)

Wal-diddaan asitti mul'tu lama. Wal-dhabiinsa abbaa Iftuufi Obsee mootummaa abbaa irree wajjiniifi sababa kanaaf abbaan Iftuufi Obsee haadha warraa isaatiin wal-dhabuudhaan akka Iftuun haas'aa jirtutti. Abbaan ishee Lafa isaa gad-dhiisuu diduun akka mootummaa wajjin falmii taasiseefi humna isaa ol ta'ee akka harkaa fudhatan ni mul'ata. Sababa kanaan haati isaanii Tolashiifi Abbaan isaanii Gadaa Tuulamaa walitti bu'anii addaan bahanii jiru. Egaa dhiibbaa mootummaan garboonfataan saamicha lafaafi qabeenya taasisaa tureen maatiin diigamuu, rakkoo hawaasummaa, xiinsammuu maatii ummata Oromoo irraa gahaa akka turee agarra.

**D) Waldiddaa Namaafi Namaa: Gama Amantaan**

Waldiddaa gama amantiin, yemmuu namni tokko nama biraa amantii isaa akka inni hin hordofne dhoogguun dhiibbaa irraan gahu uumama. Akkasumas amantii duraan waaqeessan dhoorguun amantii biraa akka hordofan yemmuu dirqamsiifaman waldiddaan uumamuudha. Asoosama Safuu keessatti waldiddaa namaafi namaa gama amantiitiin iddoo lamatti mul'ata.

Didhaan Iftuu humnaan wajjiin bulee, barii wanta godhe hundaaf dhugaatii dhugee akka dogongore jilbatti kufee dhiifama gaafate. Of duraafis akka wajjiin jiraatan waadaa galeefi. Sana booda daawwannaa Laangannoo deemanii, achumaan shashamannee bulanii barii karaa Qarsaan gara Asallaa yemmuu deemaa jiran, Didhaan Iftuutti seenaa magaalaa Qarsaafi naannoo ishee itti himaa. Mee waraabbii armaan gadii haa ilaaluu,

*… Didhaan konkolaataa isaa suutuma konkolaachisaa akka Iftuun hin mukoofneef waa'ee bosona Oromiyaa kan ammaafi kan durii akkasumas waa'ee magaalaa Qarsaa, tulluuwwan dhakaa Boraa, Gaara Ciiqee, Waajii Qorraa, Gaara Quubsaa fa'a kan beeku itti himaa taphachaa gara magaalaa Asallatti deemuu jalqaban keessattuu Ormootni yeroo durii naannawa magaalaa Qarsaa jiraatan mormii isaan amantii kiristaanaa mootummoota darbanirraa fudhachuu diduuf godhan yaadatee kan inni itti hime Iftuu baay'ee raaje ture. Kunis:*

*"Hintaane kiristinnaan Badhaasaa(Badhaanee)*

*Irra deebi'aa kaasaa*

*Nuti aannan keenya dhuguu hin dhiifnu*

*yoo feetan sa'aafi qabee kiristannaa kaasaa jedhe warri Qarsaa*

*kan manni martuu bookaaf baksaa."jedhee bifa yeedalootiin itti hime…(Safuu f.65-66)*

Akka waraabbii kanarraa arginutti, sirni mootummaa darbe siyaasaafi amantii walduukaa gaggeessa. Keessattu amantii hawaasa ittiin amansiisufi sodhachisuuf itti gargaaramu. "Akkuma mootiin Hayila Sillaasee, waanan ani raawwadheef qofa, wantin ani rawwadhe dogoggoras yoo ta'e sirridha" jechuun waaqaan of qixxeessun hawaasa ittiin sodaachisaa bitaa ture. Kan armaan olitti agarrus hawaasni magaalaa Qarsaafi naannawa ishee sirni yeroo sanaa humnaan amantii Ortodoksii fudhachiisuun kiristinnaa yemmuu kaasan ni mul'ata. Garuu hawaasni dirqamaan waan itti kennameef, wanta amantaan sun dhoorgu irraa of daangessuu hin barbaanne. Akkaatuma duraan jiraachaa turetti jiraachuu itti fufe. Sababa kanaan hawaasaafi gaggeessitoota amantaa giddutti waldiddaa uumama ture afeen armaan olii ni agarsiisa. Barreessaan dhiibbaa gama amantaatiin ummata Oromoo irra gahaa ture of duuba deebisuun namfakiin akka seenessaa dubbatu gochuun ergaa dabarfachuu yaalera. Kun seenaa dhugaa ta'ee darbedha.

> *…Fakkeenyaaf kunoo kan akka Amiir Abduulayiifi Minilik fa'i yaadannoo isaanii har'as akka waan gaarii hojjetanii darbanii kunuunsamee fuulletti bahee mul'achaa jira. Namootni kunniin tarii namoota saba Oromoo irratti badii guddaa raawwachaa turaniidha. Ati garuu Amiir Abduulayii maal fa'a hojjechaa akka ture beektaa?" jedhee hidhii nyaachaa siidaa dhaabbatee jirutti ija babaase. Obseenis "Eeyyeen namtichi sun nama sanyii Turkii ta'eedha. Amantaa muslimaa babali'isuuf Turkirraa dhufe jedhama." jetteen. Ummatni Oromoo osoo dirqiidhaan amantaa Musiliimaafi kiristaanaa hin fudhatin dura sirna Gadaatiin yoo bulu, amantaan isaa immoo waaqeeffannaa akka ta'e seenaan ni ibsa. Kanumarraa ka'ee yeroo dhihoo as cunqursaan jiraatus beektonni hedduun aadaafi duudhaa ofitti deebi'anii gala jiru...*(Safuu f.90).

Mooyiboonfi Obseen magaalaa Harar daawwachuuf yemmuu dhaqanitti siidaa Amiir Abdulaayii ilaalanii seenaa kana dura namtichi kuniifi Minilik ummata Harar irratti raawwate yadachaa yemmuu isaan haasa'an agarra. Iddoo kanatti waldiddaa lama agarra. Inni duraa ummatni Oromoo amantii muslimaafi kiristaanaa akka fudhatu godhamee amantaa isaa waaqeffannaa akka dhiisu godhamu. Kunis sirna yeroo sanaatiin dirqamee, osoo diddaa agarsiisuu cabe amantaa kana akka fudhatu godhamuudha. Kan lammataa sababa gochaa sirna darbee kanaaf Obseefi Mooyiboon of duuba deebi'anii yaadaan sirna darbe sanaan waliitti bu'uu. Mooyiboon keessa darbee siidaa Amiir Abdulahitti ilkaan ciniinnachaa jira. Barreessanis asitti ergaan dabarsaa jira. Oromoon sirnoota darban keessa alagaan cabee sirna Gadaa isaa dhabee, amantaa

isaa dhoorgamee, amantaa alagaa akka fudhatu taasifamuun harka garboonfataatti kufuu isaa agarsiisa jira. Akkuma beekamu kunis seenaa qabatama ummata Oromoo irratti ta'ee darbeedha.

**E) Waldiddaa Namaafi Namaa: Gama Aadaan**

Waldiddaan gama aadaatiin nama gidduutti uumamu yemmuu hawaasni tokko aadaa ittiin jiraachaa ture dhoorgamee aadaan alagaa itti kennamu hawaasni aadaa isaatiin jiraachuuf falmii taasisuufi alagaan immoo hawaasni sun aadaa isaatiin akka hin jiraanne isaa dhoorgu waldiddaa uumamuudha. Waldiddaan akkasii asoosama kana keessatti ni mul'ata.

…Ummatni Oromoo osoo dirqiidhaan amantaa musiliimaafi kiristaanaa hin fudhatiin dura sirna Gadaatiin yoo bulu, amantaan isaa immoo waaqeffannaa akka ta'e seenaan ni ibsa. Kanumarraa ka'ee yeroo dhihoo as cunqursaan jiraatus beektonni hedduun aadaafi duudhaa ofiitti deebi'anii galaa jiru. …(Safuu f.90)

Akkuma yaada kanarraa agarrutti Obseefi Mooyiboon magaalaa Harar daawwannaaf yeroo deemanitti siidaa Amiir Abdulaayii ilaalanii waan namtichii kuniifi Minilik ummata Oromoo irratti raawwatan kaasanii yemmuu haasa'an agarra. Haaluma kanaan ummanni Oromoo Osoo amantii Muslimaafi kiristaanaa hin fudhatiin dura sirna Gadaatiin kan bulaa tureefi amantii waaqeffannaa hordofaa ture. Garuu humnaan cabsanii amantii isaafi aadaa isaa akka dagatu taasisuuf yaalanii jiru. Aadaafi amantii isaa kana tursiifachuuf diddaa hedduu taasisaa turan. Sirni garboonfatan kun deeggarsa meeshaa waraanaa ammayyaa Awurooppaa irraa argateen fayyadamee ummata kana cabsuu danda'e. Akkanumas ta'ee aadaafi sirna Gadaa isaa tursiifachuu danda'anii jiru. Barreessaan waldiddaa asitti boce diddaa ummanni Oromoo garboofamuu diduuf taasisee keessatuu aadaa, sirna isaafi amantii isaa tursiifachuuf taasise kan ibseefi ergaa ittiin dabarfateedha.

### 4.4.2. Waldiddaa Namaafi Hawaasaa

Waldiddaan gosa akkanaa mormii namfakiin tokko aadaa, duudhaa, heerafi seera hawaasa keessa jiraatu waliin godhuudha. Namfakiin aadaa, duudhaa, heeraafi seera hawaasni ittiin jiraatu yoo cabsu waldiddaatu uumama. Akkasumas hawaasni namfakii irratti dhiibbaa yemmuu geessisu mormii uumamuudha. Asoosama safuu keessatti waldiddaan akkasii iddoo tokko qofatti mul'ata. waraabbii armaan gadii haa ilaaluu

…Haala isaa kanarraa kan ka'e namootni hedduun osoo qoratamee dhukkuba baraa HIV/AIDS jedhamu sana hin dhabu jedhanii hamatu. Namni haala isaa kana hubatee "kun jaarsi tortoraan (dadhabaan) umrii kanaan gara waaqatti siquu osoo qabuu gara dubartiittii siquu maaltu isa filachiise? "safuu hin beeku? jedhanii qoccolu...(Safuu f.9)

Akkuma waraabbii armaan oliitti arginu, Obbo Jimaan amala godhee hawaasa keessa jiraatu keessatti agarsiisa. Amalli godheen kunis dubartii bareeddu, shamarranis osoo hin hafiin abba manaa kan qabdus, kan hin qabnes hordofuun beekama. Hawaasni naannoo isaa amala gadhee isaa kana sirritti beeku. Beekuu bira darbees ni ceepha'u. Wanti hunduu umrii wajjin deema. Gocha obbo Jimaan agarsiisu kana kan dargaggeessa irraa mul'atu ture. Namichi kun umrii itti waaqa safeeffatuufi gara waaqayyotti deebu'uu qabutti faallaa kanaa ta'ee argamuun aadaa, duudhaa, heeraafi seera hawaasaa waan cabseef, hawaasni naannoo isaa isa ceepha'u. Ceephoo kun immoo walitti bu'iinsa uumee jira. Kana malees dhukkuba HIV/AIDS shakkuun akka irraa baqatanis ni mul'ata. Barreessaan waliddaan asitti uume namoonni safuu waaqa qabaachuu akka qabaniifi dhukkuba HIV/AIDS irraa of eeguu akka qabaniidha. Akkasumas namni waan hin malle hawaasa keessatti hojjetu hawaasaan kan walitti buu'uufi kan jibbamus ta'uu agarsiisa.

### 4.4.3. Waldiddaa Namaafi Uumaa/Uumamaa

Waldiddaa namaafi uumaa/uumamaa bifa lamaan ilaalla. Inni duraa waldiddaa namfakiin adeemsa jiruu jireenya isaa keessatti rakkoo hamaa itti dhufuuf maaf kana keessa na buuste jechuun uumaa (waaqayyoon) itti komatu ta'uu danda'a. Kan lammataa waldiddaa namfakiin wantoota naannoo isaa jiran lubbu qabaniinis ta'ee lubbu maleeyyii gidduutti ta'uudha. Asoosama safuuu keessattis waldiddaa gama kanaan mul'atu akka armaan gadiitiin xiinxalamanii jiru.

…Hiyyummaan mana irratti ijaarrattee, qilee hiyyumma keessatti darbataman. Innis carraa isaatti gadde. waaqa isaatti dheekkamaa, hojii humnaa hojjatee jiraachuuf murteesse. …(Safuu f.47 ) waraabbiin armaan olii Obbo Jimaan qotee bulaa ture. Lafa waan hin qabneef hirtaa lafa namaa qotee of jiraachisaa ture. Haa ta'u malee bara tokko hongeen dhufee horii isaa jala dhuman. Sana booda waan ittiin qotu dhabee hiyyummaa keessatti kufe. Ilma isaa mana namaatti galchee ofii isaa hojii humnaa hojjetee jiraachuuf gara Asallaatti gale. Waldiddaan mul'atus Obbo Jimaan hongee dhufee loon isaa harkaa dhumaniif waaqa komachaa jira. Komiin isaas hongee nutti fiddee loon koo akka dhuman goote yaada jedhu qaba. Kan biraa rooba nuu roobsuuu diddee

hongeen akka loon koo fixu taasifte jechuun waaqa dheekkamaa jira. Haa ta'u malee waaqni hin lolamu, namni rakkoo itti dhufeef komii dhiyeessu hindhiisu waan ta'eefi malee. Obbo Jimaan maaliif lafa akka dhabe barreessaan hin ibsine. Kun laafina iddoo kanatti mul'atuudha.

…Rakkoo rakkoo caaluu walitti qabamee, qanqallootti naqamee isheerratti waan fe'ame itti fakkaate, "Yaa waaq! maaliin si godhe? maaloo yaa waaq! Ati na baasi. Na bararaari." jette. … (Safuu f.51 )

Iftuun haadha ishee gargaaruuf manaa baatee ofii isheetuu harka Didhaa buute. Kana keessa taatee uumaa isheen "maalin si godhe" jetti kana jechuun kan rakkoo kana hunda natti fidde, ati hunda ol humna qabeessa, isaa humna qaba jedhu irratti humnas qabdaa maaf na oolchuu, diddee, maaliif na gargaaruu diddee na ilaalta jechaa uumaa ishee yemmuu komattu agarra.

…Ati garuu Amiir Abdulaayii maal fa'a hojjechaa akka ture beektaa? jedhee hidhii nyaachaa siidaa dhaabbatee jirutti ija babaase. …(Safuu f.90 ).

Obseefi Mooyiboon daawwannaadhaaf yemmuu gara magaalaa Harar deeman siidaa Amiir Abdulaayii ilaalanii gocha inni ummata Oromoo irraan gahaa ture yaadatanii yemmuu walitti haasaan agarra. Mooyiboon immoo gochaa namtichi kun taasise Obseetti himaa siidaa isaatti ija babaasaa jira. Kun immoo kan agarsiisuu gocha hamaa namichi hawaasa irratti rawwateefi har'a siidaa isaa kan lubbuu hin qabne namni tolcheen yemmuu wal-lolu agarra. Mooyiboon namichi kun waan yeroo darbe hawaasa naannoo sanaa irraan gahe yaadaa, siidaa bakka namichaa bu'ee dhaabbatu kan lubbuu hin qabneetti falmaa jira yookiin wal-lolaa jira. Barreessanis waldiddaa namaafi uumamaa inni asitti bacee ergaa ittiin dabarfachaa jiru, sirna darbe keessatti Oromoon qaama biyya keessafi alaatiin hammam akka miidhamaa turee sirritti mul'ise jira.

Akkuma yaadiddama qorannichaa irraa hubannutti waldiddaan asoosama Safuu keesatti mul'atu waldiddaa garee mootummaa abbaa hirree hooggananiifi ummata Oromoo qabeenya, aadaa, afaan, amantiifi eenyummaa isaa tikfachuuf falmatu gidduutti ta'etu baay'inaan mul'ata. Mootummoonni biyya kana gaggeessaa dhufaa darban hundi ummata Oromoo qabeenya isaa saamaa, aadaafi eenyummaa isaa dhabsiisaa kan ofii itti fe'aa olaantummaa irratti qabaachaa turan. Ummanni Oromootis dhiibbaa kana yeroon itti tole jedhee fudhate hin turre. Akkaataa danda'e hundaan dhuunfanis ta'ee gareen yeroofi iddoo garagaraatti falmachaa ture. Asoosamni 'Safuus' ummanii Oromoo hormaaf garboonfamuu diduun waldiddaa mootummaa garboonfata

duukaa taasisaa ture sirritti agarsiisee jira. Yaadiddamni Markisiistis yaada kanaan walfakkatu akka calaqqisiisufi bu'urri qorannoo kanaas yaadiddama kana akka ta'e dura ibsamee jira.

Akka waliigalatti xiinxala waldiddaa asoosama Safuu, bakka lamatti qooduun ilaalame jira. Innis waldiddaa keessaafi alaati. Waldiddaa keessaa waldiddaa xiinsammuuti. Waldiddaan xiinsammuu asoosama safuu keessatti argaman xiinxalamanii jiru. Kan lammaataa waldiddaa alaati. Waldiddaan namaafi namaa gama koorniyaan, diinagdeen, amantaan, aadaafi siyaasaatti qooduun xiinxalamanii jiru. Waldiddaan namaafi namaa kun bal'inaan asoosama kana keessatti bocamanii jiru. Waldiddaan namaafi hawaasaafi namaafi uumaa/uumamaa iddoo muraasatti argama. Kan biraa waldiddaan keessaa gama xiinsammuutinis ta'ee, kan alaa, kan namaafi namaa, namaafi hawaasaa namaafi uumaa/ uumamaa, asoosama kana keessatti nam fakiileefi nam fakiilee gidduutti qofa kan uumame miti. Akka barreessaan kaahetti, namfakiin seenaa dhugaa darbe waldiddaa ummanni Oromoo sirnoota darban keessatti mootummaa abbaa hirree wajjiin taasisan yemmuu bifa seenessuun  dhiyeessu agarra. Seenessuu seenaa dhugaa kanas gosa waldiddaa jalatti ramadaman jalatti ramaduun xiinxalamanii jiru.

## 4.5. Ciminaafi Hanqina  waldiddaa Asoosama Safuu keessatti Bocame Ija Qeeqa Ogumaatiin

Waldiddaan lafee dugdaa asoosamaati. Barreessaan waldiddaa asoosama kana keessatti iddoo adda addaatti akkaataa adda addaatiin boce jira. Waldiddaan mul'atu namfakii guddaafi xiqqaa gidduutti qofa kan ta'e miti. Namfakiin xixiqqaan namfakiilee xixiqqaa biroo wajjinifi wantoota biroo wajjin kan taasisaniidha. Keessattuu waldiddaan mul'atu kan namfakiilee gidduutti ta'e qofa osoo hin taane, kan namfakiin seenaa darbeefi ammaa diddaa ummanni Oromoo sirna mootummaa abbaa hirree waliin taasise yoo seenessu mul'ata. Iddoo kanatti ciminni barreessaa sirritti bahee mul'ateera. Garuuummoo waldiddaan mul'atu itti fufiinsa kan hin qabne ciccitaa ta'uun; Iddoo tokkotti yeroo murtaa'adhaaf kan raawwatee dhaabbatu ta'uun akka laafinatti ilaalame.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Mata duree kana jalatti xiinxala asoosama Safuu irratti adeemsifameef cuunfaa, argannoofi yabootu dhiyaate.

## 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun mata duree xiinxala waldiddaa asoosama ‘Safuu’ kan jedhu irratti gaggeeffame. Obarruun hojii kalaqa bifa miidhagina, naatoo qabuufi ofitti nama hawwatuun jechoota filatamoon, jechamootaafi dubbii qolaatti fayyadamuun kan dhiyaatudha. Asoosamni immoo ogbarruu keessaa isa tokko. Waldiddaan immoo caaculee asoosamaa keessaa bu’uurafi akka lafee dugdaa asoosamaati. Ka’umsi qorannoo kanaa asoosama Afaan Oromoon barreeffaman irratti qorannoon ija yaadiddama garagaraatiin taasisuun qeeqi taasifame hamma eegamu hin taasifamne. Qorannoon kunis hanqina gama kanaan mul’atu duuchuuf asoosama Kumaa Hordofaan barreeffame mata dureen isaa “Safuu” jedhu, waldiddaa asoosama kana keessatti argamu xiinxaluun qorannoo adeemsifameedha.

Kaayyoon qorannoo kanaa akkaataa ijaarsa waldiddaa asoosama ‘Safuu’ xiinxaluudha. Malli qorannoon kun ittiin gaggeeffame mala hasbarruu(Textual analysis) kan gaggeeffame yoo ta’u, qorannoo kana gaggeessuuf maddeen mata duree qorannichaa waliin walitti dhufeenya qaban gadi fageenyaan sakatta’amuun qorannichi gaggeeffamee jira. Ragaaleen qorannoof barbaachisan madda lammaffaa irraa mala dookimantii sakatta’uutiin fayyadamuun damee dameetti qoodamanii boqonnaa afur jalatti xiinxalamanii jiru. Xiinxala taasifame irraa bu’aan argame akka armaan gadii kanatti dhiyaatanii jiru.

## 5.2. Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala waldiddaa asoosama ‘Safuu’ yoo ta’u, qorataan ragaawwan barbaachisan kitaaba asoosama ‘Safuu’ keessaa funaanamee boqonnaa afur jalatti gama adda addaan erga xiinxalamee booda akkasumaa bu’uuruma yaadiddama qorannichaatiin argannoowwan bira gahaman akka armaan gadiitti kaahamee jira.

- ❖ Barreessaan waldiddaan xiinsammuu bocuun asoosama kana kan barreesse ta’uutu hubatame. Waldiddaan uumames goobangaleettin asoosamichaa Iftuun haadha isheefi of gargaaruuf hojii sagaagalaa hojjechuuf Hoteela yoo dhaqxes, hojii kana hojjechuuf

sammuun ishee waan dideef yaada isheetiin hojjedhuu, dhiisuu kan jedhu gidduutti yaadni ishee waldiddaa yoo uumu agarra. Waldiddaan xiinsammuu uumaman kan biroos kanuma irratti rarra'u. Iftuu kanaaf kan ishee saaxile immoo dhiibbaa mootummaan maatii ishee irraa lafa fudhuun abbaa qabeenyatiif kennuun hiyyoomanii haatiifi abbaan ishee addaan bahuudha. Barreessaan dhibbaan mootummaan abbaa hirree ummata Oromoo irra gahaa ture hammam akka hamaa ta'eefi diigumsa maatitiifi shamarran hedduun rakkoo kana fakkaatuuf saaxilamu isaaniif sababa ta'uu agarsiisuu isaatu hubatame. Waldiddaan xiinsammuu gama kanaan sirritti mul'atee jira. Garuu waldiddaan xiinsammuu uumame kunneen yaadni wal faallessuun irra deddeebi'iin falmiin yaada yoo taasifamu hin mul'atu.

- ❖ Waldiddaan alaa asoosama Safuu keessatti mul'atan ; kan namaafi namaa, kan namaafi hawaasaa, kan namaafi uumaa/uumamaa ta'uutu bira gahame. Keessattuu waldiddaan namaafi namaa gama diinagdeen, siyaasaan, aadaan, amantaanifi korniyaan kan ta'etu mul'ata. Kunis ummanni Oromoo qabeenyasaa tikfachuuf, mirga ofiin of bulchuu isaa kabachiifachuufi amantiifi aadaa isaatti jiraachuuf waldiddaa mootummaa abbaa hirree wajjin taasisa turetu bal'inaan asoosamicha keessatti mul'ata. Dhiibbaa kanarra kan ka'e waldiddaa saala walii faallaa kan uumameefi Iftuufi Obseen rakkoo hedduuf kan saaxilaman ta'uutu bira gahame.

  - ➢ Asoosamni Safuu gosoota waldiddaa alaa keessaa waldiddaa namaafi hawaasaatti dhimma bahamee barreeffamuu isaa bira gahamee jira. Kunis obbo Jimaan umrii dullumaattii akka dargaggeessaa dubartiis ta'ee, durba duukaa deemuun hawaasa keessa jiraatu waliin waldiddaa uumamedha. Barreessaan gocha safuufi jibbama hawaasa keessatti mul'atu ceepha'uun akkasumas namoonni dhukkuba HIV Eedisii irraa akka of eegu ergaa kan dabarse ta'uutu bira gahame. Garuu waldiddaan akkasii iddoo tokko qofatti mul'achuun akka laafinaatti ilaalame.

  - ➢ Kan biroo argannoon qorannoo kanaan bira gahame, Asoosamni 'Safuu' waldiddaan namaafi uumaa/uumamaaatti dhimma bahamee kan barreeffame ta'uudha. Kunis obbo Jimaan jireenyi gadadoo keessatti kufeef waaqa isaa yemmuu dheekkamu, Iftuun haala hamaa keessatti kufteef isheenis waaqa isheetti yemmuu gungumtuufi Mooyiboon gocha darbe Amiir Abdulaayii taasise yaadatee siidaa isaaf dhaabbatetti akkaataan itti

ciniinnatutu mul'ata. Iddoo kanatti kan mul'atu sirnoonni darban gocha hamaa taasisanii darban osoo hin hafin akka waan gaarii hojjetaniitti siidaan isaanii dhaabbachuun qorqalbii ummata kanaa miidhaa jiraachuu isaatu bira gahame.

- ❖ Waldiddaan asoosama Safuu keessatti bocame qabatama ummata Oromoo sirritti kan agarsiisu ta'uutu hubatame. Keessattuu dhiibbaa sirnoonni mootummaa abbaa hirree darban ummata kana irraan gahaa turan ofirraa faccisuuf ummanni Oromoo dhuunfanis ta'ee gareen mootummaa abbaa hirree wajjin waldiddaa taasise sirritti mula'atera.

- ❖ Asoosamni 'safuus' akka oguma Oromoo tokkootti ciminaalee heedduu qaba. Innis, qabatama ummata Oromoo gama hawaasummaan, dinagdeen, siyaasaa, aadaafi gama amantiin akkaataa barreessaan waldiddaan ijaaree agarsiisuuf yaale dhimma ijoodha. Fakkeenyaaf, sirnoota darban keessa Oromoon dhiibbaa siyaasaan lafa isaa, mana isaa irraa buqqa'ee, garee namoota barri kenneefiin dararamaafi jooraa tureera. Dabalataanis, dinagdeen akka of hinijaarre, itti yaadameefi qindaa'ee dhiibbaan gama mootummoota dhufaa darbaan irra gahaa ture daran laalessaadha. Godaannisni kun har'allee Oromoon kan yaadataa jirudha. Barreessaan hubannoofi beekumsa dhimma Oromoo irratti qabu gargaaramee, jiruufi jireenya Oromoo kana akkaataan inni asoosama kana keessatti qindeesse kan dinqisiifatamudha.

- ❖ Hojii kamiyyuu guutuu miti; beekumsi namootaas murtaa'aadha. Kanumarraa ka'uun kitaabni asoosama 'Safuu' jettu kun hanqinaalee tokko tokko hindhabdu. Hanqinootni mul'atan akka qorataan bira gahetti; waldiddaan asoosama kana keessatti argamu itti fufiinsa hin qabu. Ciccitaadha. Waldiddaa namfakiilee gidduutti ta'e caalaa kan seenatu caala. Kun akka hanqinaatti ilaalame.

Akka waliigalaatti ija qeeqa ogumaatiin qorataan asoosama kana qeequun argannoon bira gahe, ciminniifi waanti fooyya'uu qabu akka armaan olii kanatti kahamee jira.

### 5.3. Yaboo

Xiinxala asoosama kanaan akkuma boqonnaa afur keessatti akkaataa kaa'amaniin qaacceessuuf yaallametti asoosamni kun akkuma cimina hedduu qabu, hanqinoota fooyya'u qabaniifi barreesssitoonni asoosama qaabachuu /xiyyeeffachuu/ waan qaban akka armaan gadiitti kaahame jira.

- Barreessaan asoosama 'Safuus' ta'ee, barreessitoonni asoosamaa waldiddaa xiinsammuutti haalaan dhimma bahanii osoo barreessanii; akkasums waldiddaa uuman osoo yaadni sirritti waliin falmu jiraatee hojiin hojjetamu irra caalatti hawwataa ta'a.
- Ijaarsa asoosama tokkoof gosootni waldiddaa alaa (waldiddaan namaafi namaa, namaafi hawaasaa, namaafi uumaa/ uumamaa bu'uura waan ta'eef, osoo barreessitoonni asoosamaa kana xiyyeeffatanii gaaridha.
- Barreessitoonni asoosamaa waldiddaa bocan qabatama ummataa sana keessa jiru karaa agarsiisun osoo tolchanii.
- Barreessaan asoosama 'Safuus' ta'ee, barreessitoonni asoosamaa; waldiddaa asoosama barreessan keessatti kalaqan osoo ciccitaa ta'uu baatee,walqabatee qaari'ee akkasumas waldiddaa uuman seenaa gabaasuu qofa osoo hin taane, osoo kalaqanii irra caalatti hawwataa ta'a.

Walumaagalatti qorannoon kun firiiwwan asoosamaa keessaa waldiddaa irratti xiyyeeffachuuni kan dalagame. Garuu firiiwwan asoosamaa hafan hedduudha. Firiiwwan asoosamaa kanneen hafaniifi yaaxina garagaraatiin asoosama Afaan Oromootiin barreeffaman osoo xiinxalamee gaaridha. Kana immoo yeroo tokkotti taasisuun hin danda'amu. Kanaaf of duraaf namoonni qorannoo gaggeessuuf yaada qaban asoosama Afaan Oromoon barreeffaman irratti firiiwwan asoosamaa kanneen biroofi yaadiddama garagaraatiin qorannoo osoo taasisanii hir'inaafi cimina jiru kaahanii guddina ogbarruu Oromootiif gumaacha qaba.

## Wabiilee


Alamituufaa. (2011). **Asoosama Bal'aa**. Moojula Barnoota Fagoo. Yuunivarsiifii Jimmaa Kan Hin Maxxanfane.

Araarsoo Bochee (2018). **"Xiinxala Dhugaa Hawaasaa Asoosama Seenaa Asoosama Imimmaan Oshiwiitzi keessatti : Ija Yaaxina Dhugummaatiin."** Yuunivarsiitii Addis Ababaa /Finfinnee/ (Qorannoo Hin Maxxanfamne).

Asaffaa Deebisaa. (2011). **"Xiinxala Asoosama Imimmaan Maseenaa: Yaadiddama Dubbisa Diiganii ijaaruu.** Yuunivarsiitii Amboo (Qorannoo Hin Maxxanfamne).

Asafaa Tafarraa. (2006). **Anaan'yaa**. Finfinnee.

___________. (2009). **Eelaa**. *Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far-East trading Press.

Birhanu Mathwos (1999). **Fundamental of Literature**. Addis Aababa University Unpublished.

Chris, Baldick. (2001). **The Concise Oxford Dictionary of literary Terms**. USA: Oxford University press.

Cuddon,J (1982) **Dictionary of Literary Terms and Theory.**

Dutton, Richard. (1984). **An Introduction to literary Criticism**. England: Longman York Press. *Encyclopedia Britannica*

Eagleton (1976). **Criticism and Ideology**. A study in Marxist Critical method. London.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). **Suubii**. Bu'uura Ogbarruu Oromoo. Finfinnee. Subi printing press.

_________________. (2019). **Bu'uura Ogbarruu Oromoo**. Finfinnee. Oromiyaa. ADP press.

Fedhasaa Taaddasaafi Hundumaa Dabalii. (2011).**"Shaakala Qeeqa Ogbarruu (Practical Criticism)".** Moojula Barnoota Fagoo. Yuunversitii Wallaggaa: (Kan hinmaxxanfame.)

Fiqaaduu Qana'aa. (2012). ''**Qaaccessa waldiddaafi fakkoommii asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa''**. Addis Ababa University: (Unpublished MA.Thesis)

Kadiraa Alii (2016) **Qaaccessa Asoosama 'Aarsaa' Fayyadama Afaanii Irratti Xiyyeeffachuun.** Yuunivarsiitii Addis Ababaa /Finfinnee/ (Qorannoo Hin Maxxanfamne).

Kuma Hordofaa (2014). SAFUU. ELLENI P.P.PLC. Finfinnee. Oromiyaa.

Lodge, D. (1988). **Modern Criticism and Theory**. Long man: London.

Maashoo Hirkoo. (2012). **Hariiroo Namaafi Naannoo Asoosamoota Danaafi Arraa Gurbaa keessatti Qaaccessuu**. Yuunivarsitii Finfinnee, ( kan hin maxxanfamne).

Maggie Ann Bowers. (2004). **Magie(cal) Realism.** USA and Canada: Published by Rout ledge.

Margaa Abbabaa. (2016). **Bakka bu'insa Namfakkiilee Dubartootaa, Asoosamoota Afaan Oromoo Imaanaa Imaaltuufi Hiree Galgalaaa.** Yuunivarsiitii Jimmaa.

( kan hin maxxanfamne)

M. A. R. Habib. (2005). **A History of Literary Criticism from Plato to Present.** USA: published by Blackwell Ltd.

Marx and Engels. (1973). **On Literature and Art**. New York.

Mario, Klarer. (2005). **An Introduction To Literary Studies.** London And New York: Published By Rout ledge. Taylor and Francis Group.

Melakneh Mengistu.(2006). **Fundamentals of literature**. Addis Ababa: Adis Ababa University.

_________(2003**). Fundamental of literature.** Addis Ababa University:Branna Printing press.

__________(1999). **Fundamentals of literature**. Addis Ababa: Branna Printing press.

Milhom, H. (2008). **Writing Henres Fiction A Guide To The Craft**. USA: Bocaraton Floride.

Misgaanuu Gulummaa (2012). **Yandoo: Ogumamaafi Ogwalaloo Oromoo**. Finfinnee Oromiyaa.

Novakovich, J. ( 1994). ***Fiction Writers Workshop*.** USA:Vigest Books.

Qananii Baayisaa .(2016). ***Xinxaala Asoosamoota Burreen Bifa Tokko miti fi Dibaa***. Yuunivarsiitii Addis Ababa kan hin maxxanfamne.

Taaddasaa Gaaddisaa .(2009). **Qaaccessa Asoosamoota Afaan Qawwee Jalattifi Galfata ija Yaaxina Bifiyyeetiin.** Yuunivarsitii Finfinnee, ( kan hin maxxanfamne).

Taarikuu Bantii. (2016). **Xiinxala Asoosamoota Afaan Oromoo Filataman**.Yuunivarsiitii Finfinnee , (kan hin maxxafamne).

ዘሪሁን፡ አስፋው፡ (1992)፡ **የስነ ጹፍ ማሰረታዊያን፡** አዲስ ፡ አበባ ፡ ንግድ ማተሚያ ቤት፡

**Toora Intarneetii**

*(thhp://WWW.textetc.com/Criticism.htm)*

(htt/www/nownovel.coms blogh)

(https//www.vcestudy guides. Com>t)

(https//www.quora.com>what –does)

(https//WWW.hitory learning)

# Dabaleewwan

## Dabalee A: Gaaffilee Cheekliistii

Gaaffileen cheekliistii kanneen armaan gadii yemmuu ta'an, adeemsa dubbisuufi odeeffannoo walitti qabuu keessatti gaaffileen akka matadureetti qoqqoodamuun qindeeffamaniidha.

1. Asoos*ama,*'Safuu' keessatti waldiddaa gama xiinsammuun haala kamiin dhiyaate?

2. Asoosama Safuu keessatti gosootni waldiddaa alaa dhimma itti bahame kam kam fa'i?

3. Waldiddaan asoosama 'Safuu' keessatti argamu, qabatama jiruufi jireenya ummata Oromoo waliin yoo ilaalamu maal fakkaata?

4. Ija qeeqa oguma Oromootiin asoosamni Safuu ciminaafi hanqina akkamii qaba?

**Adeemsa gaaffilee kanneenif deebii barbaadu keessatti adeemsifi tooftaan gargaarame**

- Asoosamicha gadi fageenyaan dubbisuufi hubachuu.
- Akkaataa kaayyoo gooretiin ragaa mata duree, mata dureetti qooduu.
- Namfakiiwwan asoosamichaa adda baafachuu.
- Odeeffannoo walitti qabachuufi yaadannoo qabachuu.
- Ragaalee walitti qabaman gooree gooretti qooduu.
- Bu'uuruma yaadiddama qorannichaatiin ragaalee cuunfuufi yaada ofiitiin hiikuufi xiinxaluu.
- Ragaa xiinxalame irratti hundaa'uun yaada xumuraa/guduunfaa kaahu.

**Dabalee B:**

Ibsa Namfakkoota Asoosama ‘SAFUU’

Maqaa asoosamaa: ‘SAFUU’

Barreessaan: Kumaa Hordofaa

Bara maxxansaa: 2014 A.L.A

Maxxansa: Hin ibsamne Mana maxxansaa: ELLENI P.P.PLC

Gatii: 50 ($30) Fuula: 152 Baay‘‘ina namfakkootaa: Dhiira: 25 Du: 10 ida’ama: 35

Namfakkoota Gurguddaa: Iftuufi Obsee.

| **T/L** | **Maqaa** | **Saala** | **Ibsa waa’ee namfakkootaa** |
|---|---|---|---|
| 1 | Iftuu Gadaa Tuulamaa | Du | Obboleettii Obsee |
| 2 | Obsee Gadaa Tuulamaa | Du | Obboleettii Iftuu |
| 3 | Obbo Jimaa | Dhi | Abbaa Didhaafi abba buddeenaa Iftuu |
| 4 | Didhaa | Dhi | Ilma Jimaafi Iftuu kan gudeede |
| 5 | Gadaa Tuulamaa | Dhi | Abbaa Iftuufi Obsee |
| 6 | Xajjituu | Du | Haadh Hoteela ‘yee cilaaloo gannat’ |
| 7 | Salamaawit Mashashaa | Du | Hojjiidhaaf Hoteela kan dhufte |
| 8 | Gaaddisaa | Dhi | Kan haati Iftuu buddeena tolchituuf |
| 9 | Lammii | Dhi | Hiriyaa Didhaa |
| 10 | Ayinaalam | Du | Hojjettuu mana bunaa |
| 11 | Fitsum Amaaraa | Dhi | Abbaa Ayinaalam |
| 12 | Saamsoon Teediroos | Dhi | Kan haati Iftuu buddeena tolchituuf |
| 13 | Fiqiruu Gabrakidaan | Dhi | Faddaalaa |
| 14 | Qonjiit Gabrakidaan | Du | Hojjiidhaaf mana bunaa kan dhaqxe |
| 15 | Tulluu Badhasaa | Dhi | Kan Jimaan Didhaa bira kahate |
| 16 | Aadde Tolashii Dhugumaa | Du | Haadha Iftuufi Obsee |
| 17 | Dhugaasaa | Dhi | Nama booha haadha Iftuu dhufe |
| 18 | Hundee | Dhi | Nama booha haadha Iftuu dhufe |
| 19 | Magarsaa | Dhi | Kan Obsee mana bunaatii fudhate |
| 20 | Yaadanii | Du | Haadha manaa obbo magarsaa |
| 21 | Mooyiboon Fayyisaa | Dhi | Jaalallee Obsee |
| 22 | Dr. Gaarumaa Fayyisaa | Dhi | Kan Didhaafi Iftuu Yaale |
| 23 | Soorettii | Du | Haadha warraa Dr. Gaarumaa |
| 24 | Firoomsaa Gaaddisaa | Dhi | Hiriyyaa Didhaa Finfinneedhaa bilbile |
| 25 | Oftaanenus Keenyaan | Dhi | Miseensa gumii A/O magaalaa Adama |
| 26 | Odaa Qama | Dhi | Miseensa gumii A/O magaalaa Adama |
| 27 | Boontuu Abdii | Du | Miseensa gumii A/O magaalaa Adama |
| 28 | Shaalaqaa Girmaayee haabtee | Dhi | Barattoota gumii A/O kan hidhe |
| 29 | Tolasaa Hundee | Dhi | Poolisii |
| 30 | Ibsaa Mahammad | Dhi | Mooyiboon wajjin kan baqatan |
| 31 | Walbeekaa Lammii | Dhi | Barsiisaa Iftuu Kutaa $9^{ffaa}$tti barsiise |
| 32 | Waaqumaa | Dhi | Hiriyyaa Didhaa |
| 33 | Fiqiruu Jaarraa | Dhi | Yaada sabboontotaa kan morme |
| 34 | Guutaa Tolasaa | Dhi | Imbaasii Itoophiyaa keessa kan hojjetu |
| 35 | Pro. Kookeet Abbaa Maccaa | Dhi | Qophii irratti yaada kan dhiyeesse |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaan koofi mallattoon koo armaan gaditti kaahame, qorannoon kun hojii dhuunfaa kiyya ta'uu isaa ibsaa, tana dura Yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uusaafi wabiileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ________________________________

Mallattoo________________

Guyyaa ____________

Ani gorsaan baraataa ___________________________________. Waraqaan qorannoo isaa ofittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessera.

Maqaa Gorsaa _______________________________

Mallattoo _______________

Guyyaa _______________